


BARNOOTA HAWAASAA

**KITAABA BARATAA
KUTAA 5**



BARNOOTA HAWAASAA

KITAABA BARATAA



Mootummaa Fedaraalaawaa Dimookraataawaa Ripublikii Itoophiyaa
Ministeera Barootaa

ISBN: 978-99944-2-128-2

Gatii: Qr. 20.15



Mootummaa Fedaraalaawaa Dimookraataawaa Ripublikii Itoophiyaa
Ministeera Barnootaa

**KUTAA
5**

KITAABA KANA HAALA GAARIIN QABACHUUN ITTI GARGAARAMI



Kitaabni kun qabeenya mana barumsaa keetii dha. Kan keetis. Kanaafuu, akka miidhaan irra hin geenyee eegi. Kitaaba kana haala gaariitiin qabachuuf, qajeelfmoota armaan gadiitti fayyadam.

- ❶ Kitaabicha gaazexaa, pilaastikii yookaan waraqaadhaan uffisi.
- ❷ Kitaabicha yeroo hunda bakka jiidhaa hin qabnee fi qulqulluuta'e kaa'i.
- ❸ Kitaabicha yeroo hunda harka qulullutiin qabadhu.
- ❹ Qola isaa irratti yookaan keessa isaatti hoomayyu hin barreessiin.
- ❺ Bakka booda banachuu barbaaddu kaardiin yookaan waraqaa gabaabaa keessa kaa'uun mallattoo taasifadhu.
- ❻ Fuula yookiin fakkii tokkollee tarsaasuuf hin yaaliin.
- ❼ Fuulli tarsa'e yoo jiraate, haphee yookiin pilaasteriin deebisii walqabsiisi.
- ❽ Yeroo baattee deemtu haala kitaabichi hin miidhamneen qabadhu.
- ❾ Kitaabicha yommuu namaa ergistu akka kunuunsuuf akeekachis.
- ❿ Kitaaba haaraatti yeroo duraatiif yommuu gargaaramtu, kitaabicha, dugdaan ciibsi si'a tokko fuulota muraasa qofa galagalchi. Suuta jedhii jidduu kitaabichaa harkaan gadi qabi. Haalli kunis qolli kitaabichaa akka hin miidhamne gargaara.

BARNOOTA HAWAASAA

KITAABA BARATAA

KUTAA 5

Qopheessitoota: Warqinaa Toluu (MA)
Wandimmuu Tarrafaa (MA)

Gulaalaa: Abrahaam Tasammaa (BA)

Madaaltota: Dirribaa Bayyanaa (BA)
Fiqaaduu Kabbadaa (MA)
Habiib Galgaluu (BA)
Imaanu'eel Horaan (BA)



Mootummaa Fedaraalaawaa Dimookraatawaa Ripublikii Itoophiyaa
Ministeera Barnootaa



UBS Publishers' Distributors

Maxxansaan

© Mirgi maxxansa guutumaa guututti seeraan eegamaadha. Guutuu yookiin qaama maxxansa kanaa, haalaa fi bifaa kamiiniyyuu, jechuun elektiroonikaan, footookooppiidhaa fi waraabuun eeyyama dhaabbata maxxansiisee malee, haala birootti dabarfamuu hin danda'u.

Jalqaba bara 2011 maxxanfame

ISBN: 978-99944-2-128-2

Dhaabbata Maxxanse: UBS Publishers, Distributors Pvt. Ltd. India.



BAAFATA

QABIYYEE

	FUULA
Boqonaa 1: Argama, Qubannaa Ummata Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa	1
1.1. Biyyoota Gaafa Afrikaa fi Argama Isaanii	1
1.2. Seenaa fi Qubannaa Ummata Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa	5
1.3. Mootummoota Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa Durii Keessa Turan	11
Boqonaa 2: Lafaa fi Naannawa Ishee	22
2.1. Argama Naannoo Keenyaa	22
2.2. Danaa, Sochiilee Lafaa fi Ta'eewan Isaanii	24
2.3. Dhiibba Waqtileen Hojii Qotisaa fi Horsisa Horii Irratti Qaban	30
Boqonaa 3: Naannoo Keenya	35
3.1. Gosoota Biqiltoota Uumamaa, Bineensota Bosonaa Beekamoo fi Barbaachisummaa Isaanii	35
Boqonaa 4: Ajandaa Ummataa	56
4.1. Dhimmoota Ummataa	56
4.2. Dhiibbaawwan Saffisaan Guddachuu Lakkofsa Ummataatiin Dhufan	59
4.3. Bulchiinsa Gaarii, Mirgoota Daa'immanii fi Nageenya	63



Argama, Qubannaa Ummata Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa

BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA

Xumura barnoota boqonaa kanaa booda:

- Argama bir-qabaa fi maqaa biyyoota naannoo Gaafa Afrikaa ni himta.
- Maqaa fi argama mootummoota Itoophiyaa durii keessaa fi naannoo Gaafa Afrikaa ni himta.
- Sadarkaa seenaa fi Siyaasaa kutaaleen Itoophiyaa fi biyyoota naannoo Gaafa Afrikaa irra gahan ni ibsita.
- Maqaa fi bu'aawan mootummoota Itoophiyaa durii ni tarreessita.
- Bu'aawwan gurguddoo ammayyummaa Itoophiyaa keessatti argaman ni dinqisiifatta.
- Sababoota garaagarummaa qubannaa, aadaa fi haala jireenyaa naannoowwan lafa bad-daa, fi lafa dakee Itoophiyaa jidduutti muldhatan addaan ni baafatta.

1.1. BIYYOUTA GAAFA AFRIKAA FI ARGAMA ISAANII

Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura barnoota mata duree kana booda:

- Argama naannoo Gaafa Afrikaa ni hirnta.
- Kallattii angafootatti fayyadamuun argama naannoo Gaafa Afrikaa sirriitti ni ibsita.
- Maqaa biyyoota naannoo Gaafa Afrikaa ni tarreessita.
- Kaartaa Afrikaatti fayyadamuun argama bir-qabaa Itoophiyaa biyyoota ollaa wajjin wal bira qabuun ni agarsiifta.
- Kallattiwwan angafootatti fayyadamuun argama magaalota muummee biyyoota naannoo Gaafa Afrikaa sirriitti ni ibsita.

Argama Bir-qabaa Gaafa Afrikaa

Naannoon Gaafa Afrikaa eessatti argama? Naannoon kun biyyoota meeqa of keessaa qaba? Biyyoota naannoo Gaafa Afrikaa maqaa isaanii tarreessi.

Naannoonaan Gaafa Afrikaa qaama ardichaa gara kallattii bahaatti argamuudha. Naannoonaan Gaafa Afrikaa biyyoota afur (4) of keessaa qaba. Isaanis Itoophiyaa, Somaaliyaa, Eritrea fi Jibuti. Naannoonaan Gaafa Afrikaa kun baldhina lafaa (dachee) gara 2,000,000km² fi baay'ina ummataa gara miliyoona 100.2 ta'u qabdi. Naannoonaan Gaafa Afrikaa naannoonaan Ji'oogiraafawaa gara kallattii Baha Afrikaatti kan argamu yoo ta'u, maqaa Gaafa jedhamu kanas kan argate daangaan dachee gara baha Afrikaa waan akka Gaafa horii yookiin Gaafa bineensa Riinoosaras fakkaatuuf.




Fakkii 1.1. Argama bir-qabaa Naannoonaan Gaafa Afrikaa

Jechi argama jedhu kutaalee dabran keessatti barachuu kee yaadattaa? Jechi argama jedhu maal ibsa? Argama bir-qabaa naannoonaan Gaafa Afrikaa himuu dandeessaa?

Jechi argama jedhu kan ibsu mala fuula lafaa irratti bakka, naannoonaan, biyyaa fi wanti tokko qajeelaatti argamu ittiin ibsamudha. Argamni bakka, naannoonaan, biyyaa yookiin waan tokko karaa lama gurguddoonaan ibsama. Isaanis argama bir-qabaa (Relative Location) fi argama dhugaa (Absolute Location) jedhamu.

Argama bir-qabaa jechuun argama bakka, naannoonaan yookiin biyya tokko waan beekamaa ta'e tokko akka bakka ka'umsaatti fudhachuun ibsuun ni danda'ama. Fakkeenyaaaf, qaamman bishaanaa'oo, qaamman dachee fi gamoowwan gurguddoonaan fa'a fudhachuun ibsuu dandeenyaa. Argama naannoonaan Gaafa Afrikaa mala bir-qabaaatiin yoo ibsinu Naannoonaan Gaafa Afrikaa Kaabaan Galaana Diimaan, Kaaba Bahaatiin Galoo Galaana Eedaniin, Bahaan Garba Guddaa Hindiitiin, Kibbaan biyya Keeniyaan fi Dhihaan ammoo biyya Sudaaniitiin daangeeffamuun argama jedhamee himuun ni danda'ama.

Karaa biraatiin ammoo argama bakka, naannoonaan yookiin biyya tokkoo ibsuuf sadarkaa guutuu



Fakkii 1.2. Kallattiwwan hangafootaa fi qoodama isaanii

addunyaatti ogeeyytonni Ji'oogiraafii kallattiilee afran gurguddootti fayyadamu. Kallattiwwan hangafoonni kunniinis Kaaba, Baha, Kibbaa fi Dhiha jedhamuun beekkamu. Kallattiwwan gurguddoo arfan keessaa kan akka ka'uumsaatti irratti waliigalamee fudhatama argate kallatti kaabaati. Kallatti kana irraa ka'uun kallattiwwan biroo safarra. Kallattiin kaabaa kun zeroo digrii (0°) yoo ta'u, kallattiin Bahaa 90° kallattiin Dhihaa 270° fi geengoon naanna'ee kallatti Kaabaa irratti dhufu 360° ta'a.

Kallattiwwan hangafoota kanniin bu'uura godhachuun kallattiwwan biroo qoodama isaanii dabaluun argama bakkaa, naannoo fi biyya tokkoo sirriitti himuuf akka gargaaran taasisaniiru. Fakkeenyaaaf Kallattiwwan kunniinis Kaaba-bahaa, Kibba-bahaa, Kibba-dhihaa fi Kaaba dhihaati.

Naannoona Gaafa Afrikaa naannoo Mudhii lafaa fi naannoo Sarara Kaansariitti dhiyeenya wal fakkaatu irratti argama.

Sababa uumama Sulula Qiinxamaa Guddaan (the Great Rift Valley) irraa kan ka'een gaarreen ol dheerina adda addaa qaban naannoo kana keessatti ni argamu. Gaareen naannoo kana keessatti ol dheerina guddaa qaban keessaa Gaarreen Simeen kan naannoo Kaaba-dhiha Itoophiyaatii fi gaarreen Baalee fudhachuun ni danda'ama. Naannooleen lafa dakee naannoo Gaafa Afrikaa irra caalaan isaanii naannoo Mudhi lafaatti dhiyaatanii argamanis hanqina rooba qabu. Naannooleen lafa gaarreenii rooba guddaa yoo argatan naannooleen lafa dakee arnmoo hanqina roobaa qabu.

Biyyoota Naannoo Gaafa Afrikaa, maqaa, magaalaa mummee, baay'ina ummataa, baldhina dachee fi hedduummina ummataa isaan qaban gabatee armaan gadi keessatti ibsameera.

Gabatee 1.1: Biyyoota Gaafa Afrikaa

Maqaa	Magaalaa Muummee	Baay'ina ummataa (Miliyoonaan)	Baldhina lafaa Iskuweer Kilomeetiraan (km^2)	Hedduummina ummataa Iskuweer Kilomeetira (km^2)
Itoophiyaa	Finfinnee	79,221,000	1,113,400	71.15
Somaaliyaa	Moqaadishoo	9,133,000	637,700	14.32
Ertiraa	Asmaraa	5,073,000	117,600	43.14
Jibuutii	Jibuutii	864,000	23,200	37.24

Madda: Encarta Premium 2009

Biyyoota naannoo Gaafa Afrikaa keessaa Itoophiyaan biyya guddoo yoo taatu, Jibuutiin ammoo biyya xiqqoodha. Kaartaa Afrikaatti fayyadamuun naannoo Gaafa Afrikaatti argama Itoophiyaa agarsiisi. Naannoona Gaafa Afrikaatti argamni Itoophiyaa biyyoota ollaa ishii wajjiin Kaaba-Bahaan Jibuutiin, Bahaa fi Kibba bahaan Somaaliyaan, Kibbaan Keeniyyaa, Dhihaan Sudaaniin akkasumas Kaabaan Ertiraan daangeeffamtee argamti.

Gara biraatiin Itoophiyaan Ertiraa irraa gara Kibbaatti, Jibuutii irraa gara Kaaba-Dhihaatti, Somaaliyaa irraa gara dhihaa fi Kaaba-dhiyaatti, Keeniyyaa irraa gara Kaabaattii fi Sudaan irraa gara Bahaatti argamti jechuudha.

Biyyoonti naannoo Gaafa Afrikaa haala teessuma lafaa qofaan walitti kan hidhaman osoo hin taane afaanii fi sanyii dhalootaatiiniis kan walitti hidhamaniidha.

- Ummanni Afan Affaar dubbatu Jibuutii, Itoophiyaa fi Ertiraa keessa jiraatu.

- Ertiraan keessa ummattooni Afaan Affaar, Bileen, Kunaamaa, Saahoo, Tigree fi Tigrinyaad dubbatan ni jiru.
- Itoophiyaa keessa ummattooni afaan Affaar, Agawu, Oromoo, Amaaraa, Guraagee, Hararii, Saahoo, Sidaamoo, Tigraayi, Sumaalee fi Kannin biroos dubbatu ni jiru.
- Jibuutii keessa ummanni afaan Affaarii fi Sumaalee dubbatan ni jiru.
- Somaaliyaa keessa ammoo ummata afaan Sumaalee dubbatutu jiru. Biyyoonni Baha Afrikaa jedhaman eenyu fa'a?

Biyyoota ollaa naannoo Gaafa Afrikaa beektaa? Maqaa isaanii tarreessi.

Biyyoonni Baha Afrikaa jedhamuun beekaman lakkofsaan kudhan. Isaanis Keeniya, Taanzaaniya, Ugaandaa, Ruwaandaa, Buruundi, Somaaliyaa, Jibuutii, Itoophiyaa, Ertiraan fi Sudaaniidha. Biyyoota Baha Afrikaa keessaa naannoo Gaafa Afrikaa kan daangeessan Keeniya fi Sudaaniidha.

Kaartaa Biyyoota Baha Afrikaa armaan olii irraa ilaaluun Finfinneen Naayiroobii irraa gara kallattii kamitti argamti? Qaamni bishaana'oon guddaan gara bahaatiin Naannoo Baha Afrikaa daangeessu maal jedhama? Naannoo Baha Afrikaatti biyyoonni buufata doonii yookiin qaama bishaanootiin daangeeffamanii hin argamne eenyu fa'a? Kaartaa siyaasaa baha Afrikaatti fayyadamuun magaalota gurguddoo biyyoota baha Afrikaa agarsiisi.

Haalli teessuma lafa biyyoota Gaafa Afrikaa bakka sadiitti qoodama. Isaanis naannoolee ol ka'oo (gaarreenii fi pilaatoowwan), lafa dakee fi sulullan fa'a. Naannooleen gaarreenii fi pilaatoowwanii irra caalaatti Itoophiyaa keessatti argamu. Biyyoota kanniin hafan keessattis dabranii dabranii ni argamu. Naannoon lafa dakee ammoo baldhinaan Somaaliyaa keessatti argama. Jibuutii fi Ertiraattis qarqara qaama bishaanii Galoo Galaana Eedanii fi Galaana Diimaatiin daangeeffamtti argama.

Sululli Qiinxamaa Guddaan biyya Sooriyatii ka'ee Galaana Diimaa keessa qaxxaamuree Itoophiya bakka lamatti addaan qoodee darbuun biyyoota kibba baha Afrikaa keessa dabruun hanga Mozaambikitti fulla'a. Itoophiyaa keessatti naannooleen lafa dakee gara Kibbaa naannoo Booranaa, Baalee fi Harargee, naannoo Sulula Qiinxamaa Guddaan fi gara dhihaatti naannoo Laga Baaroo irraa hanga laga Angarab jedhamutti baldhatee argama.

Kana malees, naannoo biyyoota Gaafa Afrikaa daangessan qaamman bishaana'oo gurguddoon Garba Guddaa Hindii, Galoo Galaana Eedanii fi Galaana Diimaadha.

Laggeen gurguddoon naannoo Gaafa Afrikaatti argaman Laga Abbayyaa, Laga Takkazee, Laga Marab, Laga Baaroo, Laga Waabee Shabalee, Laga Dawaa fi Laga Gannaalee fa'a. Naannoo kanatti harawwan uumamaa kanneen akka Hara Shaalla, Hara Laangannoo, Hara Danbal, Hara Abjataa, Hara Hawaasaa, Hara Turkaanaa, Hara Xaanaa fi kanniin biroo akkasumas harawwan nam-tolchee kanneen akka Hara qooqaa, Hara Malkaa Waakkanna fi Fincaa'aa fa'a ni argamu.



Fakkii 1.3. Biyyoota Baha Afrikaa

Biyyoonni naannoo Gaafa Afrikaa kunniin akkamiin wal qunnamu? Gosa geejjibaa saffisaan tajaajila naannoo kana keessatti kennu ibsuu dandeessa?

Gosoonni geejjiba ammayyaa bakka gurguddoo saditti qoodamu. Isaanis geejjiba lafa irraa (karaa makinaa fi dandi baabura) geejjibba galaana (bishaan) irraa (Doonii fi yabala) akkasumas, geejjibba qilleensa irraa (xiyyaara) fa'a. Akaakuu geejjiba ammayyaa keessaa xiyyaarri tajaajila saffisaan kenna. Geejjibni xiyyaaraa jiddu-galeessaan sa'aatii tokko keessatti 800 km balali'uun namootaa fi meeshaalee adda addaa yeroo gabaabaa keessatti biyya tokko irraa gara biyya birootti geessisuuf tajaajila guddaa kenna.

Daandiin xiyyaara Itoophiyaa magaalota gurguddoo biyyoota Gaafa Afrikaa wal qunnamsiisa. Dabalataanis daandiin xiyyara Itoophiyaa magaalota gurguddoo biyyoota Afrikaa biroo fi magaalota gurguddoo addunyaa Finfinneen wal qunnamsiisuun walitti dhufeeyna Itoophiyaan biyyoota biroo wajjin qabdu daran guddisuu irratti argama.

GOCHA 1.1

1. Wixinee Kaartaa Afrikaa qopheessuun argama bir-qabaa naannoo Gaafa Afrikaa agarsiisi.
2. Kaarticha irratti argama bir-qabaa Itoophiyaa biyyoota naannoo Gaafa Afrikaa keessatti argamaniin wal bira qabuun agarsiisi.

GILGAALA 1.1

I. Gaafiilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kenni

1. Biyyi Itoophiyaa kallattii dhihaatiin daangeessitu eenu jedhamti?
2. Biyyi Keeniya biyya Ertiraa irraa kallattii kamitti argamti?
3. Kallattiawan hangafoonni afran eenu fa'a?
4. Naannoo Gaafa Afrikaatti biyyi baldhina lafaa xiqqaa qabdu kami?
5. Naannoo Gaafa Afrikaatti biyyi ummata baay'ee qabdu kami?

II. Gaafiilee armaan gadii hojjadhu Kennama

1. Magaalaan Naayiroobii fi magaalaan Asmaraa 2280 km addaan fagaatu. Namni tokko fira ofii Gaafachuuf magaalaa Naayiroobii irraa xiyyaaraan yoo deeme magaalaa Asmaraa gahuuf sa'aatii meeqa itti fudhata?
2. Finfinnee fi Moqadishoon 2000 km addaan fagaatu. Namni Finfinnee irraa ka'ee xiyyaaraan deemu tokko moqadishoo gahuudhaaf sa'aatii meeqa itti fudhata?

1.2. SEENAA FI QUBANNA UMMATA ITOOPHIYAA FI GAAFA AFRIKAA

A. Madda Dhala Namaa; Bakkeewwana Arkiyooloojii Itoophiyaa fi Keeniya

Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Mata duree kana barattee erga xumurtee booda:

- bakkeewwan Arkiyooloojii Gaafa Afrikaa addaan ni baafatta,
- faayidaa hambaawwanii ni ibsita.

Seena dhala nama keessatti Itoophiyaa fi naannoona Gaafa Afrikaa iddo guddaa qabu.

Arkiyoolojistoonni qorannoowwan adda addaa irratti hundaa'uun naannoona kun bakka argama dhala nama kan jalqabaa ta'uusaa tilmaamu. Yeroo dhihoo asitti dhimma arkiyooloojii fi madda dhala nama wajjin walqabatee naanno kanatti akkuma addunyaattuu xiyyeffannoo fi ilaalchi addaa itti kennemeera. Keessumattuu, naannooleen Sulula Guddaa Baha Afrikaa madda dhala nama fi dagaagina aadaa kan jalqabaati jechuun ni danda'ama.

Saayintistoonni addunyaa kanneen akka Chaarlis Daarwiin nama fi jaldeessi qomoo tokkorraa akka maddan mirkaneessu. Qorattoonni kunneen damee isa karaa dhala nama jiru homiinidi yoo jedhanii moggaasan kan jaldeessotaa ammoo poonjudee jedhaanii moggaasaniiru. Sanyin dhala namaa isaan angafootaa kan argaman naanno Sulula Qiinxamaa Itoophiyaa keessatti. Fakkeenyaa kanneen armaan gadii haa ilaallu.


- Affaar keessatti bakka Araamis jedhamutti hambaan lafee Awustiraalooppiitikas Raamiidas kan waggoota miliyoona 4.5 qabu Dh.K. B. bara 1994tti argamedha.
- Naanno Affaaritti bakka Hadaar jedhamutti kan argamu bakka hambaan lafee Awustiraalooppiitikas Affaarensiis/Luusii ykn Dinquinash jedhamuun moggaafamee kan waggoota miliyoona 3.18 lakkofsise Arkiyoolojistii Doonald Joohansan Jedhamuun Dh.K.B. bara 1974 itti argameedha. Lafeen Luusii 40% waan guutuu ta'eef dhimma madda dhala namaarratti xiyyeffannoo qorattootaa argateera.
- Hambaa lafeewwanii Awustiraalooppiitikas Gaarhii, Itoophikas, Baasi fi Roobustaa jedhamanis naannoolee laggeen Hawaasii fi Oomootti argaman.

Jijjirama suutaa dhala nama keessatti sadarkaan itti aanu kan sanyii Hoomooti. Sanyin kunis akaakuu sadii qaba. Isaanis naanno Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaatti argamaniiru. Fakkeenyaa:

- Goonaa fi Shunguraan bakkeewwan meeshaan Hoomoo Habiliis kan waggoota miliyoona 2.5 lakkofsise itti argameedha. Kunis sanyiwwan Hoomoo keessaa inni angafti Hoomoo Habiliis dandeettii meeshaa kalaquu akka dagaagfate ibsa.
- Malkaa Qunxurree (Naanoo Oromiyaa Shawaa Kibba dhihaa), Koonsoo Gaardullaa fi Gaadeebi bakkeewwan hambaan lafee Hoomoo Irreektas jedhamuu fi meeshaa Ashuuliyaan jedhamu kan waggoota miliyoona 1.5 lakkofsisan itti argamaniidha. Hoomoo Irreektas dandeettii oljedhanii miila lamaan deemuu fi ibiddaan fayyadamuu akka dagaagse qorattoonni ni ibsu.
- Booddoo (naanno Hawaas), Poork Ippiik (naanno Dirree Dawa) fi Kibish (naanno Laga Oomoo) bakkeewwan lafeen Hoomoo Saappiyaans kan waggoota kuma heddu lakkofsise itti argameedha. Hoomoo Saappiyaanis sanyii nama isa gamna/beekaa akka ta'e qorattootni ni ibsu.

Jijjirama suutaa dhala nama wajjin walqabatee dagaaginni aadas mul'ateera. Ragaaleen arkiyooloojii kana ibsanis kanneen armaan gadiiti.

- Siidaawwan dhagaa naanno Kibba Itoophiyaatti argaman kanneen akka Xiyyaa fi Tuuto Fallaa qaama dagaagina aadaa naanno kanaa keessatti ramadamu.



Fakkii 1.4. Lafee Luusii

- Ertiraa keessaa Aqordaatii fi Baareentuu bakkeewwan jedhamanitti hafteewwan meeshaalee jijiirama adamoo fi funaansarrraa gara qonnaa fi horii horsiisuutti taasifame mirkaneesssan kanneen akka qottoo, meeshaleen suphee fi dhagaan midhaan daaku kan waggoota 5,000 ol lakkofsisan arkiyoolojistootaan argamaniiru.
- Kaaba Itoophiyaa bakka Gobderaa jedhamu naannoo Aksumitti ragaan arkiyooloojii kan waggoota 5,000 dura horsiisa gaalaa agarsiisu argameera.
- Bakka Laallibalaa jedhamu Kibba Haroo Xaanaatti arkiyooloojistiin Dombirowiskii jedhamu haftee shumburaa fi kuduraalee adda addaa kan waggoota kuma sadii lokkoofsisan argateera.
- Waggoota kuma afuriin dura naannoo sanitti loon horsiifamuu kan mirkaneessu ragaan arkiyooloojii kan biroon Haroo Basaqaa naannoo Matahaaraa, Shawaa bahaan keessatti argameera.
- Akkasumas bakka Laga Odaa jedhamu naannoo Carcar, Harargee dhihaattii fi bakka Faqqadaa jedhamu naannoo Agaamee, Tigray keessaa raagaleen madaqsamuu bineensotaa fi oomisha midhaanii agarsiisan baay'een argamaniiru.

B. Amantiiwan Kiristaanaa fi Islaamaa Gaafa Afrikaa

Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura mata duree kanaatti:

- Amantiiwan gurguddoo Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa ni ibsita,
- Biyyi Itoophiyaa biyya amantiin adda addaa keessatti argaman ta'uun ishee ni ibsita,
- Itoophiyaa keessatti amantiiwan waldanda'anii waliin jiraachuu isaanii ni dinqsiifatta.

I. Amantii Duudhaa

Amantiiwan Kiristaanaa fi Islaamaa osoo ummata Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa bira hin ga'iin, ummattooni naannoo kanaa amantii duudhaa Afrikaa hordofaa turan. Amantiin kun ummata adda addaa biratti amaloota adda addaa qaba ture. Garuu, baay'inaan keessattuu kanneen akka ummata Oromoo Waaqa tokkicha wantoota keessa jiran hunda uume hundaa ol taasisanii amanu turan. Waaqni yeroo hunda bakka hundatti argama, wanta hunda danda'a, wantota hunda ni beeka; du'a namaan booddees lubbuu namaa gara afuuraatti jijiira jedhanii amanaa turan. Waaqayyo jalatti ammoo hafuura qulqulluutu waaqarrraa namootaa ergama jedhame amanamaa ture. Innis Ayyaana jedhama.

Ummattootaa fi ayyaana kanneen kan walqunnamssiisan ammoo abbootii amantii qulqulloota jedhama. Ummattoota biroo biratti bakki abbootiin amantii kunneen (Qaallonni) hordoftoota isaanii walitti qabanii barsiisan akka galmaatti fayyada. Yeroo kadhannaan gamtaa barbaachisaa ta'e baay'inaan tulluu gubbaa, malkaa biratti ykn gaaddisa mukaa jalatti adeemsifamaa ture.

Bakkeewwan tokko tokkotti garuu wantoota adda addatti amanuunis ni ture. Fakkeenyaaaf, Kaaba Itoophiyaatti osoo amantiin Kiristaanaa hindhufiin dura, namoonni waaqa lafaa (*midir*), galaanaa (baahir) fi lolaa (Mahaarram) akkasumas, jawwee Arwee jedhamutti amanaa turaniiru.

II. Amantii Kiristaanaa

Amantii Kiristaanaa jechuun barnoota Iyyasuus Kiristoos hordofuu jechuudha. Gosni amantii Kiristaanaa Ortodoxsii jedhamu Gaafa Afrikaatti jalqabuma bara amantiin Kiristaanaa eegale irraa

kaasee dhawataan babaldhachaa tureera yaadni jedhu yoo jiraatus akkaataa barreffamni hedduun muldhisanitti Dh.K.B jarraa 4^{ffaa} baroota mootii Aksum, Izaanaa (320-360)tti dhufe kan jedhu caalaatti amansiisaadha.

Amanticha Izaanaa kan fudhachiise nama Siiriya Fireeminaaxoos jedhamu yoo ta'u, Paatiriyarkiin Aleksaandiriya Phaaphaasii Aksum taasisuun isa muuduun isaa Waldaan Ortodoxsiis Itoophiyaa hanga 1959tti Waldaa Ortodoksii Misir jalatti akka bultuu fi phaaphaasotas akka achi qofarraa argattu ishee taasiseera. Amantichi caalaatti kan babaldhis garuu jaarrraa 5^{ffaa} keessa biyyoota Baha Meediteraaniyatii kan dhufan 'qulqulloota saglan' kan jedhamanidha. Gosti amantii Kiristaanaa Kaatoolikiin jaarrraa 16^{ffaa} kaasee yoo Itoophiyaa seenu gareen Piroteestaantii ammoo jaarrraa 19^{ffaa} kaasee Gaafa Afrikaa seenuun daran bababldhateera.

III. Amantii Islaamaa

Amantii Islaamaa jechuun akka fedha Allaahitti buluu, isaafis booji'amuu jechuudha.

Rajjichi Mahaammad (Dh. K. B. 570-632) amantii Islaamaa yeroo labsuu jalqabu hoggantoonni Qureeshota Arabaa waan hordoftoota isaa ari'i'ataniif hordoftoota isaa hanga tokko gara Abisiiniyaatti ergee ture. Kanneen keessaa intalli Raajichaa, Ruuqiyyaa fi Abbaan Manaa ishee Usmaan akkasumas, Um Habiibaa fi Um Salmaa ni argamu. Yeroo sana mooticha Aksum kan ture Armah (maddoonni Arabaa Illa Sehaam Asham B. Abjar yookiin Ahmad-al Najaashi jedhanii kan waaman) baqattoota Jaafar Alii Xaaliibiin hogganaman kunneen haala gaariin simatee bara 615-628tti tajaajilaa ture. Qureeshonni baqattoota kana akka deebisee gara Arabiyaatti ari'u isa gaafannaan Armaan "yoo warqee hanga tulluu guddate naa kennitan iyyuu jarreen gara kootti baqatan dabarsee isiinif hin kenu" jedhee deebiseef jedhama.

Oolmaa kanaaf jecha Rajjichi Mahaammad yeroo Arabiyaa keessatti amantii Islaamaa cimee dhufu hordoftoonni isaanii Jihaada "Waraana qulqulluu" amantii Islaamaa babaldhisu Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaarratti akka hin banne akeekkachiiseeti du'e. Kanaafuu, amantiin Islaamaa yeroo Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa seenu akka bakkeewwan biroo (fkn. Kaaba Afrikaa fi Jiddugala Bahaa) jihaadaan osoo hin ta'iin nagaan daandii daldalaa Daahlaakii (Alaalayii) fi Zayila (Avalaayitas) hordofeeti. Buufanni doonii Daahlaak kallattii gara mootummaa Kiristaanaa Abisiiniyaa geessurra waan turteef babaldhistoonni amantii Islaamaa akka barbaadanitti kallattii kanarraan gara jiddugaleessaatti amanticha babaldhisuuf carraa hinarganne. Kanaafuu, babaldhina amantii Islaamaa naannoo Gaafa Afrikaa keessatti shoora guddaa kan taphate dhaabbata doonii Zayilaati. Amantiin Islaamaa karaa Zaayilaan biyya keessa galuun hanga Harar, Baalee, Arsii, Shawaa fi Wallootti jaarra 8^{ffaa} irraa kaasee babal'achuu danda'eera. Naannoo jaarrraa 19^{ffaa} keessa ammoo gara Dhiha Itoophiyatti naannoo Jimmaa fa'itti babaldhateera.

Maatiwwan Afaan Ummattoota Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa

Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura mata duree kanaatti:

- Maatiwwan Afaanota Itoophiyaa ni tarreessita,
- Gareewwan Afaanota adda addaa eessatti akka argaman ni himta,
- Walitti dhufeenyaa ummattoota adda addaa ni ibsita,
- Tokkummaan garaagarummaa qabu Itoophiyaa keessa jiraachuusaa ni dinqisiifatta.

Itoophiyaan biyya saboota, sablammootaa fi ummattoota hedduuti. Saboota, sablammootaa fi ummattoota kanneen keessaa baay'een isaanii bara duriitii kaasanii biyyattii kana keessa qubatanii jiraataa turan. Qo'attoonni Afaanii akka tilamaamanitti Afaanota hedduu Afrikaa keessa jiran keessaa dhibbatti kan dhihaatan naannoo Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaatti argamu.

Afaanoonni ummattoonni Itoophiyaa dubbatan maatiwwan afaanii afur jalatti qoodamu. Isaanis maatii afaan Kushii, Oomoo, Seemii fi Naayilootikii dha. Maatiwwan afaanii sadan duraa maatii afaanii guddaa Afiroo-Eeshiyaa jedhamu jalatti ramadamu. Afiroo-Eeshiyaan baldhinaan Itoophiyaa keessatti waan dubbatamuuf, qorattoonni afaanii maddii isaa Itoophiyaadha jedhanii amanu.

Ummattoota Maatii Afaan Kushii Dubbatan

Dh.K.D naannoo waggoota 8000 eegalee ummattoota Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa keessa waggootaa kuma hedduuf jiraataa turan keessaa beekamoon ummattoota Afaan maatii Kushii dubbataniidha. Wiirtuun qubanna maatii kanaa Baha Afrikaa jidduu Sudaanii fi Taanzaniyaa ala hin bahu. Ummatoonni maatii Afaanota kana dubbatanis lafa qotuu fi horii horsiisuudhaan jiraachaa turan.

Gaafa Afrikaatti yoo xinnaate waggoota kuma kudhaniin duraa kaasee kan jalqaban akka ta'an mirkana'eera. Ummatoonni Afaanota maatii Kushii dubbatan kanneen akka Affaar, Agawu, Alaabaa, Beejja, Bileen, Burjii, Daraashee, Geedi'oo, Hadiyyaa, Kambaataa, Koonsoo, Oromoo, Saahoo, Sidaamaa, Sumaalee fi Xambaaroo dha.

Sababa babaldhina ummata Oromoo jaarraa 16^{ffa} duraa fi boodaatiin kan ka'e, Afaanota Kushii keessaa Afaan Oromoo lafa baldhaa Afrikaa Bahaa keessatti baldhinaan dubbatamuu danda'eera. Afaanota Afroo-Eeshiyaa addunyaa irratti dubbataman keessaayyuu Afaan Oromoo, Afaan Araabaa fi Hawusaatti aanee sadaffaa dha. Haa ta'u malee, Afaan Arabaa fi Hawusaa ummattoota adda addaa kan afaanota garagaraa dubbataniif akka afaan lammaffaatti gargaaru malee kan ummattoonni baay'een afaan itti hiikkatan miti. Afaan itti hiikachuun afaan Oromoo Afrikaa keessa tokkoffaadha. Afaan kun afaan sabni aadaa wal fakkaatu qabu kan qubanna wal-irraa hin cinneetti qubate dubbatudha. Kanaafuu, Afrikaa keessatti afaan saba lakkofsaan baay'ee ta'een dubbatamu afaan Oromooti. Akkasumas saboonni baay'een ollaa Oromoo jiraatanis akka afaan lammaffaatti Afaan Oromoo fayyadamu.

Ummattoota Maatii Afaan Seem Dubbatan


Itoophiyaa keessatti akka ragaaleen seenaa adda addaa ibsanitti, seenaan ummattoonni afaan maatii Seemii dubbatan waggoota kuma sadii hin caalu. Haa ta'u malee, yeroo ammaa warra Kushitti aanuun ummattoonni Afaanota Seem dubbatan baay'inaan sadarkaa lammaffarratti argamu. Ummatoonni Afaan Maatii Seem Itoophiyaa keessatti dubbatan Amaaraa, Argoobbaa, Guraagee, Hararii, Silxee, Tigraayi fi Zay. Duri Gi'iiziin Afaan biyyooleessa Abisiiniyaa yoo turellee yeroo ammaa Bataskaana Ortodoxsii qofaatu itti fayyadamaa jira. Afaan Gaafaat jedhamu ammoo yeroo ammaa sirumaa dubbatamaa hin jiru.

Ummattoota Maatii Afaan Oomoottikii Dubbatan

Akkuma mata duree kanarraa hubachuun danda'amutti, Afaanonni kun baldhinaan kan dubbataman naannoo Sulula Laga Oomootti. Garee kana jalatti kan hammataman Anfiloo, Arii, Banna, Baaskeettoo, Beenchi, Daawuroo, Diizii, Dorzee, Gaamoo, Goofaa, Hamar, Kafichoo, Kontaa, Maajii, Shakkichoo, Shinaashaa, Walaayittaa, Yamii fi k.k.f. fa'a. Ummatoonni Afaanota kanneen dubbatan waggoota kuma saddeetiin duraa kaasee kibbaa Itoophiyaa keessa qofa jiraataa turan.

Ummattoota Maatii Afaan Naayilootikii Dubbatan

Maatiin afaanii Naayilootikii maatii afaanii guddaa Naayiloo-Sahaaraa jalatti ramadama. Afaanoni garee Naayilootikii kana jalatti hammataman kan akka Anyu'aa, Bartaa, Beeni-Aamiir, Gumuz, Koomoo, Kunaamaa, Majangir, Maa'oo, Mi'een fi Nu'er fa'a. Ummattooni Afaanota maatii kanaa dubbatan waggoota kuma shaniin duraa jalqabanii naannoo Gammojjii Daangaa Ertira, Sudaanii fi Itoophiyaatti qarqara Sulula Laga Naayili qubatanii jiraataa turan.



Fakkii 1.5. Tamsa'ina maatii Afaanota Biyyoota Gaafa Afrikaa

GILGAALA 1.2

Gaaffiilee gaggabaabaa

- Biyyootaa Afrikaa Sululli Qiinxamaa Guddaan keessa darbu tarreessi.
- Bakkeewwan ka'umsa Laggeen Hawaasii fi Gibee ta'an isaan kami?
- Bakkeewwan Arkiyoolooyii Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa bebbeekamoo tarreessi.
- Garaagarummaa Sanyiwwan Hoomoo sadanii ibsi. Sanyiwwan kanneen keessaa kan yeroo ammaa lafarrta jiraatu ykn sanyiin nama ammaa isa kam?
- Tokkummaa fi Garaagarummaa Amantiiwwan Gaafa Afrikaa sadeen ibsi.

- Amaantiin Islaamaa gara Itoophiyaa kan seene karaa nagaatiin malee jihaadaan miti. Akkasumas aadaa biyyattii arabummaatti hingessine yoo jedhame maal jechuudha?
- Amantiin Islaamaa Gaafa Afrikaatti kan babaldhate karaa daldalaatiin nagaan waan ta'eef walqunnamtiin Kiristaanotaa fi Musliimota Itoophiyaa kan nagaa malee kan waaraanaa tasumaa hin turre yoo jedhame sirrii moo sirrii miti jetta? Maaliif?
- Waldanda'uun waliin jiraachuun amantiiwwan Gaafa Afrikaa akkamitti ibsamuu danda'a?
- Lugni ati Afaan itti hiikkatte garee kamitti ramadama?

- | | |
|--|--|
| <p>10. Afaan Gaafaat maaliif bade?</p> <p>11. Afaanota Itoophiyaa keessaa kan badaa jiran isaan kam?</p> | <p>12. Maatiwwan Afaanii arfan keessaa kan Itoophiyaa qofatti dubbatamu kam?</p> <p>13. Afaanonni naannoolee horsiisee bultootaatti argaman isaan kam?</p> |
|--|--|

1.3. MOOTUMMOOTA ITOOPHIYAA FI GAAFA AFRIKAA DURII KEESSA TURAN

Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura mata duree kanaatti:

- Mootummoota Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa Durii ni tarreessita,
- Qindoomina siyaasaa fi hawaas-dinagdee mootummoota durii ni addeessita.

Puunti

Mootummoota bara durii naannoo Gaafa Afrikaa turan keessaa odeeffannoon jalqabaa kan irratti argame mootummaa Puunti jedhamee beekama. Odeeffanno kanaaf madda kan ta'e barreeffama Misir durii haayiroogiliifiksii jedhamu kan piraamidoota mootota Misirirratti argamu duwwaadha. Ummanni Misir durii lafa biyya isaanii gaditti argamu Puunti ykn Haam/Kushi jedhanii waamaa turan. Puuntii fi Misiri durii jidduu walqunnamti daladlaa baay'ee cimaa ta'etu ture. Barreeffamoonni haayiroogiliifiksii Fara'ooneen (mootonni) Misir durii daldaltoota dooniidhaan gara biyya Puuntiitti ergaa turuu isaanii ibsu.

Dooniiwan daladala Misiri gara Puuntiitti ergaman keessaa, hunduma caalaa kan beekamaanii fi baay'ee ta'an kan Mootittii Haatisheepsut Dh. K. D. bara 1490–1468 jedhamtuuti. Ragaan waa'ee kanaa barreeffama Haayiroogiliifiksii siidaa awwaala mootittii bakka De'ir-el-Baahritti argamu irratti siritti galmaa'ee ibsamee jira. Akka barrefama kanaatti, mootittiin tun dooniiwan shan kan nama Nuubiyyaa, Nehaasii jedhamuun hogganaman ergitee ture. Daldaltoonni kunis meeshaalee akka ixaanaa, qumbii, warqii, meetii fi ilkaan arbaa fe'anii akka deebi'an barreeffamni kun tarreesseera. Akka barreeffamichaatti, mootittiin mi'oota kanneen keessaa baay'ee isaanii waaqa ishee waaqa bubbee Amoon jedhamuuf kennite jedhama. Yeroo sana mootii Puunti kan ture Pereehuu kan jedhamu ta'uu isaa barreeffamichi addeesseera.

Haa ta'u malee, mootummaan Puunti durii kun sirriitti eessatti akka argamu wanti beekamu hinjiru. Barreessitoonni seenaa tilmaama waliigalaa kaa'an Puunti qarqara Galaana Diimaatti kan argaman Massawwaa fi Su'aakimii hanga Baab'el Mandab fi qaraqara Sumaaliyaatti kan argamu Fiixee Gardaafu'iitti diriiree argama ture jedhu.



Fakkii 1.6. Tilmaamaan naannoo argama mootummaa Puunti durii

Da'amaat

Dh. K.D naannoo bara 1000 kaasee gosoonni Agaaziyaanii fi Habashaat jedhaman Arabiyaa Kibbaa Saabaa biyya jedhamu irraa godaananii Ertiraa fi Kaaba Itoophiyaa ammaa qubatan. Qubattooni Saabaa sirna barreefaamaa Bo'usteroofeedoon jedhamu kan barreefamoota Afaan Amaaraa fi Tigrayi har'aatiif bu'uura ta'e fidanii dhufan. Ummanni Habashaa jedhamus maqaa biyya Abisiiniyaa jedhamuuf bu'uura ta'aniiru. Qubattooni kun naannoo Ertiraa fi Kaaba Itoophiyaatti warra duraan qubatanii turan ummattoota afaan maatii Kushi dubbatan wajjin walmakanii aadaa fi afaanota haaraa uumuu danda'niiru. Adeemsa kana keessa dhawataan Dh. K. D. naannoo jaarrraa 6^{ffaa} hanga 5^{ffaa} tti mootummaan Da'amaat ijaarameera.

Maqaan mootummaa kanaa Da'amaat ta'uun isaa sirriitti waan beekamu miti. Maqaan barreeffama dhakaa irraa argame qubeewwan Saabaa sadiin kan barreefame ture. Qubeewwan kun D, M fi T dha. Wayitii sana barreeffamni Saabaa qubeewwan dubbachiftuu hin qabu ture. Kanaafuu, qubeewwan dubbifamoonni sadan kun akkaataan ittiin dubbifaman kan biraa ta'uu ni danda'a. Fakkenyaaf Daamaat, Daamaatee, Dimit, Diimtuu, Domuutaa fi Dumaat fa'a keessaa tokko ta'uuf ni mala.

Jiddugaleessi Mootummaa Da'amaat naannoo kibba magaalaa Aksum ture. Mootonni Da'amaat maqaa sanyii mootota Kibba Arabiyaa Mukaariib jedhu fayyadamaa turan. Ummanni Da'amaat waaqa ji'aa ykn baatii kan Araboutaa kan Almuqqaa/Ilmuqqaah jedhamu waaqeffatu turan.


Mallattooleen waaqeffanna Almuqqas fakkiiwan bifa walakkaa addeessaa fi bifa walakkaa geengoo kan qaban turan.

Aksum

Akka ragaaleen arkiyooloojii yeroo dhiyootti argaman irraa hubachuun danda'ametti Mootummaan Aksum kan hundeffame Dh. K.D. murtaa'e waggoota 100tti. Jalqaba aangoon isaa naannoo xiqqoo keessatti kan hundaa'e ture. Yeroo aangoon isaa sadarkaa ol'aanaa irra ga'e kunis Dh. K.B. naannoo jaarrraa 3^{ffaa} hanga jaarrraa 6^{ffaa} tti daangaan bulchiinsa Aksum karaa baha qarqara Galaana Diimaatii ka'ee gara dhihaatti hanga lafa bal'aa sulula laga Naayil gubbaa irra diriiree jirutti. Akkasumas, karaa kaabaa fiixee Kaaba Ertiraa ka'ee gara kibbaatti hanga Kaaba Shawwaatti babal'atee ture.

Maanii kan jedhamu barreessaan biyya Parshiyaa mootummaa Aksum mootummoota Roomaa, Parshiyaa fi Chaayinaa wajjin wal madaalchisuun mootummoota ciccimoo afran durii jedhee tarreessa. Barreessaan kitaaba "**The Periplus of the Eritrean Sea**" jedhamu akka ibsetti mootiin Aksum Zoskaalas/ Za Haqeel (Dh. K.B. 76-89) afaan adduunyalessaa yeroo sanaa Afaan Girikii sirriitti akka dubbataa ture ibsa. Maddoonti Kibba Arabiyaa akka ibsanitti Dh. K. B walakkaa jaarrraa 3^{ffaa} keessa ummanni Kibba Arabiyaa waraana Habashaa kan mooticha Gadaraati jedhamu of irraa ittisuuf lolaa turaniiru. Garuu ol'aantummaa Aksum jalatti kufaniiru.

Barreessaan Kitaaba "**The Christian Topography**" jedhamuu Koosmoos Indiikopileyustas jedhamus mootonni Aksum kanneen akka Kaaleeb/Ella Atsibaa (Dh. K.B 500-535) yeroo adda addaa duulota Galaana Diimaa gamaa fi gamanatti gaggeessaa akka turan ibsa.



■ Naannoo Mootummaan Aksum bulchaa ture

Fakkii 1.7. Impaayera Aksum

Haa ta'u malee, mootummaan Aksum gama aangootiiniis ta'ee qabeenyaatiin Dh. K. B jalqaba jaarraa 7^{ffaa}tii ka'ee dadhabuu jalqabe. Rakkoon jalqaba Aksumiin muudate Parshiyaaonni naannoo Arabiyaa to'achuu isaaniiti. Kanatti aansuun Musiliimonni Arabaa giddu galeessa Bahaa, Kaaba Afrikaa, Roomaa Bahaa (Baayizaantaayin), Awurooppaa Dhihaa, Hindii fi Giddu Gala Eeshiyaa hanga Chaayinaatti to'achuu Dh. K. B bara 702tti buufata doonii Aksum, Aduliisiin barbadeessan. Kunis qunnamtii Aksum biyyoota alaa wajjin qabaachaa turte addaan kute. Karaa biyya keessaatiin ammoo Aksum naannoolee duraan to'ataa turte keessumattuu ummatoota Beejja fi Walqaayitii akkasumas mootittii Yoodit Gudiit/Bani al Himmaawwiya jedhamtu irraa fincilli ishee mudateera. Sababoonni alaa fi biyya keessaa kunneen walitti dhufanii dhumarratti mootummaa Aksum Dh. K.B naannoo bara 1150tti guutummaan kuffisaniiru.

Zaaguwee (Dh.K.B 1150-1270)

Naamtichi mootummaa kana hundeesse Mararaa/Marraa Takla Haayimaanot/Zawuga Mikaa'el jedhama. Innis bulchiinsa Aksum keessatti qondaala olaanaa ta'ee muudamee ture. Adeemsa keessa hintala mootii Aksum isa dhumaa Dilnaa'od kan Masooba-Warqi jedhamtu fuudhee suuta suuta fedhii aangoo guutuu qabachuu horachuun Dil Naa'odiin fonqolchee aangoo guutuu qabate.

Bulchitoonni warra Agawu/Zaaguwee kan ka'an Waagii fi Laastaa keessaa aanaa Buginaa bakka Adaafaa/Rohaa jedhamuuti. Daangaan Zaaguwee, karaa kaabaa godinaalee Aksum to'ataa ture gara caalaa ofkeessatti qabata. Gara kibbaatti hanga Kaaba Shawwaatti to'ateera. Mootummaan Zaaguwee naannoo Hara Xaanaa fi kaaba Goojam keessatti to'anno cimaa qabaachaa tureera.

Mootonni Sanyii Zaaguwee qunnamtii aadaa fi daldala biyyoota baha Meediteraaniyaan wajjin uumaniiru. Qunnamtiin kun caalaadhumatti bara mootii Laallibalaa (Dh. K.B 1181-1221) keessumattuu Misirin wajjin cimeera. Michooma kana irraa kan ka'e mooticha Misir inni beekamaan Salah-al-Diin Kiristaanota Itoophiyaaaf Jerusaalam keessaa lafa adda addaa quodee kenneeraaf. Hariiroon daladalaas karaa dachee fi galaana irraan adeemsifamaa ture. Daldala kana kan gaggeessan gareen daldalootaa Zaaguwee Leebdii fi Koram jedhamu turan.

Mootiiwwan Zaaguwee kanneen akka Tantawudim, Yimirhaannaa Kiristoos, Harbee, Laallibalaa, Yitbaarakii fi Naakuto-La'aab aangoo irraa wal-duraa duubaan walfonqolchaa turan. Kunis bulchiinsa Zaaguwee baay'ee dadhabsiise. Dadhabina kanatti fayyadamuun, gareen Warra Seem kan Yikunoo Amlaakiin hoogganamu bulchinsa Zaaguwee balleessanii mootuminaa Sanyii Salamoon jedhamu hundeessan.

Sulxaanetoota Musliimaa

Dh. K.B jaarraa 8^{ffaa} kaasee daldaltooni Arabaa ummattoota daandii daldala Zayilaa irra qubatan gara amantii Islaamaatti jijiiruun dhawataan mootummoota Musliimaa kanneen akka Maakizumaayitii Shawaa, Ifaat, Faxxagaar, Dawwaaroo, Sharkaah (Arsii), Baallii, Darraa, Arrabaabaanii fi Adaal hundeessan. Haa ta'u malee, daandii daldala kana harka keessa galfachuuf jecha mootonni Abisiiniyaa kanneen akka Amda Tsiyoon (Dh. K.B 1314-1344) mootummoota Musiliimaa kanneen wajjin wal-lolaa turaniiru.

Kunis waraana guddaa Abisiiniyaa fi Musiliimota Imaam Ahimad Ibn Ibraahim al Gaaziitiin (Ahimad Giraanyi) hogganaman jidduutti Dh. K.B baroota 1529-1543tti adeemsifameen goolabame.

Daamot

Mootummaan Daamot mootummaa bara durii fi bara jiddugaleessaa keessa ciminaan jiraachaa tureedha. Dangaan isaa Kaabaa-Kibbatti Laga Abbayyaa irraa hanga Hara Turkaanaa fi Bahaa-Dhihatti ammoo Laga Hawaasii hanga Laga Dhidheessaatti diriiree argama ture.

Mootota Daamot keessa beekamaan Mootiilammii jedhama. Innis Dh. K.B jalqaba jaarraa 13^{ffaa} tti hanga Kaabaa Shawaatti to'ataa ture jedhama. Garuu, Daamot Dh. K.B naannoo bara 1316/17 Mootii Amda-Tsiyooniin Mootummaa Kiristaanaa Abisiiniyaa jala galte. Jaarraa 16^{ffaa} keessa ammoo Daamot guutummaatti to'anna Oromoo jala galte.

Walaayittaa

Walaayiffaan mootummoota naannoo kibba Itoophiyaa keessatti argaman keessa ishee tokko. Hangaa jaarraa 19^{ffaa} tis bulchiinsa of danda'e qaba ture.

Mootiiwwan Walaayittaa maqaa aangoo *Kaawoo* jedhamuun beekamu. Mootiin Walaayittaa inni beekamaa fi xumuraa Xoonaa jedhama. Innis Dh. K.B bara 1894tti mootii Abisiiniyaa Minilik II dhaan injifatamee Walaayittaan bulchiinsa Abisiiniyaa jala galte. Akka amantii duudhaa isaanitti, Walaayittooni Waaqaan *Xoossa* jedhu. Warri sirna amantii qindeessan ammoo *Shareechuwaa* jedhamu.

Innaariyaa

Innaariyaan mootummoota naannoo laggeen Gibee fi Gojab jidduutti dagaagan keessa ishee tokko turte. Yeroo dheeraadhaaf mootummoota Kiristaana Abisiiniyaa fi Sulxaanetoota Musliimaa of irraa ittisuun bilisummaa ishee eeggachaa turte. Haa ta'u malee, Dh.K.B. naannoo 1550 kaasee to'anna Oromoo jala galte. Gosti Oromoo, Limmuu jedhamu yeroo dheeraadhaaf mootota Innaariyaa kanneen akka Badaanchoo, Gu'amchoo fi Banaroo fa'aan lolaa turan. Garuu, dhuma irratti mootota Innaariyaa injifachuun mootummaa Goonfoo Limmuu-Innaariyaa jedhamu hundeessan. Limmuu-Innaariyaan mootummoota Oromoo shanan Gibee (Limmu, Gumaayi, Goommaa, Jimmaa fi Geeraa) keessa tokko

turte. Mootiin beekamaa fi cimaan Limmuu-Innaariyaa Ibsaa/bbaa Bagiboo ture. Barri bulchiinsa isaas Dh. K.B 1825-1861 ture.

Kafaa

Dh. K.B Jaarraa 14^{ffa}tti Kafichoон mootummaa cimaa akka dhaabbatan galmeewwan seenaa ni mirkaneessu. Yeroo Oromooni Limmuu Innaariyaa qabatan mootin Innaariyaa inni xumuraa Hinnaaroo Taattoo jedhamu Oromoo baqatee gara Kafaatti godaane. Mootonni Kafaas maqaa aangoo bulchiinsaa kan moototaa *Taattoo* jedhamu Hinnaaroo Taattoo irraa dhaaluun ittiin of waamuu jalqaban. Kunis hanga Minilik II bara 1897tti mootii Kafaa isa xumuraa Taattoo Gaakii Sherroochoo mo'atee Kafaa qabatutti itti fufe. *Taattoo* jalatti manni maree gorsitoota torbaa Mikrechoo jedhamu jira ture. Bulchitoonni aanaalee *Waraaboo Shoowoo* jedhaman kanneen maqaa aangoo *Waraabii Raashoo* jedhamu qabanis jiru turan. Karaa amantii duudhaatiin ummanni Kafaa Waaqaan **Yeroo** jedhanii waamu. Ayyaana ammoo **Eeqoo** yoo jedhan gaggeessaa amantiitiin ammoo **Ibeedeegodaa** jedhu.

GILGAALA 1.3

Gaaffiilee gaggabaabaa

1. Gaafa Afrikaa keessatti mootummaan hunda caalaa umrii dheeraa qaba jedhamu kami?
2. Mi'ota Daladalaa Puunti tarreessi.
3. Barreffamni ummata Misir durii maal jedhama?
4. Sirni bareeffamaa ummatoota Saabaa kaaba Itoophiyaa maal jedhama?

5. Maqaan saynii mootiawan Da'amaat maal jedhama?
6. Mootiin Aksum afaan Giriik dubbatuun beekamu eenu ture?
7. Mootummaan hoggantoota Agawun kaaba Itoophiyaa keessatti hundeffame kam ture?
8. Sulxaanetoonni Musliimaa Gaafaa Afrikaa baay'een isaanii daandii daldalaa garaa kamitti geessurratti hundeffaman?

Bu'aawan Seenaa fi Siyaasa Mootummoota Durii

Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura mata duree kanaatti:

- Bu'aawwan seenaa fi siyaasaa mootummoota durii addaan ni baafatta,
- Hambaalee qaroomman durii dinqisiifachuun ni kunuunsita.

Ummattoonnii fi mootummoonni durii Gaafa Afrikaa keessatti aadaa isaanii dagaagsan hafteewwan siyaasaa fi seenaa dhiisanii darbaniiru. Hambaawan seenaa kunneen har'as Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaatti hawattoota turistootaa ta'anii jiru. Karaa siyaasaatiin, sirnoonni duudhaa bulchiinsa gaarii kanneen akka Sirna **Gadaa** Oromoo, sirna **Luwaa** kan Sidaamaa, sirna **Makabantoo** kan Affaar, sirna **Baahtoo** kan Tigiraayi akkasumas sirna **Yajjokaa** kan Gordanna Guraagee fi sirna **Samuuginnit** kan Sabaat-Beet Guraagee fakkeenyoota sirna bulchiinsa ammayyaa kanneen wantoonni baay'een irraa dhaalamuu danda'aniidha. Fakkeenyaaaf, Sirni Gadaa Oromoo, inni umrii waggoota dheeraa lakkofsise, kan baay'ee nama ajaa'ibsisan amaloota sirna dimookiraasi ammayyaa baay'ee of keessaqaba ture. Sirna Gadaa keessatti, dhimmi biyya gaggeessuu fi seera tumuu kan ummataati. Sirna Gadaa jalatti, yaada ibsachuu, falmachuu, qabeenya horachuu fi mirga uumamaa eegsifachuudhaaf dubartoornis mirga guutuu qabu turan. Sirnicha keessatti, namoonrii aangoo qabatan namoota umrii


bilchinaa (waggaa 40-48) keessa jiran kan muuxannoo jirenyaa guddaa qabaniifi waantota baay'ee xiinxaluu danda'aniidha. Sirnichi kan Gadaa tokko yeroo dheeraaf aangoo qabatee turu osoo hin ta'in kan gogeessonni Gadaa dabaree dabareen waggoota saddeet saddeetiin aangoo karaa nagaan walii dabarsan ture.

Hambaalee ijaarsaa keessaa kan akka Siidaawan **Aksum**, Bataskaanota **Laallibalaa. Gamoo**(Siidaa) Dirree Sheek Huseen, jaarraa 16^{ffaa}tti magaalaa Hararitti kan ijaarame dallaa **Jagool**, jaarraa 17^{ffaa}tti kan ijaarame Masaraan **Fasiladas** Gondar, Masaraan **Abbaa Jifaar II** (1875-1933) Jimmaa fi Masaraan **Kumsaa Morodaa** inni Naqamtee iddoo ol'aanaa qabu.



Fakkii 1.8. Gumii (yaa'ii) Sirna Gadaa Oromoo

Siidaawan Aksum dhagaa tokko duwwaa irraa bocamanii ijaramanii fi ajaa'ibsiisoo ta'an akka qabeenya addunyaaleessaatti Dhaabbata Mootummoota Wal-ta'anii jalatti Dhaabbata "United Nations Education Science and Cultural Organization/UNESCO" jedhamuun bara 1980tti galmaa'anii jiru.



Fakkii 1.9. Siidaawan Aksum, Tigiraay

Manneen amantii 11 Mootiiwan Zaaguwee ijaarsisan bara 1978 akka hambaa addunyaatti "UNESCO"n galmeeffamaniiru. Manneen kanneen keessaa inni baay'ee ajaa'ibsiisaan isa Madihaana Alam jedhamuudha. Dheerinni isaa lafa irraa meetirii 33.5, dalgi isaa meetrii 23.5 akkasumas asii ol hojjaan isaa meetrii 11 kan ta'eedha.



Fakkii 1.10. Mana Amantii Kiristaanaa Laallibalaa dhagaa tokko irraa bocame, Walloo

Bataskaanota armaan olitti ibsaman malees baroota bulchiinsa Zaaguweetti manneen amantii kan akka Eekkaa Mikaa'el (Fifinnee), Adaadii Maariyaam (Shawaa Kibba Dhihaa) fi Gadaamiin Cuqqaalaa (Ziquwaalaa) ykn Abu'ee Gabra Manfas Qidduusi ijaaramaniiru.



Fakkii 1.11. Gamoo Dirree Sheek Huseen, Baalee

Hambaa Seenaa amantii Islaamaa keessaa inni beekamaan Gamoo Dirree Sheek Huseenidha.



Fakkii 1.12. Masaraa Faasiladas, Gondar

Jaarraa 17^{ffaa} keessa Gondar teessoo hanhduura bulchiinsa mootummaa ta'uun isheen walqabatee mootonni adda addaa masaraa isaanii keessatti ijaarrataniiru. Masaroota kanneen keessaa beekamaan masaraa mooticha Faasiilidas.



Fakkii 1.13. Masaraa Mootii Abbaa Jifaar, Jimma

Naannoo jalqaba jaarraa 19^{ffaa} irraa eegalee damee ummata Oromoo kan ta'e Maccaan dhiha Itoophiyaa ammaa keessatti, mootummoota isaanii hundeffataniiru. Isaan kanneen keessa mootummaa Jimmaa isa beekamaadha. Wiirtuu bulchiinsa kanaa kan taate magaalaa Jimmaa keessatti mootichi Abbaa Jifaar masaraa ijaarratee ture.

Ummanni Koonsoo ummatoota Itoophiyaa bulchiisaa fi hambaa qaroomaa mataa isaanii qaban keessaa isa tokko. Aadaan mukaa bocuu (soofuu) hambaalee kanneen keessaa isa tokko.



Fakkii 1.14. Aadaa soofa mukaa Koonsoo

Tokkummaa fi Ammayyummaa Itoophiyaa

Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura mata duree kanaatti:

- Bu'aa tokkummaan birmadummaa Itoophiyaanotaaf buuse ni ibsita,
- Jalqabbiin ammayyummaa jijiirama Itoophiyaa keessatti fide ni ibsita.

Bara duriitii jalqabee Ummatoonni aadaa fi afaanota adda addaa dubbatan Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaa keessa ollaa walii jiraachaa turaniiru. Baroota heddu kana keessatti wal-jijiiraa fi wal-dhaalmaan aadaa fi afaan ummatoota kanneen jidduutti baldhinaan gaggeeffamaa tureera. Sababa kanaan kan ka'e afaan maatii tokkoo keessatti jechoonni maatii biraan baldhinaan ni muldhatu. Aadaaleen siyaasaa fi hawaas-dinagdee wal-irraa dhaalamaniif fi wal-fakkatanis bal'inaan ni calaqqisu. Wal-dhaalmaan akkasii dhalachuu kan danda'eef ummatoonni hariiroo baay'ee cimaa fi haaya qabeessa ta'e jidduu isaaniitti waan uumanifi. Firummaan uumaame ammoo aadaa fi ummata haaraa uumeera. Hariiroon cimaan kun dhawataan uumamuu Itoophiyaaf bu'uura ta'eera.

Dhuma jarraa 19^{ffaa}tti sabni Oromoos ta'e saboonni Itoophiyaa Kibbaa, Bahaa fi Dhihaa ummattoota Itoophiyaa Kabaa wajjin walitti-hidhannaan dinagdee fi hawaasummaa haa qabaatan iyyuu malee karaa siyaasaatiin of danda'oo turan. Haa ta'u malee, ummattoonni kunneen hundinuu humna waraanaa meeshaa Awurooppaatiin deeggaramuuq qabatamanii bulchiinsa Itoophiyaa Kaabaa jala galan. Adeemsa kanaan Itoophiyaan daangaa fi kaartaa har'a qabdu kana kan mirkaneeffatte bara mootii Minilik II (1889-1913)tti. Minilik II hundeessaa Impaayera Itoophiyaati jechuun ni danda'ama. Garuu, gita bittoonni nafxanyaan kan Minilik hundeesse waggoota dhibban darbaniif ummattoota kanneen humnaan tokkummeessuun humnaan bulchaa turaniiru. Hacuuccaa jala galchuun ummattoota kanneen qabeenya isaanii saamaniiru; aadaa fi afaanota isaanii irratti dhiibbaa taasisaniiru.

Haa ta'u malee, tokkummaan uumame Itoophiyaaf bu'aalee buuse qaba. Bu'aan inni jalqabaa bu'aa birmadummaan yeroo dheeraaf jiraachuuti. Yeroo Koloneeffattoonni Awurooppaa (Faransaayi, Ingilizi, Beelijiyeem, Porchugaal fi Ispeen) biyyoota Afrikaa baroota 1884-1914tti qoqqoodatan, Xaaliyaaniin

Itoophiyaa koloneeffachuuuf yaaltus bara 1896tti adda waraanaa Aduwaa irratti tokkummaa ummattoota Itoophiyaatiin injifatamteetti. Itoophiyaanis baroota bulchiinsa faashistoota Xaaliyaanii (1936-1941) irraa kan hafe walabummaa ishee tokkummaa fi gootummaa ummata isheetiin eegsifatteetti.

Bu'aan inni lammaffaan ammoo ammayyummada. Sirni Kaappitaalizimii Itoophiyaa Keessaatti kan bu'uura argate bara Minilik II irraa kaaseeti. Ammayyummamaa kanaafis bara 1886tti hundeeffamni magaalaa Finfinee bu'uura. Yeroo Minilik kaasee bu'uuraaleen misoomaa kannnen akka ibsaa, poostaa, bilbilli, ogummaan riqichaa fi daandii ammayyaa ijaaru, konkolaataan, daandiin baaburaa, maallaqni ammayyaa, baankiin, manni barumsaa ammayyaa, maxxansaan kitaabaa, gaazexaan, hospitaalli, hoteellii, chaappaan, chaartariin magaalaa fi maashiniin uffata hodhu fa'a yeroo adda addaatti alaa gara Itoophiyaatti seenuuun dagaaganiiru. Komiishiniin Dinagdee Afrikaa bara 1958tti fi Dhaabbanni Tokkummaa Afrikaa bara 1963tti teessoo yookiin wiirtuu isaanii Finfinnee keessa godhachuun isaaniitiin Finfinneen akka Magaalaa guddittii Afrikaatti ilaalamtu taasiseera.

Cuunfaa

Afrikaan naannoolee adda addaatti qoodamti. Naannoolee kanneen keessaai inni tokko naanno Gaafa Afrikaati. Naanno Gaafa Afrikaa, keessumaa Itoophiyaan, seenaa dhala namaa keessatti iddo guddaa kan qabdu ta'uu ishee ragaaleen arkiyoolojii baay'een ni mirkaneessu. Akkasumas naanno kun naanno amantiwwanii fi saboonni adda addaa waldanda'anii waliin jiraataniidha. Amantiin Duudhaa amantii caalmaan asumatti dhalatee dagaagee yoo ta'u, Amantiwwan Kiristaanaa fi Islaamaa ammoo biyyoota Jiddugala Bahaa fi Ardilee biroo irraa naanno kanatti babaldhachuun dagaaganiiru. Afaanoni ummattoota naanno kanaa maatiwwan afaanii Kushi, Seemi, Omootikii fi Naayilootikii jalatti ramadamu. Isaan sadan duraa maatii afaanii guddaa Afro-Eeshiyaa jalatti yoo ramadaman inni afrffaan maatii afaanii guddaa Naayloo-Sahaaraa jedhamu jalatti ramadama.

Jalqabamuun qubsuma dhaabbataa fi eegalamuun qonnaa, ogummaa harkaa fi daldalli qaroomman gurguddoo duriif bu'uura ta'aniiru. Gumaacha qaroomman kanneenii keessaai tokko ammoo ijaarsa mootummaati. Gaafa Afrikaatti mootummooni ragaalee seenaa keessatti bebbeekamoo ta'an mootummoota Puunti, Daamaat, Aksum, Zaaguwee, Sulxaanetoota Musliimaa, Daamot, Walaayittaa,

Kafaa fi Innaariyaa fa'adha. Ummattoonnii fi mootummooni dur Gaafa Afrikaa keessatti aadaa isaanii dagaagsan bu'aawwan siyaasaa fi seenaas dhiisanii darbaniiru. Karaa siyaasaatiin, sirnoonni duudhaalee bulchiinsa gaarii kanneen akka Sirna Gadaa Oromoo dagaaganiiru. Hambaalee ijaarsaa keessaa ammoo Siidawan Aksum, Bataskaanoni Laallibalaa, Gammoon Dirree Sheek Huseen, dallaa Jagool, Masaraan Faasiladas Gondar, Masaraan Abbaa Jifaar Jimmaa fi Masaraan Kumsaa Morodaa inni Naqamtee akkasumas aadaan ijaarsa daagaa ummata Koonsoo iddo ol'aanaa qabu.

Dhuma jaarraa 19^{ffaa}tti ummattooni Itoophiyaa duraan mootummoota xixiqqoo naannootti qoqqodamanii turan Itoophiyaa har'aa uumaniiru. Tokkumniaan uumame kun Itoophiyaan akka birmadummaan jiraattu, ammayyoomtuu fi wiirtuu Afrikaa taatu gargaareera.

GAAFFILEE XUMURA BOQONNAA 1

Kutaa I: Yoo himoonni armaan gadii sirrii ta'an Dhugaa yoo dogoggora ta'an ammoo Soba jechuun barreessi.

1. Maddooni waa'ee sanyii dhala namaa Itoophiyaa keessatti hanga ammaa baay'inaan kan argaman naannoo Laggeen Hawaasiifi Oomootti.
2. Itoophiyaan biyya ummata afaan tokko dubbatuu fi amantii tokko hordofuuti.
3. Ragaan waa'ee Puunti kan argame qorannoo Arkiyooloojii Somaaliyaa keessatti adeemsifameen.
4. Sirni Gadaa yeroo isaatti dimookiraatawaa sirna isaan walgitu hinqabne ture.

Kutaa II: Yaadota toora "A" jala jiran kanneen "B" jala jiraniin walitti firoomsi.

A

1. Poonjidee
2. Awustiraalooppitikas Affaarensis
3. Hoomoo Irreektas
4. Hoomoo Saappiyaansi
5. Hoomoo Habiiliis

B

- A. Malkaa Qunxurree
- B. Booodoo fi Kibishi
- C. Chimpaanzii fi Goriillaa
- D. Dinqinash/Luusii
- E. Araamis
- F. Ideeltuu (Salaam) fi Gaarhii
- G. Goonaa fi Shunguraa

Kutaa III: Gaaffiwan armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Lafeen Luusii kan xiyyeffanna argateef
 - A. Mudhiin ishii danaa saala dubartii waan agarsiisuuf
 - B. Ulfaatinni ishii 30 kg waan ta'eef
 - C. Dheerinni ishii meetira 1.7 waan ta'eef
 - D. 40% waan guutuu ta'eef
 - E. Hundumtuu sirriidha
2. Maatiin Afanii Guddaan bal'inaan naannoo Gammoojji Itoophiyaa Dhihaatti dubbatamu
 - A. Afro-Eeshiyaa
 - B. Nijjar-Koongoo
 - C. Naayiloo-Sahaaraa
 - D. Kooy-Saan
 - E. Hunduu deebiidha

3. Mootummaan Aksum durii keessatti Aduuliis _____ turte
 - A. Magaalaa guddoo.
 - B. Daangaa kibbaa
 - C. Biyya Aksum daldala “callisaa” wajjin adeemsistu.
 - D. Dhaabbata doonii
 - E. Deebiin hin kennamne
4. Bulchiinsota duudhaa armaan gadii keessaa cimdiin sirrii hintaane
 - A. Baahtoo -Tigraay
 - B. Makabantoo-Sabaat Beet\
 - C. Luwaa-Sidaamaa
 - D. Yajjokaa-Goordannaa
 - E. Deebiin hin jiru
5. Kanneen armaan gadii keessaa amala Sirna Gadaa kan hintaane kam?
 - A. Hangaa fi yeroo aangoo heeraa fi seeraan daangessuu.
 - B. Dhimma biyyaa gaggeessuu fi seera tumuu keessatti ummata hirmaachisu.
 - C. Mirga uumamaa falmachuuf fi waa horachuuf dubartootaaf mirga guutuu kennuu.
 - D. Mirgootaa fi dirqamoota lammummaa dhaloota hundaaf haala madaalamaan hiruu.
 - E. Deebiin hinjiru

Kutaa IV: Bakkeewwan duwwaa armaan gadii jecha ykn yaada sirri ta'een guuti.

1. Ragaan waa'ee jalqabamuu horii horsisuu naannoo Matahaaraa bakka _____ tti argame.
2. Waaqni ummanni Daamat waaqeffataa turan _____ jedhama.
3. Mootiin Zaaguwee manneen amantii 11 Roohaatti dhagaa tokko irraa boccisiisee ijaarsise _____ dha.
4. Maqaa aangoo mootota Walaayittaa _____ jedhama ture.
5. Afaan Kafichootti Waaqa jechuuf _____ jedhama.
6. Mootumman jalqaba jaarraa 19^{ffaa} laggeen Gibee fi Gojab jidduutti dagaagee ture _____ jedhama.
7. Afaan Gaafa Afrikaatti dubbatamaa turee yeroo ammaa bade _____ dha.

Lafaa fi Naannawa Ishee

BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA

Xumura barnoota boqonaa kanaa booda:

- Sadarkaa sadarkaan Wixinee kaartaa (iskeechii) mana barnootaa keetii fi naannawaa isaa muldhisu hojjachuu ni dandeessa.
- Ta'eewan sochiilee lafaatiin uumaman ni ibsita.
- Qabeenya bishaan Itoophiyaa kan wagga guutuu jiraatuu fi waqtii waqtii muld-hatu addaan ni baafatta.

2.1. ARGAMA NAANNOO KEENYAA

Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura barnoota mata duree kanaa booda:

- Faayidaa kaartaa ni ibsita.
- Akkaataa wixineen kaartaa itti hojjatamu ni himta.
- Wixinee kaartaa (iskeechii) argama mana barnoota keetii agarsiisu ni hojjatta.

Faayidaan kaartaa maal fa'a? Akkaataa wixineen (iskeechiin) kaartaa itti hojjatamu ibsuu dandeessaa?

Kaartaan meeshaa qaama lafaa guutuu yookiin gar-tokkee ishii bakka bu'uun akka haala salphaa ta'een hubatamuun danda'amutti gad xiqqeeffamee kan agarsiisu ennaa ta'u faayidaa addaa qaba.

Haa ta'u malee, namni yookiin ogeessi kaartaa hojjatu tokko wantoota naannoo isaatti argaman hunda kaartaa naannoo akka kaafamuuf barbaadame irratti kaasuun muldhisu hin danda'u.

Sababni isaas hammi baldhina lafaa inni dhugaatii fi hammi baldhina waraqaa kaartaan irratti kaafamuu waan wal qixa ta'uu hin dandeenyefiidha. Fakkeenyaaaf, wixineen kaartaa mooraa (dalla'a) mana barnootaa tokko haala teessuma lafaa, gamoowwan barnootaa fi waajjiraalee, biqiltootaa fi wantoota mooraa mana barnootaa keessatti argaman hunda muldhisu hin danda'u.

Waan kana ta'eef, duraan dursee murteewwan gurguddoo lama irra gahuu danda'uun barbaachisaa ta'a. Isaanis,

- (a) Odeeffannoowwan gurguddoo kaartaa irratti kaafamuu qaban filachuu (Teessuma lafaa, Biqiltoota, Laggeenii fi kan kana fakkaatan fa'a).
- (b) Wantoota gurguddoo filataman kanniiniif mallattoowwan adda addaa qopheeffachuu fa'a. Mallattoowwan filataman kуниин kaarticha irratti wantoota filatamaniif bakka bu'uun akka tajaajiluu danda'an mirkanoeffachuudha.

Rakkina kana furuuf hamma wantoonni dhugaan lafa irratti qabnii fi waraqaa irratti xiqqeffamanii kaafamanii walitti firoomsuuf malli ogeessi kaartaa hojjatu ittiin fayyadamu iskeelii jedhama.

Iskeelii kaartaa jechuun mala hariiroo fageenya kaartaa irratti qabxiilee lama jidduu jiruu fi hanga fageenyi kun lafa irratti bakkeewwan lamaan kaartaa irratti ibsaman jidduu jiru ibsuudha

Kaartaan faayidaa adda addaa kenna. Dhalli namaa erga uumamee lafa irra jiraachuu eegalee kaasee sadarkaa guddina adda addaa irratti dhimma garaa garaatiif kaartaatti fayyadamaa turuun isaa ni beekama. Fakkeenyaaaf, baroota durii keessatti namoonni bakka maddoota bishaanii, bakka adamoo(dhandhoolaa) fi karaa ittiin deemuun bira gahuu danda'an namoota birootti muldhisuuf wantoota akka cirrachaa, biyyee, dhagaa fi baala buusuun fayyadamaa turanii jiru.

Faayidaa kaartaan kenu keessaa gurguddoon **argama fi kallattii agarsiisuu, fageenya fi baldhina lafaa kaartaa irraa shallaguu** fa'a.

Wixinee (iskeechii) kaartaa hojjachuu yoo yaaddan waa'ee maalummaa kaartaa ilaalchisuun kanniin araan olitti ibsaman qalbeeffadhu. Mee ati wixinee kaartaa daree keessatti barattu dheerinaa fi dalgee ishii safaruun yookiin mooraa mana barnootaa kee kaasuuf yadde haa jennu. Mooraan mana barnootaa kee baay'ee baldhaadha. Mooraa mana barnootaa kana keessatti Gamoowwan, jechuun kutaalee barnootaa, gamoowwan bulchinsaa, manniin yaalii, mana kitaabaa, dirreewan ispoortii adda addaa, biqiltootaa fi wantoonni biroos ni argamu. Wantoota kanniin hunda akka jiraniin warqaa baldhina xiqqaa qabu irratti kaasuun hin danda'amuu. Waan kana ta'eef, wixinee kaartaa haala salphaa ta'een hojjachuu wantoota gurguddoo kaafamuu qaban filachuu fi mallattoowwan wantoota akka kaafaman filataman bakka bu'an murteeffachuun barbaachisaa dha.

GOCHA 2.1

1. Wixinee kaartaa mana barnoota kee hojachuun barsiisaa yookiin barsiiftuu kcctti agarsiisi.
2. Wixinee kaartaa naannoo mana keetti daandii yookiin laga agarsiisu hojjatuun wantoota kaafamaniiif mallattoolee ibsan kaa'uu barsiisaa yookiin barsiistuu keetti agarsiisi.

GILGAALA 2.1

Gaaffiilee gaggabaabaa

1. Kaartaan maali?
2. Faayidaan kaartaa gurgoddoon maal fa'a?

3. Iskeeliin kaartaa maali?

4. Kallattiiwwan hangafoota jedhaman eenyuu fa'a?

2.2. DANAA, SOCHIILEE LAFAA FI TA'EEWWAN ISAANII

Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura barnoota mata duree kanaa booda:

- Danaa lafaa addaan baafatta.
- Sochilee lafaa addaan baafatta.
- Ta'eewwan sochiilee lafaatiin uumaman ni ibsita.

Danaa Lafaa, Sochilee Lafaa fi Ta'eewwan Isaanii

Danaan lafaa maal fakkaata? Sochiileen lafaa maal fa'a? Ta'eewwan sababa sochii lafaatiin uumaman tarreessi. Halkanii fi guyyaan akkamiin uumamu? Waqitiileen hoo akkamiin uumamu?

Danaa Lafaa

Waa'ee danaa lafaa ibsuun dura haala argama lafaa beekuun barbaachisaadha. Waan kana ta'eef hawaan (universe) maal akka ta'e beekamuu qaba. Hawaan waan baay'ee baldhaa jalqabaa fi dhuma hin qabne yoo ta'u, qaamman akka urjiilee,pilaaneetootaa fi saatalaayitootaa fa'atu keessatti argamu.


Hawaa keessatti urjiileen tuuta tuutaan sirnaan qindaa'anii argaman **gaalaaksii** jedhamu. Sochiilee qorannoo hanga ammaatti taasifamaniin baay'inni Gaalaksoota hawaa keessatti argaman jedhamuu beekaman gara biliyoona kudhanii ta'u jedhamanii tilmaamamu. Gaalaaksonni hawaa keessatti argaman kan danaa murtaa'e qaban ni jiru. Fakkeenyaaaf, gaalaaksiin Sirni biiftuu keessatti argantu danaa gartokkee koorboo yookiin geengoo fakkaattu qabdi. Gaalaaksiin kunis Miilkiweyii jedhamuu beekamti.

Sirni biiftuu ammoo biiftuu mataa ishii, pilaaneetota adda addaa, saatalayitoota isaanii, komeetoota, astirooyidootaa fi meetiyooroota fa'a of keessa qaba. Sirna biiftuu keessatti qaamni guddoon biiftuudha. Biiftuun ifa mataa of qabdi. Qaamman Sirna Biftuu keessatti argaman keessa biiftuun parsantii 99 kan qabaattu ennaa taatu, gaamman ishii marsaa jiran immoo parsantii tokko qofa ta'u.

Hammi oo'a biiftuu irraa maddu gara qaama alaa ishii irratti 6000°C yoo shallagamu, gara qaama keessa ishiitti ammoo dabalaa deemuun $13,000.000^{\circ}\text{C}$ ol ta'a jedhamee tilmaamama.

Lafti biiftuu irraa fageenya gara 150,000,000km irratti argamti. Fageenya pilaaneetonni biiftuu irraa qabaniin yoo ilaalamtu lafti 3^{ffaa} irratti argamti. Ifti biiftuu irraa maddu lafa irra gahuuf daqiqaa 8 itti fudhata. Walumaa galatti oo'aa fi ifti lafti argattu biiftuu irraa dhufa.

Lafaa fi pilaaneetonni biroos danaa sarara murtaa'aa geengoo ta'e irra deemuun biiftuu irra dhihaa gara bahaatti naanna'u. Daandii yookiin sararrii lafaa fi pilaaneetonni biroo irra deeman murtaa'aan



Fakkii 2.1. Biiftuu fi pilaaneetoota ishii marsanii argaman

kun **Oorbitii** jedhama. Oorbitonni kunninis akka hin daaqne humnoonni taasisan jiru. Humnoonni kunnins humna seentirifugaal (Centrifugal force) fi humna seentiripital (Centripetal force) jedhamu. Humni seentiripital jedhamu humna sochii wantootaa gara wiirtuutti yookiin gara keessatti harkisu ennaa ta'u, humni seentirifugaal ammoo humna sochii wantootaa gara alaatti harkisuudha. Humnoonni lamaan kunnin wal madaalu. Sababa kanaanis ooribiitiin pilaaneetotaa akka murtaa'aa ta'u taasifame. Walitti dhufeenya pilaaneetotaa fi haallan isaanii guca armaan gadii irraa hubachuuf yaali.

Gabatee 2.1: Pilaaneetotaa fi Haallan isaanii

T.L	Maqaa Pilaaneetotaa	Fageenya biiftuu irraa qaban (kiiloomeetira miliyoonaan)	Yeroo adeemsi marsa biiftuu itti fudhatu	Dheerina yeroo of irra itti naanna'anii	Dheerina diyaameetira mudhii isaanii kiiloomatiraan	Lakkoofsa saatalaayitoota qabanii
1	Meerikurii	57.9	G.88.00	G.59	4,878	-
2	Veenus	108.2	G. 224.70	G.243	12,104	-
3	Lafa	149.6	W.1.00	S23d.56	12,756	1
4	Maarsii	227.9	W.1.90	S.24 d.37	6,787	2
5	Juppitarii	778.3	W.11.90	S9 d.50	142,800	16
6	Saatarnii	1427.0	W.29.50	S.10d14	120,000	20
7	Uraanas	2869.00	W.84.00	S11	51,800	15
8	Neeptuun	4,496.00	W.164.80	S16	49,500	2
9	Puluuttoo	4,900	W.247.70	G.6	300	1

Madda: Earth Science, 1987


W = Waggaa G = Guyyaa S = Sa'aatii D = Daqiiqaa

Danaan lafaa korboo (geengoo) guutuu miti. Akka danaa buphaa yookiin killee luffeedha. Namoonni baroota durii keessa lafti diriirtuudha yookiin baxxee akka minjaalaati jedhanii amanaa turan. Lafti diriirtuu waan taateef namni tokko yoo deemeedee mee qarqara lafaa irra gahe dhidhimatti/hallayyaatti kufee hafa jedhamee amanama. Yookiin qarqara lafaa irra yoo geenyee kufnee bishaan garba guddaa jalatti awwaalamna jedhuun sodaataa turan.

Haa ta'u malee, beekumsaa fi muuxannoo baroota dheeraa keessatti kuufamee fi qorannoo addunyaa irratti yeroo adda addaa godhameen lafti marfamtuu ta'u yookiin danaa luffataa akka killee (spherical shape) qabaachuun ishii beekame. Waa'ee danaa lafaa ilaachisee yeroo ammaa yaadni danaan lafaa akka killee (buuphaa) luffeedha jedhu fudhatama argatee jira.


Danaan lafaa marfamaa ta'uun haallan (ragaaleen) mirkaneessan hedduutu jiru. Fakkeenyaaaf;

- (a) **Sochii dhalli namaa addunyaa (lafa) naanna'uuf taasise:** Namni tokko bakka jiru irraa ka'ee gara fuulduraatti karaa qajeeloo irra yoo deeme bakka irraa ka'etti deebi'ee galuu danda'uun isaati. Fakkeenyaaaf adeemsa yeroo duraatiif addunyaa irra naanna'uuf Ferdinand Maajeelaanii fi hiriyyoonni isaa bara (1519-1525 A.L.Aw) naannoo Dhiha Awurooppaa irraa ka'uun karaa bahaatiin naanna'anii deebi'uun danda'uun lafti danaa marfamaa qabaachuu mirkaneessa.



Fakkii 2.2. Daandii Maajeelaan lafa naanna'uuf irra deeme

- (b) **Bakka lafaa fi samiin itti wal tuqan fakkaatu:** Hundee waaqaa (horizon) Naannoo dachee irratti bakka ededa lafa olka'oo irraa fi qaama bishaana'oo irra yemmuu deemamu bakki daangaan lafaa fi samiin itti waltuqu fakkaatu fageenyatti ni muldhata. Akkuma ol ka'iinsi lafaa ol dabalaan deemuun baldhinni daangichaas baldhataa deema.
- (c) **Muldhata dooniiwwanii:** Dooniiwwan qaamman bishaana'oo irra deeman fageenya irratti jalqaba kan muldhatu gubbaa isaanii qofa. Suuta suutan qaamni dooniiwwanii kan biroos muldhataa deemuun lafti danaa marfamaa ta'u muldhisa.



Fakkii 2.3. Haala deemsa Doonii Qaama bishaana'oo irra

- (d) **Bahuu fi seenuu biiftuu:** Akkuma lafti dhiha irraa gara bahaatti of irra naannooftuun qaamni lafaa kan gara biiftuutti yookiin gara bahaatti naanna'e ifa biiftuu dura yoo argatu, qaamni lafaa gara dhihaatti hafe ifa biiftuu waan hin arganneef ni dukkanaa'a. Kana irraa wanti hubachuu dandeenyu osoo lafti diriirtuu taatee addunyaan guutuun bahaan fi dhihaa biiftuu yeroo tokko qabaatu.
- (e) **Gaaddidduun lafaa addeesa irratti muldhachuu:** Gaaddisni yeroo lafti biiftuu fi Ji'a (addeessa) jidduu dabritu addeessa irra bu'u lafti danaa luffataa qabaachuu isii agarsiisa.
- (f) **Danaa qaamman Pilaaneetotaa:** Akka ragaan meeshaa teeleskooppiitiin argame ibsutti qaamman pilaaneetotaa hundi Biiftuu, ji'a, saatalaayitootaa fi urjiileen biroos danaa luffataa qabaachuu isaanii mirkanaa'eera.

- (g) **Suuraa lafaa kan qilleensa samii irraa ka'e:** Fakkiwwan lafaa bakkeewwan ol dheerina guddaa qabanii olitti rookkeetii fi saatalaayitii kaafaman lafti danaa luffataa qabaachuu ishii mirkaneessuun ifatti muldhisu.



Fakkii 2.4. Suuraa Lafaa Samii irraa kaafame

Sochiilee Lafaa fi Ta'eewwan Isaanii

Sirna Biiftuu keessatti lafti biiftuu irraa fageenyaan sadarkaa sadaffaa irratti akka argamtu armaan olitti ibsameera. Hamma lafaa beekuuf ammoo dheerina marsaa (circumference) ishii beekuun barbaachisaadha.

Dheerinni marsaa lafaa kiiloomeetira 40,000 akka ta'e mirkanaa'eera. Sararri handhuura lafaa keessa qaxxaamuree bantiilee Kaabaa fi Kibbaa wal qabsiisu dhiyaameetira bantii jedhama. Dheerinni diyaameetira bantii kun kiiloomeetira 12,640 yoo ta'u, sararri biroo kan Mudhii lafaa diyaameetira Mudhii lafaa jedhama. Dheerinni diyaameetira Mudhii lafaa kiiloomeetira 12,756 ta'a. Garaagarummaan dheerina diyaameetira bantiitee fi diyaameetira Mudhii lafaa jidduu jiru danaan lafaa guutumaa guututti akka korboo (geengoo) hin taane mirkaneessa. Naannoo Mudhii lafaa irratti danaan lafaa kollobbataa (goorrataa) yoo ta'u, naannoo bantiilee Kaabaa fi Kibbaa irratti ammoo lafti diriirina qabdi.


Sochiileen lafaa bakka lamatti qoodamu. Isaanis sochii lafti utubaa ishii irra naanna'uuf gootu (Rotation) fi sochii lafti biiftuutti marsuuf gootu (Revolution) dha.

- A. **Sochii lafti utubaa ishii irra naanna'uuf gootu;** lafti utubaa ishii irra yeroo tokko naanna'uuf sa'atii 24:00 itti fudhata. Lafti utubaa ishii irratti dhiha irraa gara bahaatti naannoofti. Utubaa lafaa kan jedhamu sarara yaadaa kan handhuura lafaa keessa dabruun bantii kaabaatii fi bantii kibbaa wal qabsiisuudha. Akkuma lafti dhihaa gara bahaatti of irra naannooftuun gar-tokkeen qaama ishii suuta suutaan gara ifaa fi oo'a biiftuu argatutti yoo naanna'u, gar tokkeen qaama ishii biroo ammoo ifaa fi oo'a biiftuu jalaa maqa. Karaa biraatiin garri qaama lafaa biiftuutti garagaluun ifaa fi oo'a argatu guyyaa ennaa ta'u, garri qaama lafaa biiftuu irraa maqe ammoo dukkanaa'uun halkan ta'a.

Akkuma lafti dhihaa irraa gara bahaatti naanna'aa deemtuun qaamni lafaa ifa hin arganne hundi ifa biiftuu argataa deema. Sararri utubaa lafaa digrii ($23\frac{1}{2}^\circ$) sarara qajeelaa yookiin dhaabbataa irraa duufa. Utubaan lafaa diriiroo oorbiitii lafaa irra osoo sirrii dhaabbatee guutuu qaama lafaa irratti sa'atii 24:00 keessatti sa'atiin 12:00 guyyaa, sa'atiin 12:00 ammoo halkan ta'a. Haa ta'u malee,

naannoo mudhii lafaa malee bakkeewwan biroo dheerina guyyaa fi halkanii walqixxee sa'aatii kudha lama lama hin qaban. Walumaagalatti, sochii lafti utubaa ishii irra naanna'uuf gootu irraa kan ka'e ta'eeewan uumamaa guyyaa fi halkan uumamaniiru. Kunis sa'aatii 24:00 keessatti raawwatama.

B. Sochii lafti biiftuuti marsuuf gootu: Lafti biiftuu irra al tokko naanna'uuf guyyoota $365\frac{1}{4}$ A yookiin waggaan tokko itti fudhata. Adeemsa lafti biiftuu irra naanna'uuf gootuun garaagarummaan dheerina guyyaa fi halkanii ni uumama. Yeroo lafti biiftuu irra naanna'uuf sochii gootu utubaan lafaa $23\frac{1}{2}^\circ$ dalgatti duufuuf waqtileen adda addaa akka uumaman taasisee jira. Waqtiileen kunniinis Ganna, Birraa, Bona, Arfaasaa/Badheessa/jechuun beekamu.



Fakkii 2.5. Adeemsa biiftuu fi waqtiiilee

Waxabajji 21tti bantiin kaabaa gara biiftuutti ennaa duufu bantiin kibbaa ammoo biiftuu irraa (jalaa) maqa. Naannoo bantii kaabaatti bakkeewwan sarara Arkitikii ($66\frac{1}{2}^\circ$ Ka) marfaman sa'aatii 24:00 guutuu ifa biiftuu yoo argatan Guyyaa kana biiftuun sarara Kaansarii irrattis sirrii sammuu irra oolti. Bakkeewwan naannoo bantii kibbaatti sarara Antarkitikaa ($66\frac{1}{2}^\circ$ Ki) marfaman sa'aatii 24:00 guutuu ifa biiftuu argachuu dhabuun dukkana keessa oolu.

Muddee 21 tti baantiin kibbaa gara biiftutti ennaa duufu bantiin kaabaa ammoo biiftuu irraa maqa. Guyya kanatti biiftuun sarara Kaappirikoonnii irratti sirrii sammuu irra yoo ooltu, bakkeewwan sarara Antarkitikaatiin marfamanii argaman sa'aatii 24:00 guutuu ifa biiftuu ennaa argatan, bakkeewwan sarara Arkitikiin marfamanii argaman sa'aatii 24:00f biiftuu argachuu dhabuun dukkana keessa galu.

Gama biraatiin biiftuun waggaatti mudhii lafaa irratti yeroo lamaaf sirrii sammuu irra oolti. Kunis Bitootessa 21 fi Fulbaana 23tti muldhata. Fulbaana 23tti biiftuun naannoo kaabaa irraa deebi'uun sarara Mudhii lafaa irratti sirrii sammuu irra oolti. Akkasumas, Bitootessa 21tti biiftuun naannoo kibbaa irraa ol deebi'uun sarara Mudhii lafaa irratti sirrii sammuu irra oolti. Guyyoota lamaan kanniinitti fuula lafaa guutuu irratti dheerinni guyyaa fi halkanii wal qixa ta'a. Kana jechuunis bakkeewwan lafa irratti argaman hundi sa'aatii 12:00 ifaa fi sa'aatii 12:00 dukkana qabaatu jechuudha. Sababni isaas sararri Mudhii lafaa qaama lafaa kaabaa fi kibbatti bakka walqixa ta'an lamatti qooduun waan darbuudhaaf.

Waqtii jechuun maal akka ta'e beektaa? Waqtiiin yeroo waggaan keessatti argamu kan ji'oota heddu of keessaa qabudha. Kunis Waxabajji 21 hanga Fulbaana 23tti bakkeewwan naannoo hemisfeera

kaabaa keessatti argaman guyyaa dheeraa fi halkan gabaabaa qabaatu. Oo'aa fi rooba guddas ni argatu. Hemisfeera kaabaa keessatti yeroon kun waqtii gannaa jedhama. Faallaa kanaatiin ammoo bakkeewwan naannoo hemisfeera kibbaa keessatti argaman halkan dheeraa fi guyyaa gabaabaa qabaatu. Oo'a gahaa waan bin arganneef ni qorru. Roobas hin argatan. Hemisfeera kibbaatti yeroon kun waqtii Bonaa jedhama.

Yeroo lafti naannooftu biiftuun gara hemisfeera kaabaa fi hemisfeera kibbaa keessa oolti. Kunis Waxabajji 22 irraa kaasee biiftuun gara kibbaatti deebi'uu eegalti. Yeroo kana hemisfeera kaabaa keessatti dheerinni guyyaa suuta suutaan gabaabataa yoo deemu, dheerinni halkanii ammoo dabalaan deema. Fulbaana 23tti biiftuun waan sarara Mudhii lafaa irratti sirrii sammuu irra ooltuuf guutuu addunyaa irratti dheerinni guyyaa fi halkanii walqixa ta'a. Guyyaan Fulbaana 23 kun hemisfeera kaabaatiif waqitiin gannaa dabruun guyyaa waqtii birraa eegaluu agarsiisa. Akkasumas, hemisfeera kibbaatiif guyyaan kun yeroo waqtii Afraasaa itti seenudha.

Bakkeewwan hemisfeera kibbaa keessatti argaman Mudde 22 irraa kaasee hanga Bitootessa 21tti oo'aa fi rooba guddaa argatu. Naannoolee hemisfeera Kibbaatiif yeroon kun waqtii gannaa yoo ta'u, naannoolee Mudhii lafaa irraa gara kaabaatti argamaniif ammoo waqtii bonaati.

Biiftuun Mudde 22 irraa kaasee hemisfeera kibbaa keessaa suuta suutaan gara Kaabaatti deebi'aa waan deemtuuf dheerinni guyyaa suuta suutaan gabaabbataa ennaa deemu, dheerinni halkanii himisfeera kanatti dabalaan deema. Bitootessa 21 biiftuun yeroo lammaaf Mudhii lafaa irratti sirrii sammuu irra oolti. Guyyaan kana guutuu addunyaa irratti si'a lammataaf dheerinni guyyaa fi halkanii walqixa ta'a. Hemisfeera Kibbaa keessatti Bitootessi 21 yeroo waqtii gannaa xumuramee waqtii birraa itti eegaluu yoo ta'u, hemisfeera kaabaatiif ammoo gaafa waqtii Bonaa xumuramee waqtii Afraasaa itti eegaluuudha. Kanas Gabatee armaan gadii irraa ilaaluun hubachuuf yaali.

Gabatee 2.2: Jijiirama Waqtilee

Ji'oota	Waqtilee	
	Hemisfeera Kaabaa	Hemisfeera Kibbaa
Waxabajji, Adoolessa fi Hagayya	Ganna/Summer	Bona/Winter
Fulbaanaa, Onkoloolessa fi Sadaasaa	Birraa/Autumn	Arfaasaa(Badheessa)/Spring
Muddee, Ammajii fi Gurraandhala	Bona/Winter	Ganna/Summer
Bitootessa, Ebla fi Caamsaa	Afraasaa(Badheessa)/Spring	Birraa/Autumn

Madda: Kitaaba barataa kutaa 6, bara 1992

GOCHA 2.2

- Haala danaa lafaa hubachuuf Handhuura gabbisa barnootaa dhaquun giloobi ilaali. Itti aansuun waraqaawwan ciccitanii fi moofa'an bukeessuun waan danaa korboo yookiin gecngoo ta'e irratti hapheessuun giloobii hojjadhu.
- Sochii lafti utubaa ishii irratti gootuun ta'eewan uumaman guyyaa fi halkan ennaa ta'an, kana hubachuuf baatirii harkaa qopheeffachuuun giloobicha dhiha irraa gara bahaatti naanneessuu fi harka tokkoon baatirii itti ibisuun hubachuuf yaali. Kanas giloobii hojjatte irratti daree keessatti agarsiis.

GILGAALA 2.2

Gaaffiilee gaggabaabaa

1. Sirni Biiftuu qaamman akkamii of keessatti ammata?
2. Pilaaneetota keessaan pilaaneetiin diyaameetira dheerina guddaa qabdu kami?
3. Ta'eewan sochii lafti utubaa ishii irratti gootuun uumaman maal fa'a?
4. Oorbiitiin maali?
5. Dheerina diyaameetira bantiilee fi dheerina diyaameetira mudhii lafaa barreessi.

6. Maqaa waqtilee afranii tarreessi.
7. Fageenyii lafaa fi biiftuu jidduu jiru kiloomeetira meeqa?
8. Biiftuun Sarara Kaansarii irratti sirrii sammuu irra yoom oolti?
9. Naannoobantii kibbaa sa'atii 24:00 dukkana keessa kan oolu yoomi?
10. Biiftuun sarara Mudhii lafaa irratti yoomii fi yoom sirrii sammuu irra oolti?

2.3. DHIIBBAА WAQITLEEN HOJII QOTISAA FI HORSISA HORII IRRATTI QABAN

Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura barnoota mata duree kanaa booda:

- Dhiibbaa waqtileen sochiwwan dinagdee qotiisaa fi horsiisa horii irratti qaban wal bira qabuun ni ibsita.

Itoophiyaan biyya hemisfeera kaabaa keessatti argamtuu fi waqtilee afur qabduudha.

Waqtileen kunniin, Ganna, Birraa, Bonaa, fi Afraasaa yookiin Badheessa jedhamuun beekamu. Itoophiyaan naannoo qilleensa baramaa tiroopiksii (naannoo oo'aa). Haala argama oo'a biiftuu irratti hundaa'uun biyyattin qilleensa baramaa oo'aa qabdi jedhamee yaadaama.


Naannooleen Itoophiyaa hundinuu caarallaa biiftuu sirrii sammuu irraa oolu waggaatti yeroo lama argatu. Inni duraa jidduu ji'a Eblaa fi ji'a Waxabajjii ennaa ta'u, inni Iammaffaa ammoo jidduu ji'a Waxabajjii fi ji'a Fulbaanaa keessatti muldhata.

Irra caalaan naannoolee lafa ol ka'oo Itoophiyaa rooba guddaa kan argatan waqitii gannaa (ji'oota Waxabajjii, Adoolessaa fi Hagayyaa) yoo ta'u, naannooleen lafa dakee kaaba baha fi kibba baha Itoophiyaa ammoo waqtii gannaa rooba hin argatan. Itoophiyaa keessatti waqtii roobaa inni lammataa waqtii Afraasaati. Waqtii birraa ji'oota Fulbaana, Onkoloolessaa fi Sadaasaa kan qabu yoo ta'u, waqtii Afraasaa ammoo ji'oota Biteetossa, Eblaa fi Caamsaa qaba.

Waqtilee kanniinitti Itoophiyaa keessatti naannooleen rooba argatan naannoolee lafa dakee kibbaa fi kibba-bahaati. Akkasumas, bakkeewwan naannoolee lafa ol ka'oo baha fi jidduu galeessa biyyattii rooba waqtii Birraa fi Afraasaa argatu. Irraa caalaan naannoolee Itoophiyaa waqtii bonaa rooba hin argatan. Haa ta'u malee, bakkeewwan ol ka'oon naannoolee kaaba bahaatti argaman rooba ganna fi quubsaa ta'u baatuus rooba waqtii bonaa hamma tokko ni argatu. Naannoobantii dhiha Itoophiyaa (naannoo dhiha Oromiyaa fi Gaambeelaa) wagga guutuu rooba argatu.

Naannooleen Itoophiyaa hundi hamma roobaa wal qixa ta'e hin argatan. Naannooleen lafa ol ka'oo naannoolee lafa dakee caalaa rooba argatu. Itoophiyaa keessatti hojii lafa qotuun midhaan gosa adda addaa oomishuu fi horii akaakuu adda addaa, horsisuun damee hojii namoonni baay'een irratti bobb'aanii argamanii dha. Lafa qotuun midhaan oomishuu fi horii horsiisuun argama roobaatiin walqabata.

Waqtii ji'oota gannaan waan roobni gahaan jiraatuuf midhaan goса adda addaa, kuduraa fi muduraalee baay'inaan oomishuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, naannoolee Itoophiyaa hunda keessatti roobni yeroo wal fakkaatuu fi haala wal fakkaatuun waan hin argamneef oomisha qotisaa irratti dhibbaa guddaa qaba. Kunis, yoo roobni jiru oomishni gahaan akka argamu ennaa taasisuu yoo roobni hin jirre hammi oomisha argamu akka xiqqaatu taasisa. Horii akaakuu adda addaa horsiisuufis margi gahaan argamuu qaba. Margi kan argamu yoo hammi rooba gahaan ta'e jiraate qofa. Yoo margi gahaan hin jiraanne ammoo horii horsiisuun baa'yee rakkisaadha.



Fakkii 2.6. Haala Faca'insa Rooba Itoophiyaa

Kana malees, Itoophiyaan yeroo baay'ee caamaan miidhamti. Dhalli namaa naannoo isaa sirnaan yoo kan itti hin fayyadamne ta'e biyyeen gabbina akka dhabdu taasisa. Kunis uumamuu kan danda'u sababa cirama bosona, horii baay'ee lafa xiqqoo irratti dheechisiisuu, lafa qotisaa jijiiruu fi lafa qotisaa yeroo dheeraaf boqonnaa malee itti fayyadamuudhaan. Haalli kunis biyyeen qullaatti akka haftuu fi humnoota biyyee haranii deemaniin kan akka lolaa bishaanii fi humna bubbeetiif saaxilamtu taasisa.

Walumaagalatti, Itoophiyaa keessatti haalli oomisha midhaan goса adda addaa fi horsiisa horii mala aadda irratti kan hundaa'ee fi rooba irratti kan irkatu waan ta'eef guddina misooma dinagdee Itoophiyaa irratti jijiiramni waqtiilee dhiibbaa guddaan akka uumu taasisee jira.

GOCHA 2.3

1. Sochii hojii qonnaa lafa baddaa fi dakee tokko tokko akka fakkeenyatti Itoophiyaa keessatti adeernsifamu hojjataa misooma qonnaa ganda keetii gaafaachuun gababaasa barsiisaa keetiif dhiyeessi.

Cuunfaa

Faayidaa kaartaa keessaa gurguddoon argama, fageenya, baldhinaa fi kallattii ibsuu danda'uudha. Kaartaan meeshaa qaama lafaa guutuu yookiin gar-tokkee ishii haala salphaa ta'een itti hubatamuu

danda'utti gad xiqreessee waraqaa diriiraa irratti akka waan samii irraa gad ilaalamutti kan muldhisuudha.

Kaartaan waan hunda al-tokkotti muldhisuu waan hindandenyeef duraan dursamee murteewwan lamaan gurguddoon kaa'amuu qabu. Isaanis, odee effannoowwan gurguddoo kaartaa irratti kaafamuu qabanii fi wantoota akka kaartaa irratti kaafaman filatamaniif mallattoowwan bakka bu'an qopheeffachuudha.

Kaartaan hundinuu hamma baldhina lafa kaartaa irratti kaafamee hin gahan. Wantoota baay'ee hamma qabatamaan jiranii gaditti xiqqeessuun argarsiisa. Malli kunis iskeelii kaartaa jedhama. Iskeeli kaartaa jechuun hariiroo fageenya kaartaa irratti qabxiilee lama jjidduu jiruu fi hanga fageenyi kun lafa irratti bakkeewwan lamaan kaartaa irratti ibsaman jidduu jiru mala ibsuudha.

Dhalli namaa erga uumamee lafa irra jiraachuu eegalee kaasee sadarkaa adda addaatti kaartaatti akka fayyadamaa dhufe seenaan kan ibsu yoo ta'u, hardhas ta'ee borus akka itti fayyadamu ni amanama.

Hawaan waan baay'ee baldhaa jalqabaa fi dhuma hin qabne yoo ta'u, qamman akka urjiilee, pilaaneetotaa fi saatalaayitotaa keessatti argamu. Urjiileen hawaa keessatti tuuta tuutaan qindaa'anii argaman gaalaaksii jedhamu. Gaalaaksonni Hawaa (Univarse) keessatti argaman gara biliyoona 10tti kan lakkaa'aman yoo ta'an, Gaalaaksiin sirni biiftuu keessatti argamu Miilkiweeyii jedhamuun beekama.

Gaalaaksiin Sirna Biiftuu keessatti argamu danaa korboo yookiin geengoo fakkaatu qabdi. Sirni Biiftuu ammoo biiftuu dabalatee, pilaaneetota, saatalaayitoota, komeetota, astirooyidootaa fi meetiyyoroota of keessaa qaba. Biiftuun sirna ishii keessatti guddinaan 99% qabdi. Biiftuun ifa mataa ishii qabdi.

Daandiin yookiin sararri yaadaa laftii fi pilaaneetonni biroo dhihaa gara bahaatti irra naanna'uun biiftuu marsan Oorobiitii jedhama. Danaan lafaa karboo akka danaa buuphaa luffataadha. Danaan lafa marfamaa ta'uu haallan mirkaneessan addunyaa irraa naanna'uuf godhame, bakka lafaa fi samiin itti waltuqan fakkaatu, muldhata dooniiwwanii, bahaa fi seensa biiftuu, danaa addeessaa, danaa qaamman pilaaneetotaa, fi suuraawwan lafaa kan qilleensa irraa kaafuman fa'a.

Lafti fageenya biiftuu irraa qabduun sadaffaa irratti kan argmtu yoo ta'u, sochiilee lama gooti. Sochiin tokko sochii lafti utubaa ishii irra naanna'uuf gootuudha. Sochii lafti utubaa ishii irra nannaa'uuf gootuun halkanii fi guyyaan yoo uumaman, sochii lafti biiftuu irra naanna'uuf gootuun ammoo waqtilee adda addaa (ganna, birraa, bona fi Arfaasaa/Badheessa/) fa'atu uumama.

Waxabajjii 21tti biiftuun sarara Kaansarii irratti, Fuulbaana 23tti sarara Mudhii lafaa irratti, Muddee 21 tti sarara Kaaprikoornii irrattii; fi Bitootessa 21 tti sarara Mudhii lafaa irratti sirrii sammuu irra ooliti. Sararri yaadaa Mudhii lafaa, lafa kaabaa - kibbaatti bakka lama walqixxee ta'etti qooda. Qaanmi lafaa sarara Mudhii lafaa irraa gara Kaabaatti argamu Hemisteera Kaabaa yoo jedhamu, kan gara Kibbaatti argamu ammoo Hemisteera Kibbaa jedhama.

Itoophiyaan naanno Hemisfeera Kaabaa keessatti argamti. Waqtileen arfan Itoophiyaan qabdu Ganna, Birraa, Bona fi Arfaasaadha. Jijiiramni waqtilee kunis hojii oomisha qotiisaa fi horsiisa horii irratti dhiibbaa uuma. Waqtii ji'oota ganna roobni gahaan waan jiruuf oomishaa adda addaa baay'inaan oomishuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, naannooleen Itoophiyaa hundi rooba gahaa fi walqixa ta'e hin argatan. Haalli oomsha midhaan adda addatii fi horsiisni horii mala aadaa irratti waan hundaa'eef misooma dinagdee Itoophiyaa irratti jijiiramni waqtilee dhiibbaa guuddaa uuma.

GAAFIILEE XUMURA BOQONNAA 2

Kutaa I: Yoo himoonni armaan gadii sirrii ta'an Dhugaa yoo dogoggora ta'an ammoo Soba jechuun barreessi.

1. Faayidaa kaartaa keessaa tokko argama bakka (biyya) tokkoo ibsuudha.
2. Wantoota mooraa mana barnoota keessatti argaman hundaa wixinee kaartaa mana barnootaa qophaa'u irratti agarsiisuun ni dana'ama.
3. Hawaan waan baay'ee baldhaa jalqabaa fi dhuma qabuudha.
4. Gaalaaskiin Simi biiftuu keessatti argamtu danaa diriiraa qabdi.
5. Dheerinni diyaameetirota Mudhii lafaa fi Bantiilee wal qixa.
6. Sochii lafti utubaa ishii irra naanna'uuf gootuun ta'eewwan uumaman waqitiileedha.
7. Bakkeewwan hemisfeera kibbaa keessatti argaman Mudde 22 irraa kaasee hanga Bitootessa 20tti oo'aa fi rooba guddaan argatu.
8. Biiftuun gara hemisfeera Kaabaa fi hemisfeera Kibbaatti sochooti.
9. Waqtii ji'ota gannaar roobni gahaa waan jiruuf midhaan gosa addaa addaa baay'inaan oomishuun ni danda'ama.
10. Itoophiyaan rooba guddaa ji'ota Waxabajjii, Adoolessaa fi Hagayyaa argatti

Kutaa II: Yaadota toora "A" jala jiran kanneen "B" jala jiraniin walitti firoomsi.

A

1. Oomisha midhaanii fi horsiisa horii.
2. Ji'a Birraa
3. Biiftuun yeroo lammaaffaaf sirrii sammuu irra oolti
4. Sarara Arkitiikii
5. Sarara Pilaaneetonni irra naanna' an

B

- A. Orbiitii
- B. Mala aadaatiin
- C. Bitootessa 21
- D. Onkololessa
- E. $66\frac{1}{2}^\circ$ ka
- F. Itoophiyaa
- G. $66\frac{1}{2}^\circ$ ki

Kutaa III: Gaaffiwwan armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Hawaa keessatti urjiileen tuuta tuutaan qindaa'anii argaman maal jedhamu?
 - A. Gaalaaksii
 - B. Sirna biiftuu
 - C. Urjiilee
 - D. Pilaaneetii
2. Lafti al tokko utubaa ishii irra naanna'uuf yeroo hammamii itti fudhata?
 - A. Sa'atii 48:00
 - B. Sa'atii 24:00
 - C. Guyyaa 16
 - D. Guyyaa 20
3. Naannoolee hemisfeera Kaabaatiif guyyaan waqtiiin gannaar dabree guyyaan waqtii birraa itti eegalu yoomi?
 - A. Waxabajjii 22
 - B. Mudde 22
 - C. Fulbaana 23
 - D. Bitootessa 21

4. Fageenyi marsaa lafaa kiiloomeetira meeqa ta'a?
 - A. 12,640 km
 - B. 40,000 km
 - C. 12,756 km
 - D. 25,396 km
5. Biiftuun fuula laftaa irratti yeroo lamaaf kan sirri sammuu irra ooltu yoomii fi yoomi?
 - A. Waxabajji 22 fi Fuulbaana 23
 - B. Bitootessa 21 fi Waxabajji 22
 - C. Fulbaana 23 fi Bitootessa 21
 - D. Mudde 22 fi Waxabajji 22

Kutaa IV: Gaaffiilee armaan gadiitiif deebii gaggabaabaa kenni.

1. Sochii lafti utubaa ishii irra naanna'uuf gootuun ta'eeawan uumamaa maal fa'a?
2. Naannoo bantii Kaabaatti bakkeewwan sarara Arkitiikii ($66\frac{1}{2}^\circ$ Ka) keessatti argaman sa'atii 24:00 guutuu ifa biiftuu kan argatan gaafa kami?
3. Waqtii birraa keesatti ji'oota argaman tarreessi.
4. Fardinaandi Maajelaanii fi hiriyoonni isaa yeroo duraatiif addunyaa irra naannaa'uuf kan deeman akka lakkofsa Awurooppaatti bara kami?
5. Pilaaneetota kassaa kan gara biiftuutti dhiyattee argamtu kami?

Naanoo Keenya

BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA

Xumura barnoota boqonaa kanaa booda:

- Gosoota biqiltoota uumamaa, bineensota bosonaa beekamoo fi karaalee ittiin kunuun-faman ni ibsita.
- Dhibbaa saffisaan baay'achuun lakkofsa ummataa guddina biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irraan gahu ni ibsita.

3.1. GOSOOTA BIQILTOOTA UUMAMAA, BINEENSOTA BOSONAA BEEKAMOO FI BARBAACHISUMMAA ISAANII

Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura barnoota mata duree kanaa booda:

- Gosoota biqiltoota uumamaa Itoophiyaa fi naanoo gaafa Afrikaa keessatti argamanii addaan ni baafatta.
- Bineensota bosonaa beekamoo Itoophiyaa fi naanoo gaafa Afrikaatti argaman maqaan ni tarreessita.
- Garaagarummaa bineensota bosonaa Itoophiyaa keessatti qofaa fi bineensota naanoo gaafa Afrikaatti argamanii ni ibsita.
- Barbaachisummaa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa Itoophiyaa fi naanoo gaafa Afrikaa ni ibsita.
- Barbaachisummaa kumuunsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaatiif godhamuu qabu namootaaf ni ibsita.
- Barbaachisummaa kumuunsa bakka jirenya bineensota bosonaatiif godhamuu qabu ni ibsita.
- Dhibbaa saffisaan baay'achuun lakkofsa ummataa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irratti qabu ni tarreessita.
- Akkataa hojii kumuunsa biqiltoota fi bineensota bosonaatiif godhamu keessatti hirmaachuun itti danda'amu ni ibsita.

- Maloota beekamoo biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa ittiin kunuunsan ni tarreessita.
- Dalagaawwan kunuunsa haala qabatamaa naannootiin walitti fiduun sochii kunuunsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irratti ni hirmaatta.
- Bineensota bosonaa Itoophiyaa keessatti qofa argaman ni tarreessita.

Gosoota biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa beekamoo

Biqiltoota uumamaa jechuunmaali? Gosoota biqiltoota uumamaa beekamoowwan tarreessuu dandeessaa? Naannoo at keessa jiraatutti biqiltooni uumamaan jiran maal fa'a? Biqltoota uumamaa Itoophiyaa beekamoowwan tarreessuu dandeessaa? Bineensota bosonaa jechuun maal? Bineensota bosonaa beekamoo Itoophiyaa keessatti qofa argaman maqaan tarreessuu dandeessaa? Bineensota bosonaa Itoophiyaa kanniin sadarkaa badiitii irratti argaman fakkeenya kennuun ibsuu dandeessaa?

Bosona, micireewwan, margaa fi kanniin biroos kan uumamaan biqilanii argaman hundi biqiltoota uumamaa jedhamu. Kana malees, biqiltuuwwan akaakuu adda addaa harka namaatiinis dhabamanii ni guddatu. Biqiltooni uumamaas ta'anii harka namaatiin dhaabamanis amala mataa isaanii qabu.

Biqiltooni lubbu-qabeeyyiidha. Biqiltooni bakka jiranii yookiin itti biqilanii akka lubbu qabeeyyi biroo deemuu hin danda'an.

Biqiltooni lubbu qabeeyyi waan ta'aniif waan sooratan yookiin nyaatn barbaadu. Biqiltooni nyaata isaanii kan argatan ammoo biqiltuuwwan bifa (halluu) magariisaa qaban humna biiftuutti gargaaramuun bishaan, kaarboondaayi oksaayidii fi aluuddan irraa waan nyaatan hojjachuudhaan. Adeemsi qophii nyaata biqiltooni magarisaa ittiin qopheessan **footoosinteesisi** jedhama. Nyaanni qopheessan ammoo **kaarboohayidireetii** jedhama. Biqitlooni magariisaa nyaata isaanii qopheeffachuuw wantoonni armaan olitti ibsaman guutamanii argamuu qabu. Wantoota qophii nyaataatiif barbaachisan keessaa tokko yoo dhabamee fi yookiin yoo xiqlaate hamma barbaadamuu gad ta'e guddina biqiltootaa irratti dhiibbaa guddaa uumuu danda'a.

Biqiltuuwwan guddachuuf wantoonni barbaachisan gurguddoon **tempireechara bishaan, biyyee fi qilleensa**. Yoo hammi tempireechara naannoo yookiin bakka tokkoo 6°C gad ta'e biqiltuuwwan guddachuuf hin danda'an. Addunyaan naannoolee qilleensa baramaa adda addaa qabdi.

Addunya keessatti naannoowwan biqiltooni itti biqiluu danda'an bakkeewwan tempireechara 6°C ol qabanii fi hamma tempireechara biqiltuuwwan akaakuu adda addaa barbaadan yoo argatan biqiltuuwwan haala wal irraa hin cinneen guddachuuf ni danda'u.

Hammi tempireecharaa 6 °C gad yoo ta'ee fi hamma tempireecharaa biqiltuuwwan barbaadanii olis yoo ta'e guddina biqilaal irratti rakkinni ni uumama.

Bishaan akkuma lubbu-qabeeyyi birootiif barbaachisu guddina biqiltoota hundaafis barbaachisaadha. Naannoolee bishaan hin jirretti biqiltooni biqiluu hin danda'an. Bakkeewwan hanqina bishaanii qaban irratti guddinni biqiltootaa saffisaa miti. Biqiltoota uumamaan qaama dachee irratti biqilaniif bishaan kan argamu roobaa irraayi. Bakkeewwan waggaa keessatti hamma roobaa guddaa argatanitti bosona yookiin biqiltuuwwan hedдуминаан kan argaman yoo ta'an, bakkeewwan hanqina roobaa qabanitti ammoo biqiltuuwwan micireewwanii baay'inaan argamu.

Biqiltooni akkuma hamma tempireechara garaagaraa barbaadan hammi roobaa barbaadanis garaagarummaa ni qabaata. Biqiltooni naannoolee bosona jiidhaa roobaa keessatti argaman guddachuuf

waggaatti hamma roobaa 1500 mm ol barbaadu. Karaa biraatiin ammoo naannoolee gammoojji oo'aa keessatti biqiltooni biqiluu hamma roobaa waggaatti 250 mm qofa waan argataniif akka biqiltoota naanno bosona jiidhaa roobaatti guddachuu hin danda'an.

Biqiltuuwan naannoolee lamaan ibsaman kanniin keessatti argaman hedдуминаан, guddina qaамати fi gosaanis wal hin fakkaatan.

Biqiltuuwan guddachuuf wanti barbaachisaan tokko biyyeedha. Haa ta'u malee, biyyee akaakuu tokkoo irratti biqiltooni akaakuu maraa biqiluu hin danda'an. Biqiltooniakkuma hamma tempireecharaa fi bishaanii mataa mataa isaaniitiif barbaadan biyyee irratti haala gaariin biqiluu kan danda'an yoo hammaa fi akaakuuwan albudootaa mataa isaaniitiif barbaachisan qofa keessatti argatanidha. Fakkeenyaaaf, biqituuwan tokko tokko albuuda foosfarasii, albuuda salfeetii fi kanniin biroos ammoo albuuda naayitireetii barbaaduu ni danda'u.

Gosti biyyee heddudha. Isaan gurguddoon ammoo biyyee suphee, biyyee cirrachaa fi biyyee loomii jedhamuun bakka gurguddoo saditti qoodamu. Akaakuuwan biyyee kunniinis amala mataa isaanii qabu. Biyyeen cirrachaa bishaan of keessatti qabatee tursiisuu hin danda'u. Biyyeen suphee ammoo bishaan haala salphaan waan keessa dabruu hin dandeenyeef yeroo roobaa walqabachuun ni dhoqqaa'a. Yeroo bonaa ammoo ni dhodhoo'a. Akaakuuwan lamaan biyyee kun guddina biqiltootaaf mijaa'ina hin qaban.

Biyyeen guddina biqiltoota adda addaatiif mijaa'ina qabdu jiddu galeessatti biyyee wal makaan biyyee suphee fi biyyee cirrachaa of keessa qabdu yoo taatu, biyyee "loomii jedhamuun beekamti. Biyyeen loomii kun bosbosa (kosii) lubbu qabeeyyii adda addaa of keessa qaba. Biyyeen loomii akka biyyee cirrachaa bishaan of keessa hin dabarsu. Akka biyyee suphee ammoo bishaan of keessatti osoo hin kuufne hamma bishaan guddina biqiltootaatiif barbaachisu waan of keessatti qabatuuf guddina biqiltootaatiif mijaa'aadha.

Biqiltoota uumamaa bakka gurguddoo saditti qooduun ilaaluun ni danda'ama. Isaanis, bosona, margaa fi micireedha. Faca'insa biqiltoota uumamaa wantoota to'atan keessa haalli qilleensa baramaa isa tokkoodha. Fakkeenyaaaf, garaagarummaan ol ka'iinsa haala teessuma lafaa naanno yookiin biyya tokkoo haala teessuma lafaa adda addaa irratti biqiltooni akaakuuwan adda addaa akka biqilan taasisa.

Yaada kana irratti hundaa'uun faca'iinsa biqiltoota uumamaa Itoophiyaa yoo ilaalle dhugaa kana hubachuu dandeessa. Kunis, Itoophiyaa keessatti gosooni biqiltoota naanno gammoojji, gammoojjiitti siqu (semi desert), lafa caffaa'aa irraa kaasee hanga biqiltoota naanno diilallaa'aa ta'an keessatti margantu argamu. Waan kana ta'eef biqiltoota uumamaa Itoophiyaa bosona, lafa margaa fi biqiltoota gammoojji oo'aa jedhamuun bakka gurguddoo sadiitti qoodamu.


Bosona jechuun mukkeen gurguddoo akaakuuwan adda addaa naannoolee rooba gahaan argatan keessatti hedдуминаан argamanudha. Itoophiyaa keessatti naannooleen bosona hedдуматаан itti argaman naannoolee lafa baddaa kibba-dhihaa fi naannoolee lafa baddaa Kibba-bahaati. Bosona lafa baddaa kunniinis bakkeewwan ol ka'iinsa teessuma lafaa 1400–2500 m qaban irratti argaman.

Itoophiyaan haala teessuma lafa adda addaa qabdi. Haalli kun ammoo Itoophiyaan naannoolee qilleensa baramaa adda addaa fi biqiltoota akaakuuwan adda addaas baay'inaan akka qabaattu taasisee jira. Kanas chaartii armaan gadii irraa ilaaluun hubachuuf yaali.

Gabatee 3.1: Haala ol ka'iinsa Lafaa fi Faca'iinsa Qilleensa Baramaa

Ol ka'iinsa Lafaa (meetiraan)	Maqaa Naanoo Qilleensa Baramaa		Hamma oo'aa jiddu galeessa (°C)
	Akka Addunyaatti	Akka Itoophiyaatti	
Meetira 3300 fi isaa ol	Alpine	Diilallaa'aa	10°C gad
Meetira 2300–3300	Temperate	Baddaa	10°C–15°C
Meetira 1500–2300	Sub-Tropical	Badda-daree	15°C–20°C
Meetiraa 500–1500	Tropical	Gammoojji	20°C–30°C
Meetira 500 gad	Desert	Gammoojji oo'aa	30°C–40°C

Madda: Atlas for Secondary Schools of Ethiopia.



Fakkii 3.1. Haala faca'iinsa qilleensa baramaa Itoophiyaa

Gosooni bosona Itoophiyaa bakka gurguddoo lamatti qoodamu. Isaanis bosona lafa baddaa fi bosona lafa dakeeti.

Bosona Itoophiyaa naannoolee lafa ol ka'oo ta'an irratti argaman:

- (a) **Bosona mukkeen baala babaldhaa qabaachuun beekame:** Bosona kun baala babaldhaa fi lalisaa ta'e qaba. Irra caalaatti kan biqilanii argaman naannoolee wagga rooba guddaa argatan keessatti. Itoophiyaa keessatti bosona akaakuu kanaa baay'inaan naannoolee, akka Iluu Abbaa Booraa, Wallagga, Kafaa fi Jimmaa keessattii argama. Naannooleen bosona kun itti argamu jiddu

galeessatti bakkeewwan ol ka'insa 1500–1800m qaban irratti. Mukkeen bosona kana keessatti argaman baay'ee ol dhedheeroodha. Bosonni kun madda biqiltuu bunaa ta'uunis ni beekama. Mukkeen jajjaboon bosona kana keessatti argaman Siigeda (Muka gurraacha). Waddeessa, Qaraaruu, Hoomii, Sukkee, fi Ejersa fa'a.



(a)



(b)

Fakkii 3.2. Bosona nannoo rooba guddaa argatu

- (b) **Bosona mukkeen baala harcaafatanii:** Itoophiyaa keessatti bosonni kun baay'inaan kan argamu naannoolee qilleensa oo'aa dhiha Itoophiyaatti argaman keessattidha. Mukkeen bosona kana keessatti argaman waqtii bonaa baala isaanii harcaafatuun bishaan qaama isaanii keessaa hurkaan bahuun akka hin badne quSATU. Bosonni kun mukkeen akka odaa fi qilxuu baay'inaan qabaachuun beekama.
- (c) **Bosona Mukkiin Birbirsa:** Bosona kana keessatti biqiltooni naannoo qilleensa oo'a jiddugaleessa qaban keessatti biqiluu danda'anitu baay'inaan argama. Itoophiyaa keessatti akaakuwwan bosona kanaa baay'inaan kan argamu naannoolee Wallaggaa, Baalee, Arsii fi godinaalee Harargee keessatti. Mukni guddaan bosona kana keessatti beekamuu fi baay'inaan argamu muka birbirsaati. Bosona muka birbirsa kun bakkeewwan ol ka'iinsa 1500m qaban irratti haala gaariin biqilee argama.



Fakkii 3.3. Bosona Mukkiin birbirsaan

(d) **Bosona mukkiin naannoolee qilleensa diilallaa'aa:** Itoophiyaa keessatti bosona kun kan argamu bakkeewwan sirrii galaanaa irraa ol ka'iinsa 2000 m ol qaban irrattidha. Bosonni kun Itoophiyaa keessatti baay'inaan kan argaman naannoolee baddaa Kibba-bahaa (Arsii, Baalee fi Harargee) fi bakkeewwan ol ka'oo naannoo jiddu-galeessa Kaabaa keessatti fa'a. Mukkeen bosona kana keessatti baay'inaan argaman mukkeen Hindheessaa yookiin Gaattiraati.




Fakkii 3.4. Bosona Mukkiin Hindheessaa (Gaattiraat)

Bosona Lafa Dakee: Itoophiyaa keessatti bosona naannoolee lafa dakee sulullan laggeenii keessatti argama. Bosona sulula laggeenii kunniin baay'inaan kan argamu laggeen gurguddoo akka Laga Waabee, Laga Gannaalee, Laga Hawaasii fi laggeen gurguddoo biroo keessattidha. Gosoonni mukkeen baay'inaan bosona kana keessatti argamanis odaa fi qilxuudha.

Lafa margaa: Itoophiyaa keessatti naannooleen lafa margaa baay'inaan kan argaman bakkeewwan lafa baddaa baroota durii bosona oo'aa jiddu galeessa qabaniin uwwiifamanii argaman irratti. Gosoonni margaa garaagaraa, marga dhedheeroo fi gaggabaaboo akkasumas mukkiin dabranii dabranii of keessaa qaban naannoolee gaarreenii fi labbaawwan gaarreenii irrattis ni argamu.

Biqiltoota Gammojjii oo'aa: Itoophiyaa keessatti biqiltoonni akkanaa kunniin kan argaman naannoolee qilleensa baramaa gammojjii oo'aa fi gammojjii oo'atti dhiyaatan keessattiidha. Bakkeewwan kunninis baay'inaan kan argaman naannoo lafa diriiraa Baarkaa, lafa gad dhooqaa Danaakil kan naannoo Affaar keessatti argamu fa'atti. Naannooleen kunniin hamma rooba wagga guddina biqiltootaaf barbaachisan gahaa ta'e hin argatan. Haa ta'u malee, biqiltoonni naannoolee kanniin keessatti argaman micireewan dheerina adda addaa qaban, biqiltoota mukkeen gaggabaaboo fi marga baay'ee gaggabaaboo ta'anitu biqilee argamu.



Fakkii 3.5. Faca'iinsa Biqiltoota uumamaa Itoophiyaa

Akkuma beekamu Itoophiyaan naannoo qilleensa baramaa oo'aa (Tropic) jedhamu keessatti argamtii. Haa ta'u malee, haala teessuma lafaa olka'iinsa adda addaa waan qabduuf irra caalaatti haalli oo'insa qilleensa ishii jiddu galeessaa akka ta'u gargaareera. Akkasumas, naannoolee Baha Afrikaa keessatti naannooleen gaarreenii fi pilaatoowwanii baay'inaan waan argamaniif akaakuwwan biqiltoota wal fakkaatanii akka qabaatan ta'anii jiru.

Itoophiyaan naannoolee qilleensa baramaa adda addaa fi biqiltoota akaakuu adda addaa qabdi. Haalli kun ammoo Itoophiyaa keessatti bineensonni bosonaa adda addaa baay'inaan akka argaman carraa guddaa kenneefii jira. Biqiltoonni uumamaa maandhee yookin bakka jirenya bineensota adda addaa ta'uun tajaajila kenu.

Bineensota bosonaa kan jedhaman lubbu-qabeeyyii xixiqqoo irraa kaasee hanga bineensota gurguddootti kanniin jiranii fi to'annaal dhala namaatin ala kanneen jiran hunda of keessatti ammata. Isaanis, hoosiftoota, allaattiwwan, qurxummiwwan, kanniin lafa irra looyanii fi lubbu qabeeyyii xixiqqoo adda addaa fa'a.


Itoophiyaa keessatti naannoolee hundatti bireensota argaman keessaa kan akka waraabessa, jeedala fi jaldeessonni adda addaa baay'inaan argamu. Naannoolee lafa diriiraa savaanaa qabanii fi bakkeewwan fageenya irratti argaman ammoo bineensonni bosonaa kan akka arbaa, roobii, sattawwaa, warseessaa, godaa, borofaa, qeerransaa fi hardiidaa fa'a baay'inaan argamu.

Naannoolee lafa diriiraa dhihaa keessatti sattawwaan, arbi, gafarsi, warseessi, borofaa fi hardiidni baay'inaan argamu. Akkasumas, naannoolee lafa diriiraa kibba baha keessatti leenca, qeerransa, harididaa, saalaa, qorkee fi kanniin biroos baay'inaan argamu. Kana malee, naannoo harawwan sulula Qiinxamaa Guddaan keessattis allaattiwwan babbareedoo fi qalbii namaa harkisan (hawatan) baay'inaan argamu.

Bineensota bosonaa Itoophiyaa keessatti qofa argaman keessaa Gadamsa (Niyaalaa), Waaliyaa Ayibeeksii, Jeedala diimtuu fi Jaldeessa daabee kanniin jedhaman akka fakkeenyatti fudhachuun ni danda'ama. Bineensonni bosonaa kunniin Itoophiyaa keessattillee naannoolee hundatti faca'anii hin argaman. Jeedala diimtuu fi Jaldeessi daabee naannoolee lafa baddaa keessatti faffaca'anii argamu. Waaliyaa Ayibeeksiin naannoo gaarreen Kaabaa Simeen maasiif jedhaman keessatti argama. Godamsi (Niyaalaan) ammoo gaarreen naannoolee Arsii Baaleetti argama.



(a) Jeedala Diimtuu



(b) Gadamsa/Niyaalaa



(c) Waaliyaa Ayibeeksii

Fakkii 3.6. Bineensota Bosonaa Itoophiyaa

Barbaachisummaa Biqiltoota Uumamaa fi Bineensota Bosonaa

Biqiltoonnii uumamaa fi bineensonni bosonaa faayidaa maal dhala namaatiif kenuu? Biqiltoota uumamaa kunuunsuun maaliif barbaachise? Naannoo keetitti biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaatiif kunuunsi godhamaa?

Biqiltooni uumamaa faayidaa adda addaa dhala namaatiif kennu Isaanis:

Madda nyaataa ta'uun: Biqiltooni uumamaa madda nyaataa ta'uun fakkeenyaaaf baala, daraaraa fi hiddi biqiltootaa fi sanyii midhaan adda addaa argamsiisuun faayidaa guddaa kennu.

Madaala uumamaa eeguu: Biqiltooni uumamaa wantoota uumamaan naannoo keessatti argaman yoo ta'an, madaallin Sirna Ikkoo akka eegamu ni taasisu. Naannoon miidhaagina akka qabaatus ni gargaaru.

Madda qo'annoo fi qorannoo ta'un: Biqiltooni uumamaa madda biqiltoota qorichaa yookiin dawaa adda addaati. Kana malees, madda qo'annoo fi qorannoo saayinsiitiifis tajaajila guddaa kennu.

Maandhee bineensotaa ta'un: Biqiltooni uumamaa maandhee yookiin bakka jirenyaa bineensota bosonaa fi lubbu-qabeeyyii adda adda to'uun tajaajila guddaa kennu.

Haala qilleensa baramaa, biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa jidduu hariiroo addaan hin cinnetu argama. Kunis, naannoon tokko qilleensa baramaa jirenyaa lubbu-qabeeyyii adda addaatiif mijaa'ina yoo qabaate biqiltooni uumamaa baay'inaan fi akaakuuwwan adda addaa marguu danda'u. Biqiltooni adda addaa baay'inaan jiraachuun bineensonni bosonaa, mixiwwan xixiqoo, irraa kaasee hanga hoosiftoota gurguddootti argamanii fi allaattiwwan adda addaa akka jiraatan taasisa.

Biqiltooni uumamaa yookiin bosona naannoo tokko keessatti haala gaariin jiraachuun lolaan bishaan roobaa akka biyyee haree hin balleessine gargaara. Biqiltooni biyyee hidda isaaniitiin cum'anii (ammatanii) qabuu fi biyyeen humna bubbletinis ta'ee lolaa yaa'uun akka haramtee hin deemne akka uffatatti itti golgamuun ittisu. Kana malees, bishaan roobaa akka suuta suutaan biyyee keessa gad seenuu fi haala hurkaatiin gara qilleensaatti deebi'ee akka hin badne taasisu.

Haalli kun ammoo bishaan keessa dacheetti akka kuufamu gahee ol aanaa qaba. Biqiltooni bineensota bosonaatiif akka madda nyaataati fi maandhee yookiin bakka jirenyaa ta'uun tajaajila kennu. Bineensonni bosonaa tokko tokko biqiltoota uumamaa nyaatu. Bineensonni bosonaa gariin bineensota bosonaa yoo nyaatan gariin isaanii ammoo bqiltootaa fi bineensota nyaatu.

Bineensonni bosonaa biqiltoota nyaatan herbiivorasii (herbivores) jedhamu. Fakkeenyaaaf hardidaa fi sattawaa. Bineensonni bosonaa bineensota biroo nyaatan Kaarniivorasii (carnivores) yoo jedhaman fakkeenyaaaf leenca. Bineensonni bosonaa biqiltootaa fi bineensota biroo nyaatan ammoo Omiinoovaarasii (Omnivore) jedhaman.

Bineensota bosonaatiif kunuunsi maaliif barbaachise? Faayidaan bineensonni bosonaa dhala namaatiif kennan jira jettee yaaddee beektaa? Bineensonni bosonaa naannoo at jiraattu keessatti argaman maal fa'a?

Qabeenya uumamaa dhala nmaa uumaan badhaafamte keessaa tokko bineensota bosonaati. Bineensota bosonaatiif kunuunsa gochuun qabeenya uumamaa birootiif kunuunsa godhuu jechuudha. Bineensota bosonaatiif kunuunsa godhuun kan barbaachiseef faayidaan isaan dhala namaatiif kennan guddaa waan ta'eefiida. Bineensonni bosonaa akkuma biqiltoota uumamaa dhala namaatiif faayidaa guddaa kennu Isaans:

Madda nyaataati: Bineensonni bosonaa guddina dhala nmaa keessatti gumaacha guddaa akka qaban ragaaleen seenaa ni ibsu. Baroota durii namni biqiltoota uumamaa irraa daraaraa, baalaa fi hidda isaanii funaantuun nyaataa akka ture ni beekama.

Adeemsa haala jirenya keessti suuta suutaan dhalli namaa bineensota bosonaa xixiqqoo adamsuun akka madda nyaataatti fayyadamuu eegale. Suuta suutaanis ilmoolee bineensotaa qabee madaqsuun gara beeyladootatti jijiiruun itti fayyadamaa ture. Haalli kunis akkaataan jirenya dhala namaa akka fooyya'u taasise.

Madaala Uumamaa eegun: Bineensonni bosonaa wantoota qaama naannoo uumamaa jedhaman keessaa isaan tokko. Uumamaan bineensonni bosonaa faayidaa qaban yookiin faayidaa hin qaban wanti jechisuu hin jiru. Haa ta'u malee, haala ilaalchaa fi hubannoo namaatiin bineensonni bosonaa miidhaas ni geesisu, faayidaas ni qabu, jedhamee amanama. Bineensonni akka leencaa fi qeerransaa yeroo baay'ee sababa addaa irraa kan ka'en nama irraan miidhaa geessisuu danda'u jedhamee yaadama. Gama biraatiin ammoo bineensonni kanniin bineensota akka karkar Roo, jaldeessaa ta'an oomisha qonnaa balleessan, bineensota baala nyaatanii fi dadadhaboo madda dhibeewwan adda addaa ta'an dhabamsiisuun dhibeewwan beeyladoota miidhan akka ittifaman taasisu. Karaa sirna uumamaatiin bineensonni bosonaa beeyladoota caalaa baay'ee wal horu. Haa ta'u malee, bineensonni bosonaa kanniin tokko isaan birroo waan nyaatanifi madaala uumamaa eeganii jiratu. Bineensota bosonaa miidhaa geessisan guutumaa guututti balleesun rakkoleen biraas akka uumaman taasisu danda'a. Qoricha ilbiisotaatti fayyadamuun lubbu-qabeeyyii midhaa geessisan qofa osoo hin taane kanneen faayidaa kennanis miidhuu ni danda'a. Fakkeenyaaaf, kanniifni yoo bade dammi ni dhabama. Kanaafuu, bineensonni bosonaa madaala uumamaa naannoo eeguu keessatti gahee ol aanaa qabu.

Bineensonni bosonaa madda qo'anno fi qorannoo ta'uu: Bineensonni bosonaa madda saayinsiitii fi barnootaa ta'uun tajaajila guddaa kennu. Qorannoowwan bineensota akka jaldeessaa fa'a irratti adeemsifaman waa'ee qoricha adda addaa, qo'anno hawaa fi lafa irratti adeemsifamaniif madda guddaa odeeffannoo ta'uun faayidaa guddaa kennu. Kana malees, amallan bineensota bosonaa qorachuun gara fuulduraatti baay'ina beeyladootaa dabaluufis ni gargaaru jedhamee ni amanama.

Bineensonni bosonaa miidhaagina naannootiif gargaaru: Bineensonni bosonaa biyyi takka akka bareedduu fi nama jaalachiiiftu godhoo keessatti bakka guddaa qabu. Namoonni biyyoota adda addaa keessatti bineensota bosonaa ijaan ilaaluu fi adamoo fageenya kiloomeetira kumaatamaan shallagamu deemuu qalbii isaanii of gammachisu. Kun ammoo biyyoonni qabeenya bineensota bosonaatiin badhaadhan galii guddaa akka argatan isaan gargaara.


Bineensota bosonaa kunuunsuu fi akka misooma dinagdee keessatti gumaachan taasisuuf tarkaanfiwwan adda addaa fudhatamuu qaba. Bineensota bosonaatiif kunuunsa godhuuf dursanii waa'ee haala isaanii irratti qorannoo adeemsisuun barbaachisaadha.

Kunis, baay'inaa fi akaakuuwwan bineensota bosonaa beekuu, bakka jirenya isaanii addaan baafachuu fi waqtii wal hormaata sanyiwwan bineensota bosonaa kanniin adda addaa beekuun barbaachisaadha.

Iddoo jirenya bineesota bosonaa eeguun baay'ee barbaachisaadha. Bineensonni bosonaa, naannoolee bosona fi biqiltoota uumamaa maandhee yookiin bakka jirenyaa godhachuun keessa jiratu. Ciramni bosonaa fi biqiltoota uumamaa akka bineensonni bosonaa bakka jirenya isaanii gad dhiisanii badan taasisa. Kun ammoo bineensonni bosonaa bakka jirenya isaanii gad dhiisanii baduu qofa osoo bin taane badiitii sanyii isaaniitiifis gahee guddaa qaba. Kanaafuu, bosonaa fi biqiltoota uumamaa kunuunsuu jechuun bineensota bosonaatiif kunuunsa gochuu akka ta'es hubatamuu qaba.

Dhandhoola (adamoo) seeraan alaa to'achuun bineensonni bosonaa akka jiraachuu danda'an taasisuudha. Bineensonni bosonaa dimshaashaan adamfamuun ajeeefamuun hin qaban. Keessattuu, ilmoolee fi haadhootii kanniin ta'aniif xiyyeffannaan kennamuufii qaba. Kun ta'u baannaan bineensonni bosonaa baay'inaan dhumuu danda'u. Haalli kun ammoo miidhaa guddaa qabeenya bineensota bosonaa irraan gaha. Waan kana ta'eef, adamoon adeemsisamu kan bineensota bosonaa dulloomanii malee kanniin biroo hin miine ta'u akka qabu xiyyeffannoон guddaan kennamuufii qaba. Hawaasaaf waa'ee faayidaa bineensota bosonaa irratti barnoonni kennamuufii qaba.

Paarkiiwan bineensota bosonaa ijaaruu bakkeewwan murtaa'an keessatti guutumaa guututti eegumsa godhuu fi akka jeequmsa malee wal horuu danda'an haala mijaa'aa uumuun baay'ee barbaachisaadha. Naannoolee paarkiiwanii fi bakkeewwan adamoon bineensotaa itti adeemsifamuu qabus addaan baafamanii qophaa'uu qabu. Fakkenyaaf, Itoophiyaa keessatti paarkii biyyooleessa Diinshoo, Paarkii Gaarren Simeen, Paarkii Biyyooleessa Sulula Hawaasii, Paarkii Abjataa Shaallaa Sulula Qiinxamaa Guddaan keessatti argamu, Paarkiiwan Sulula Laga Oomoo, naannoo Hara Caamoo fi naannoo Gaambeellaatti argaman fudhachuu ni danda'ama.



Fakkii 3.7. Paarkiiwan Biyyooleessa Itoophiyaa (National Parks of Ethiopia)

Tuurizimiin industirii aara yookiin summii hin qabne jedhamuun beekama. Kunuunsi biqiltoota uumamaa yookiin qabeenya bosonaa fi bineensota bosonaatiif godhamu guddina industirii tuuriziimiif gumaacha guddaa goba. Tuuriziimiin sochii bashannaniisaa kan qaamaa fi qalbi namootaa gammachiisuu danda'uudha.

Qabeenya bosonaatii fi bineensota bosonaa sirnaan kunuunsuu fi eeguun babaldhina tuuriziimiif gahee guddaa qaba. Namoonni bakkeewwan fageenya qabani irraa dhufuun midhaagina naannoo uumamaa, biqiloota adda addaatii fi bineensota bosonaa daawachuuf maallaqa guddaa baasu. Naannoo Baha Afrikaa keessatti biyyoonni haallan teessuma lafaa hawataa fi bineensoota bosonaa adda addaa baay'inaan qaban kan akka Taanzaaniyaa, Keeniya, Itoophiyaa fi Ugaandaa, turistoota biyyoota addunyaa adda addaa keessaa dhufan irraa maallaqa guddaa argatu. Galiin kunis guddina misooma dinagdee isaaniitiif gargaarsa guddaa kenna.

Bakkeewwan turistoota hawatuu danda'an keessaa tokko naannoo paarkiiwwan bineensota bosonaati. Tuuristoonni naannoolee paarkiiwwan kanniin deemanii daaw'achuu akka danda'an tajaajilli geejjibaa fi karaa, hoteelonnii fi bakkeewwan bashannanaa fi hara itti galfatan mijeffamuu qabu. Sochii hojii tuuriziimii babaldhisuu kana keessatti ummanni naannoolee paarkiiwwanii fi bosona uumamaa keessa jiiraatanis eegumsa bineensotaa irratti hirmaachuu qabu.

Ummanni naannoo paarkiiwwanis galii sochii hojii tuuriziimii irraa argamu irraas fayyadamaa ta'uu qaba. Kunis tajaajila turistoota keessummeessuun galii dhuunfaa isaatiin argatu qofa osoo hin taane, galii akka biyyooleessatti sochii tuuriziimii irraa argamu keessaa manniin barnootaa ijaaruu fi babaldhisuu, manniin yaalaa ijaaruu, bishaan dhugaatii qulqullina qabu akka argatu taasisuu fi daandii konkolaataa hojjachuufiin fayyadamaa taasisuun barbaachisaa ta'a. Ummata bu'aa galii tuuriziimii irraa fayyadamaa taasisuun kunuunsa fi eegumsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaatiif godhuuf qofa kan fayyadu osoo hin taane, ummanni qabeenyota uumamaa naannootti argamu maraaf kiyya jechuun abbummaan akka hirmaatu taasisa. Waan kana ta'eef, sochii kunuunsa fi eegumsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaatiif taasifamu cimsuuf xiyyeffannaan guddaan kennamuufii qaba.

GOCHA 3.1 A (HOJII PROJEKTII)

1. Faayidaa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa Itoophiyaa ilaachisee ogeessa misooma qonnaa naannoo yookiin ganda kee keessatti argamu irraa odeeffannoo funaanuun yaada argatte qindeessuun barreeffamaan gabaasa barsiisaa yookiin barsiiftuu keetiif dhiyeessi.

Dhiibbaa saffisaan baay'achuun lakkofsa ummataa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irratti qabu

Saffisaan dabaluun lakkofsa ummataa qabeenya uumamaa irratti rakkina maal fida? Baay'inni ummataa biqiltoota uumamaa ni miidha jettee amantaa? Haala akkamitiin miidhaa geessisa? Baay'inni lakkofsa ummataa qabeenya bosonaatii fi bineensota bosonaa irratti miidhaa akka hin geessifne maaltu godhamuu qaba jettee yaadda? Ummanni nannoo ati keessa jiraatu kunuunsa fi eegumsi qabeenya bosonaatiif sochiin godhu maal fakkaata?

Akka seenaan jirenya dhala namaa ibsutti baroota durii keessatti haalli saffisaan guddachuu baay'ina lakkofsa ummataa baay'ee xiqqaa ture. Dhaloota Kiristoosi Dura ida'insi lakkofsa ummataa

baay'ee xiqqaa waan tureef baay'inni lakkofsa ummataa dachaan dabaluuf gara waggoota 1000 itti fudhata ture.

Sababni isaas baroota sana keessatti hammi dhalatu baay'ee ennaa ta'u, hammi du'us baay'ee waan ta'ef wal madaala ture. Haalli dabalinsa lakkofsa ummataa biyyoota addunyaa hunda keessatti wal fakkaataa miti. Biyyoota misooma dinagdeetiin guddatan keessatti hammi dabaliinsa lakkofsa ummataa baay'ee xiqqaa yoo ta'u, biyyoota misooma dingdeetiin sadarkaa guddinaa irratti argaman keessatti yeroo ammaa baay'inni lakkofsa ummataa saffisaan dabala jira. Baay'ina dabalinsa lakkofsa ummata biyya tokkootii fi haala guddina dinagdee jidduu hariiroo addaan hin cinnetu jira. Akkuma baay'inni ummataa dabala deemuun guddinni dinagdee biyyattiiliee haala wal gituu danda'uun deemuu qaba.

Biyyoota misooma dinagdeetiin guddataa jiran keessatti haalli saffisaan ida'uu lakkofsa ummataatiif fi adeemsi guddina dinagdee wal hin gitu. Guddinni dinagdee duubatti hafaa yoo ta'u, baay'inni lakkofsa ummataa bara baraan garmalee dabala deema. Haalli kunis ummanni akka hiyyummaaf saaxilamu taasisee jira. Baay'inni lakkofsa ummata biyya tokkoo dabala deemus baldhinni lafa biyyattii dabaluu hin danda'u. Biyyi takka ummata ishii dabala deemuuf waan nyaataa gahaa argamsiisuuf oomishinni midhaan nyaataa baay'inaan dabala deemuu qaba. Oomisha midhaan nyaataa gahaa argachuuf hammi lafa qotiisaa dabaluu qaba jechuudha.


Namoonni jiraachuuf wantoota jirenya isaaniitiif barbaachisan argachuuf qabu. Wantoota jirenya isaaniitiif barbaachisan kallattiin kan argatuu danda'an ammoo qabeenya uumamaa naannoo isaanii keessatti argamu irrayi. Fakkeenyaaaf bosona, biyyee, bishaan, qilleensa baramaa, bineensota bosonaa fi albuuddan fa'a.

Lakkofsi ummata biyya tokkoo saffisaan baay'achaa deemuun qabeenya bosonaa, biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irratti dhibbaa guddaa uuma. Midhaan nyaataa gahaa ta'e argachuuf lafti qotiisaa babaldhachuu qaba. Lafa qotiisaa haarawaa argachuuf ammoo bosonnii fi biqiltooni uumamaa ciramuu qabu jechuudha. Kana qofa osoo hin taanee, biyyoota lakkofsi ummata isaanii saffisaan dabala deemu keessatti wayitii ammaa naannooleen lafa qotiisaaf mijaa'ina hin qabne kanniin akka gaarreen dhuldhula dhaabbataa yookiin labbaawwan garreenii gara lafa qotiisaatti jijiirarnaa jiru.

Bosonnii fi biqiltooni uumamaa kan garmalee ciramanii lafa oomisha midhaan nyaataa argachuuf qofa osoo hin taane, muka qoraanii, mukkiin ijaarsa adda addaatiif oolanii fi meeshaalee tajaajila adda addaa kennan argachuuf qabeenyi bosonaa manca'aa jira. Fakkeenyaaaf, sababa dabaliinsa lakkofsa ummataatiin lafti Itoophiyaa baay'een bosona irraa ciramee dhumeen biyyeen qullaatti haftee argamti. Itoophiyaan baroota durii qabeenya bosonaa baay'inaan qabdi ture. Baldhina lafa Itoophiyaa keessaa gara 34% bosonaan uwufamee akka ture himama. Yeroo ammaa garuu hammi qabeenya bosonaa Itoophiyaa gara 2.5% qofa akka ta'e ibsama. Haala kana mee akkaataa naannoo keessa jiraattuu wajjin wal bira qabuun hubachuuf yaali.

Ciramni bosonaa fi biqiltoota nyaatama lafaa fi harama biyyetiif gumaacha guddaa godha. Biqiltooni uumamaa yoo ciramanii badan biyyeen qullaatti hafti. Kana malees, bineensoni bosonaa biqiltoota uumamaa maandhee (bakka jirenyaa) godhatanii jiraatanis naannoo jirenya isaanii gad dhiisani ni badu. Biyyeen qullaatti hafte ammoo haaluma salphaa ta'een waqtii roobaa lolaa bishaan roobaatiin dhiqamuu fi yeroo bonaa ammoo humna bubbeetiin naannoo irraa haramtee baduuf saaxilamti. Haalli kunis harama biyyee qofa osoo hin taane biyyeen akka gabbina dhabdu taasisa.

Biyyeen naannoo tokko gabbinna qabaachuu baannaan oomishinni hojii qonnaa kan lafa qotanii midhaan oomishanii fi horsiisa beeyladootaa irraa argamus baay'ee xiqqaataa deema. Hariroo guddina lakkofsa ummataa fi harama biyyee jidduu jiru mee chaartii armaan gadii irraa hubachuuf yaali.



Chaartii walitti dhufeinya dabaliinsa lakkofsa ummataa fi qabeenya uumamaa agarsiisu.

Biyyoota naannoo gaafa Afrikaatii fi Itoophiyaa keessattis manca'uu qabeenya bosonaatiif sababban heddu jiraachuu danda'u. Itoophiyaa keessatti manca'ina qabeenya bosonaatiif haallan sababa ta'an keessaas muraasni.

- **Lakkoofsi ummataa dabalaad deemuu:** Yeroodhaa gara yerootti lakkoofsi ummataa Itoophiyaa dabalaad dhufuun fedhiin ummanni lafa qotisaatii fi beeyladoota horsiisuu qabus guddataa dhufuu.
- **Fedhiin muka qoraanii fi ijaarsa manaatiif ta'uudabaluu:** Akkuma baay'inni lakkofsa ummataa Itoophiyaa dabalaad deemu fedhiin muka qoraanii, ijaarsa manaa fi meeshaalee adda addaatiif ummanni qabu dabalaad deemuu.
- **Babaldhina magaalotaa:** Akkuma biyyoota misooma dinagdeetiin guddataa jiran Itoophiyaa keessattis haalli babaldhina magaalotaa saffisaan guddachuun fedhiin ummanni muka qoraanii, ijaarsaa fi meeshaalee adda addaatiif qabu dabalaad dhufuu isaa.
- **Babaldhina qotiisa ammayyaa:** Bakkeewwan tokko tokko keessatti oomisha callaa guddaa argachuuf qotiisa ammayyaa babaldhisuuf bosonnii fi biqiltooni uumamaa akka ciramanii bodan taasifamu.
- **Bosona gubuu:** Itoophiyaa keessatti qonnaan bultooni naannoo tokko tokko keessa jiraatan bineensota bosonaa miidhaa isaan irraan geessisuu danda'an tokko tokko of irraa ittisuu fi kanniin midhaan isaanii jalaa balleessan kanniin akka karkarroo, jaldeessaa, qamalee fi allaattiwwan adda addaa of irraa ittisuuf bosona yookiin biqiltuuwwan uumamaa gubuun lafa gara lafa qotiisaatti jijiiruuf sochiin godhan akka fakkeenyatti fudhatamuu danda'a. Mee

haallan armaan olitti ibsaman kanniin haala qabatamaa naannoo keessa jiraattuutiin wal bir aqabuun hubachuuf yaali.

Kunuunsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa

Biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa kumuunsuuf maaltu godhamuu qaba? Kunuunsi biqiltoota fi bineensota bosonaatiif godhamu guddina misooma dinagdee biyyaatiif gahee qabaa? Sochiin hawaasni naannoo keetii bineensota bosonaa kumuusuuf godhu maal fakkaata?

Biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaatiif kumuunsaa fi eegumsa godhuun barbaachisaadha. Sababni isaas biqiltooni uumamaa fi bineensonni bosonaa faayidaan dhala namaatiif kennaan baay'ee akka ta'an barnoota armaan olitti dhiyaate keessatti baldhinaan ibsamee jira.

Naannooleen lafa baddaa Itoophiyaa rooba guddaa waan argataniif bosona akaakuu adda addaatiin uwifamanii turan. Haa ta'u malee lafti qotisaaf barbaachisaa waan taateef qabeenyi bosona uumamaa akka ciramee badu taasifameera. Bakkeewwan qabeenyi bosonaa irraa ciramee dhume hatattamaan akka furmaata argatu yeroon tarkaanfiwwan barbaachisan yoo hin fudhatamin Itoophiyaan gara fuulduraatti hambaa qabeenya bosona akka dhabuu dandeettu hubatamuu qaba. Haallan gurguddoo kumuunsaa fi eegumsa bosonaatiif godhaman keessaa muraasa akka armaan gaditti ibsaman hubachuu yaali.

Bosona deebisanii dhaabuu tarkaanfiwwan fudhatamuu qabu maal fa'a akka ta'an tarreessuu dandeessaa?

- **Bosona deebisanii dhaabuu (Reforestation):** Naanno bosona irraa cirame irratti biqiltoota deebisanii dhaabuun kumuunsuudha. Malli kunis yoo xiqaate mukkiin haala wal irraa hin cinneen ummanni akka argachuu danda'u ni gargaara. Biyyeen akka salphaatti lolaa fi humna bubbeetiin naanno irraa haramtee akka hin banne ni taasisa. Bosona deebi'ee marguun bineensonni bosonaa bakka jiraatan akka argatanii fi madaalliin qilleensa baramaa naanno akka eegamus gumaacha guddaa kenna.
- **Bosonoomsuu (Afforestation):** Malli kun kan agarsiisu naanno duraan bosona irra hin jirre irratti keessattuu, lafa hojii qonnaatiif mijaa'ina hin qabne irratti biqiltoota haarawaa dhaabuun naanno bosonaan akka uwifamu taasisuudha.



Fakkii 3.8. Naanno bosona irraa cirame

Qabeenya bosonaa kunuunsuun yookiin eeguu jechuun yaada salphaa akka bin taane hubachuu qabna. Akkuma guddina dameelee qabeenya dinagdee birootiif tattaaffiin godhamutti qabeenya bosonaatiifis kunuunsii fi eegumsi gahaan godhamuufii qaba.



Fakkii 3.9. Bosonoomsuu

- **Bosona midhaaniin wal makaa (Agroforestry)** Malli kunis sochii lafa qotisaa irrattii fi naannoo lafa margaa horii itti horsiisan keessatti mukkeen adda addaatii fi midhaan adda addaa wal keessaa dhaabuun kunuunsuu of keessatti ammata.

Mukkeenii fi oomishaalee midhaan nyaataa adda addaa wajjiin wal keessa makanii dhaabuun faayidaa baay'ee qaba. Callaan midhaanii akka dabalu gargaara. Gabbinni biyyee ni dabala. Mukkeen irraayis faayidaan guddaan ni argama. Kunis mukkeen tajaajila gaaddisaa ni kenuu. Dhiqamaa fi harama biyyee ni xiqqeesu. Mukkeen gariin qilleensa keessaa eleementii akka naayitroojinii karaa uumamaatiin harkisuu fi biyyeetti makuun guddina biqiltootaatiif tajaajila guddaa kenuu. Mukkeen gariin madda nyaata bineensota bosonaa fi beeyladootaa ta'uun tajaajila ol aanaa kenuu.



Fakkii 3.10. Bosona midhaaniin walmakaa

Bosona ibiddaan gubuu dhiisu: Naannooleen bosona itti argamu akka ibiddaan hin gubanne ummanni naannoo sana keessatti argamu xiyyeffanna guddaa kennuufii qaba. Diinni bosonaa tokko ibidda namootaan bosonatti qabsiifamuu fi yookiin sababa caamaatiin tasa bosona keessaa ka'u waan ta'eef hawaasni of eegganno godhuu qaba.

Adamoo seeraan alaa to'achuu: Faayidaa bineensonni bosonaa dhala namaatiif kennan keessaa tokko madda nyaataa ta'uun isaaniiti. Namoonni bineensota bosonaa kan adamsaniif waan nyaataa argachuuf qofa osuu hin taane, gogaa fi ilkaan isaanii gurgurachuun galii guddaa argachuuf fa'a. Adamoo seeraan alaatiin bineensonni bosonaa baay'een ni dhumu.

Akkasumas hamma danda'ameen lubbuu isaanii baraarfachuuf biyya yookiin bakka jirenya isaanii gad dhiisuun gara biyyoota birootti baduu danda'u. Kanaafuu, adamoo bineensota bosonaa seeraan ala gaggeeffamu xiyyeefannaa kennuufiin to'achuun barbaachisaadha.

Kunuunsaa fi eegumsa bineensota bosonaatiif paarkiwwan yookiin bakkeewwan bineensonni bosonaa jeequmsa malee jiraachuu fi itti wal horuu danda'an sadarkaa biyyolessattis ta'ee naannoottti daangeeffamuun jiraachuu qabu. Itoophiyaa keessatti parkiwwan naanno Diinshoo garreen Baalee, Sulala Laga Hawaas, naanno gaarreen Simeen maandhee bineensota bosonaa adda addaatiif fi paarkiin Abjaataa - Shaallaa kan Sulula Guddaa Qinxamaa keessatti argamu ammoo qabeenya simbiroowwan yookiin allaattiwwan adda addaa yoo ta'u, bakkeewwan biroo keessatti paarkiwwan garaagaraa ni argamu. Akkasumas, dhaabbilee sadarkaa biyyaattis ta'ee sadarkaa addunyaatti hojii kunuunsaa fi eegumsa bineensota bosonaa irratti bobba'an wajjinis hojjechuun qabeenya biqiltotaa fi bineensota bosonaa kunuunsuu fi eeguun ni danda'ama.

Sababban armaan olitti ibsamaniif fi kanniin biroo irraa kan ka'een wayitii ammaa Itoophiyaa keessatti naannooleen baay'een rakkoollee adda addaatiif saaxilamanii argamu. Fakkeenyaaf,

- Manca'ina biqiltoota uumamaa gabbina biyyee balleessuun oomishinni qonnaa akka xiqqaatu ta'u,
- Ciramaa fi badiitii qabeenya bosona naanno irraa kan ka'e ummanni muka qoraanii, ijaarsa manaatii fi bu'aawwan qabeenya bosonaa adda addaa argachuuf rakkoon guddaan mudachuun,
- Jijiiramni haala qilleensa baramaa naanno jirenya ummataa irratti uumamuu.
- Biyyeen sababa cirama bosonaa fi barbadaa'ina biqiltoota uumamaa irraa kan ka'ee humna lolaa bishaan roobaatii fi bubbeetiin haramuuuf saaxilamuuf ishii,
- Badiitiin bineensota bosonaa yookiin lubbu-qabeeyyii adda addaa (biqiltootaa fi bineeldota) naanno irra gahuu,
- Barbadaa'insi biqiltoota uumamaa naannoottti argamanii hawaasa naanno irratti rakkina fayyaa, hanqina bishaan dhugaatii qulqulluu fi haalli caamaa (hoongee) wayitii dheeraaf akka irra gahan taasisu jiraachuu fi
- Babaldhina gammoojjummaa fa'a.

GOCHA 3.1B (HOJII PROJEKTII)

1. Hariiroo badiitii biqiltoota uumamaa, baqa bineensota bosonaa fi dhumiinsa qabeenya bosonaa jidduu jiru irratti manguddootaa fi ogeeyyii hojii misoomaa ganda kee keessatti argaman irraa odeeefannoo funaanuu fi qindeessuun barsiisaa yookiin barsiiftuu keetiif dhiyeessuun daree keessatti irratti mari'adhaa.

Bosona kunuunsi. Bosona balleessuun naannoo uumamaa irratti balaan guddaa akka gahuu fi qabeenyi faayidaa qabeessa ta'e akka baduu fi manca'u taasisa.

GILGAALA 3.1

Himoota armaan gadii Dhugaa yookiin Soba jechuun deebisi

1. Saffisaan dabaliinsi lakkofsa ummataa qabeenya bosonaa irratti miidhaa guddaa geessisa.
2. Maddalli uumaa eeguu irratti biqiltoota uumamaa caalaa biqiltoota namni dhaabetu faayidaa qaba.
3. Naannoolee tempireechara 6°C gad ta'e qaban keessatti biqiltooni uumamaa haala gaariin ni biqilu.
4. Biyyeen guddina biqiltootaatii fi oomisha midhaaniitiif irraa caalaatti mijaa'ina qabu biyyee loomiiti.

5. Bosona mukkeen birbirsa baay'inaan margee kan argamu naannoolee ol ka'insa lafaa sirrii galaanaa ol 2000 m irratti argaman keessattiidha.
6. Naannooleen lafa dakee Itoophiyaa hamma roobaa waggaatti 1000 mm gad argatan bosona hedduumaataa qabu.
7. Biqiltooni uumamaa madda qoricha adda addati.
8. Bineensonni bosonaa wal sooratuun madaala baay'ina isaanii eegsisu.
9. Ibiddi bosona keessaa tasa uumamuu (ka'uu) ni danda'a.
10. Faayidaa qotiisa wal makaa keessaa inni tokko gabbina biyyee eegsisuudha.

Cuunfaa

Biqiltooni uumamaa kan jedhaman bosona, micireewwan, margaa fi kanniin biroo of keessatti ammatu. Biqiltooni uumamaas ta'anii namaan dhaabaman dhala namaatiif faayidaa guddaa kenu.

Biqiltooni lubbu-qabeeyyii yoo ta'an madda nyaataa, maandhee/bakka/jirenya lubbu qabeeyyii adda addaa, madda qorichaa (dawaa) fi madaala uumamaa naannoo eeguu fi miidhagina naannoo eeguun tajaajila guddaa kennu.

Biqiltooni guddachuuf wantoonni isaan barbaachisan tempireechara, bishaan, biyyee fi qilleensa fa'a. Biyyeen suphee, cirrachaa fi biyyee loom jedhamuun gosa saditti qoodama. Hundi isaanituu amala mataa isaani qabu.

Bosona mukkeen gurguddoo gosa adda addaa qaban naannoolee rooba gahaa argatan keessatti hedдуминаан walitti qabamanii marganiidha. Itoophiyaan haallan teessuma lafa adda addaa qabdi. Bosona Itoophiyaa lafa ol ka'oo irratti argaman bosona mukaa baala babaldhaa qabu, bosona mukkeen baala harcaafatan, bosona mukkeen birbirsa, bosona mukkeen naannoolee qilleensa diilallaa'aa fi bosona lafa dakee kan akka bosona sulullan laggeenii fi bosona naannoolee lafa diriiraa (cisaa) fa'a. Akkasumas, Itoophiyaa keessatti naannooleen lafa margaa baay'inaan kan argaman yoo ta'an, biqiltooni naannoo gammoojji oo'aa keessatti biqilanis naannoolee lafa diriiraa Baarkaa fi lafa gad dhoqqa Danaakil naannoo Affaar keessatti argamu.

Itoophiyaa keessatti faca'iinsi biqiltoota uumamaa bineensonni bosonaa garaagaraa baay'inaan akka argaman taasisee jira. Bineensonni bosonaa Itoophiyaa keessatti argaman hoosiftoota, allaattiiwwan, qurxummiwwaan, kanniin lafa irraa looyanii fi lubbu qabeeyyii adda addaa ti.

Haala qilleensaa, basonaa, biqiltoota uumamaa fi bineesota bosonaa jiddu hariiroon addaan hin cinnetu jira. Qilleensi baramaa mijawaa ta'e ammoo jirenya lubbu- qabeeyyii adda addaatifi barbaachisaadha. Qabeenya uumamaa uumaan dhala namaa badhaafte kanniin akka biqiltoota uumamaa, bineesota bosonaa, qilleensaa, bisaanii fi biyyeetiif kunuunsa fi eegumsa godhuun barbaachisaadha.

Saffisaan baay'achuun lakkofsa ummataa qabeenya uumamaa irratti jechuun biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irratti miidhaa guddaa geessisa. Namoonni jiraachuuf waan jirenyaaf isaan barbaachisu argachuu waan qabaniif qabeenya uumamaa naannoo isaaniitti argamutti fayyadamu. Haalli kunis ammoo qabeenya fi naannoo uumamaa irratti dhiibbaa fi miidhaan akka gahuu taasisa.

Biyyoota naannoo gaafa Afrikaa fi Itoophyaa keessatti badiitii qabeenya bosonaatiif sababoota ta'an keessaa lakkofsa ummataa dabalaan deemu, fedhiin muka qoranii fi ijaarsaa dabalu, babaldhina magaalotaa, babaldhina qotiisa ammayyaa fi bosonaatti ibidda qabsiisuun isaan gurguddoodha.

Maloota gurguddoo kunuunsa biqiltoota uumamaa fi binseensota bosonaatiif qodhamuu qaban keessaa bosona deebisanii dhaabuu, lafa qotiisaaf hin taane bosonoomsuu, paarkiiwwan adda addaa ijaaru, qonna wal makaa bosonaa fi midhaanii babaldhisuu, bosona ibiddaan akka hin gubanne eegumsa godhuu fi adamoo seeraan alaa to'achuun tarkaanfiiwwan fudhatamuu qaban keessaa isaan gurguddoodha.

GAAFIILEE XUMURA BOQONNAA 3

Kutaa I: Yoo himoonni armaan gadii sirrii ta'an Dhugaa yoo dogoggora ta'an ammoo Soba jechuun barreessi.

1. Biqiltooni uumamaa bosona, micireewan, margaa fi kanniin biroo kan uumamaan biqilanii argaman hunda ammata.
2. Naannoolee tempireechara 6°C gadi qaban keessatti biqiltooni haala gaariin guddatu.
3. Biyyee suphee keessa bisaan haala salphaan darbuu danda'a
4. Bosona lafa dakee Itoophiyaa keessatti hin argaman.
5. Itoophiyaa keessatti biqiltooni naannoo gammoojji lafa diriiraa Baarkaa fi lafa gad dhooqaa Danaakil keessatti argamu.
6. Bineensota bosonaa kunuunsuun guddina dinagdeetiif gumaacha ni godha.
7. Paarkiin Abjaataa-Shaallaa maandhee yookiin bakka jirenya Gadamsaa (Niyaalaa) ti.
8. Babaldhinni qonna ammayyaa qabeenya bosonaa irratti miidhaa hin geessisu.
9. Mukkeenii fi midhaan nyaataa adda addaa wal keessa makanii dhaabuun gabbinni biyyee akka dabalu taasisa.
10. Namoonni lubbuun jiraachuuf wantoota jirenyaaf isaan barbaachisan hunda argachuu qabu.

Kutaa II: Yaadota toora “A” jala jiran kanneen “B” jala jiraniin walitti firoomsi.

A

1. Guddina biqiltootaa
2. Bosona Sulullan laggeenii
3. Paarkii Diinshoo
4. Kunuunsa qabeenya biqiltootaa fi bineensota bosonaa
5. Biyyee Loom

B

- A. Tuurizimii
- B. Laga Waabee fi Laga Hawaas.
- C. Bishaan
- D. Gadamsa
- E. Waaliyaa Ayibekisii
- F. Bososa Lubbu-qabeeyyi

Kutaa III: Gaaffiwwan armaan gadiitiif deebii sirrii ta’e filadhu.

1. Guddina biqiltootaatiif wantoonni gurguddoон barbaachisan maal fa'a?
 - A. Tempireechara
 - B. Bishaan
 - C. Biyyee fi qilleensa
 - D. Hunduu Deebiidha.
2. Naannooleen badda-daree hamma oo'aa (Tempireecharaa) jiddu galeessa _____ qabu.
 - A. 10°C gad
 - B. 15°C-20°C
 - C. 20°C-30°C
 - D. 0°C-10°C
3. Bosona muka birbirsa haala gaariin biqilanii kan argaman bakkeewwan ol ka'iinsa lafaa _____ qaban irratti.
 - A. 1500m
 - B. 500m gad
 - C. 2300m
 - D. 3300m fi isaa ol.
4. Akaakuuwwan mukkeen armaan gadii keessaa kan baala isaanii harcaafatan kam fa'a?
 - A. Odaa fi Birbirsa
 - B. Odaa fi Qilxuu
 - C. Qilxuu fi Hindheessa
 - D. Waddeessaa fi Ejersa.
5. Bineensota bosonaa armaan gadii keessaa kan bigiltoota nyaatu kami?
 - A. Leenca
 - B. Jawwee
 - C. Sattawwaa
 - D. Re'ee
6. Bineensota bosonaatiif kunuunsa gochuuf maaltu barbaachisa?
 - A. Akaakuuwaan bineensota bosonaa beekuu
 - B. Bakka jireenya isaanii addaan baafachuu
 - C. Waqtii wal hormaata sanyii bineensota bosonaa beekuu
 - D. Hunduu deebiidha.
7. Qabeenyi bosonaa Itoophiyaa yeroo ammaa hammam ta'a jedhamee tilmaamama?
 - A. 34 %
 - B. 2.5%
 - C. 40%
 - D. 43%

8. Itoophiyaa keessatti naannooleen irra caalaatti bosona mukkeen birbirsaatiin beekaman kam fa'a?
 - A. Iluu abbaa Booraa, Wallagga, Kafaa fi Jimma
 - B. Arsii, Baalee fi Harargee
 - C. Wallagga, Shawaa, Arsii fi Harargee
 - D. Boorana, Shawaa Bahaa fi Shawaa Kibba Dhihaa
9. Parkiiwan armaan gadii keessaa kan maandhee allaattiiwwanii jedhamuun beekamu kami?
 - A. Paarkii gaarreen Simeenii
 - B. Paarkii biyyooleessaa Sulula Hawaasii
 - C. Paarkii Abjaataa-Shaallaa
 - D. Paarkii Sulula Laga Oomoo

Kutaa IV: Gaaffiilee armaan gadiitiif deebii gaggabaabaa kenni.

1. Adeemsi biqiltooni magariisni nyaata itti qopheessan waan jedhammuu fi maqaa nyaata qopheeffatanii himi.
A. _____
B. _____
C. _____
D. _____
2. Gosoota biyyee gurguddoo sadan tarreessi.
3. Bineensota bosonaa Itoophiyaa keessatti qofa argaman keessaa Godamsii fi Waaliyaa Ayibeeksiin eessatti argamu? _____
4. Faayidaan bineesota bosonaa gurguddaan maal fa'a?
A. _____
B. _____
C. _____
D. _____
5. Itoophiyaa keessatti badiitii qabeenya bosonaatiif sababban gurguddoo kan ta'an maal fa'a?
A. _____
B. _____
C. _____
D. _____
E. _____
6. Sochiin bakkeewwan hojii qotiisaatiif mijaa'ina hin qabne irratti biqiltoota haarawa dhaabuu maal jedhama?

Ajandaa Ummataa

BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA

Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda:

- Itoophiyaa keessatti barmaatilee HIV/Eedsiitiif nama saaxilaanii fi dhiibbaa dhibeen kun geessisuu danada'u ni ibsta.
- Dhiibbaan saffisaan guddachuun ummataa geessisu ni xiinxalta.
- Ibsitoota bulchiinsa gaarii fi mirgoota daa'immani ni tarreessita.
- Balaawwan nama irra ga'an attamiin ofirraa ittisuun akka danda'amu ni ibsita.

4.1. DHIMMOOTA UMMATAA

Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura barnoota mata duree kanaa booda:

- Barmaatilee HIV/Eedsiitiif nama saaxilan ni ibsita.
- Dhiibbaa barmaatileen miidhaa geessisanii kanneen akka butii, dubara kittaanuu fi ilkaan tumuu fidan ni xiinxalta.
- HIV/Eedsiin daa'imman warra malee hambisuun daandiitti akka bahanii jiraataniif saaxiluu isaa ni ibsita.

Barmaatilee HIV/Eedsiitiin nama Saaxilan

Ummattoonni Itoophiyaa adeemsa jiruu-jirenyaa isaanii keessatti, barteeawan faayidaa qaban hedduu qabu. Kanneen keessaa kan akka daboodhaan (jigiidhaan) namoota dadhaboo yookiin dullooman, kannneen dhukkubsatanii fi ko'oommataniif mana ijaaruu, qotisa qotuu fi haamuun fakkeenyaa ijoodha.

Karaa biraatiin, barmaatileen miidhaa fidan fi dhibeewan adda addaa keessumattuu HIV/Eedsiitiin nama saaxilanis hawaasa Itoophiyaa keessa jiru. Kanneen keessaa isaan muraasni kanneen armaan gadiiti.

- Daa'imman huuba qoonqoo muruu.
- Daa'imman dhadhaa addaanoo (dheedhii) liqimsiisuu.
- Ilkaan tumachuu.
- Dubara kittaanuu.
- Dubara yeroo malee utuu umriin hin ga'iin heerumsiisuu.
- Dubara butuu.
- Saal-qunnamtii of eeggannoohin qabne raawwachuu.

Dhimmoota armaan olitti tarreeffaman irraa akkuma hubachuun danda'amutti, barmatileen arman olit tarreeffaman kunneen irra caalaa kan miidhaa qaqqabsiisan daa'immanii fi dubartoota irratti. Barmaatileen kunneen dhiibbaa hawaasummaa, dinagdee, siyaasaa fi xiinsammuu fidaa turan, fidaas jiru. Keessumattuu, naannoo baroota 1980 kaasee ummattoota biyyoota addunyaa keessumattuu biyyoota Afrikaa Sahaaraa gadii dhibeewwan kanneen akkka HIV/Eedsiitiin saaxiluun ummata miidhaa jiru.

Yeroo ammaa jirenya dhala namaa rakkoo keessa wantoota galchaa jiran keessaa innii guddaan HIV/Eedsiidha. Eedsiin dhukkuba vaayirasii HIV jedhamuun dhiiga nama faalamee irraa gara isa nagaatti daddarbuudha. HIV/Eedsiitiin dhukkuba daddarbaa hanga ammatti qorichi hin argamnee fi kan qaama namaa dadhabsiisuudhaan daandeettii ittisa dhibee qaamaa dadhabsiisuudhaan du'aaf nama saaxiluudha.

Karaalee HIV/Eedsiin ittiin daddarbu keessaa inni ijoon saalqunnamtii of eeggannoohin qabne. Kanneen biroo ammoo isaan armaan gadiiti:

- Lilmoor namni Eedsii yookiin vaayirasichaan faalame ittiin waraanameen namni nagaan yoo waraaname.
- Dhiigni nama HIV vaayirasii kanaan faalamee nama fayyaatiif yoo kennname.
- Meeshalee qara qaban kan namni vaayirasii HIVtiin faalame ittiin fayyadametti namni fayyaan yoo fayyadame.
- Rigaa ilkaanii (burushii) namni vaayirasichi keessa jiru ittiin rigateen namni fayyaan yoo fayyadme.

HIV/Eedsiin yeroo ammaa lubbuu namoota hedduu galaafachaa jira. Dhukkubni daddarbaan kun babal'achuun kallattii Addunyaa hunda akkasumas biyyootaa fi ardilee hunduma keessa tamsa'ee jira. Keessumaa ammoo biyyoota guddataa jiran kanneen akka biyyoota Afrikaa keessatti lubbuu namootara hedduu fixxa fi jirenya dhala namaa irratti dhiibbaa guddaa fidaa jira. Baay'achuu dhala namaa waliin babaldhachuun dhibee Eedsii rakkoo hawaasummaa, diinagdee, siyaasaa fi xiinsammuu maatii fi hawaasaa irratti uumuu erga jalqabee tureera. Magaalaadhaa hanga biyyoota dhiben kun keessatti babal'ate keessaa Itoophiyaan ishee tokko.

Tamsa'inni HIV/Eedsii miidhaa fi balaa dhaqqabsiisaa jiru keessaa muraasni kanneen armaan gaditti dhiyaataniidha:

- Namoota waa oomshuu danda'an fixuudhaan oomsha biyyaa duubatti harkisa. Fakkeenyaaaf, Eedsiin namoota umriin isaanii waa oomishuudhaan guddina biyyaatiif gumaachuu danda'an dargaggoota irratti baay'aachuu isaati.
- Beektota hojji sammuu hojjachuudhaan biyya jijiiruu danda'an heddu fixaa jira.

- Dhukkubni kun abbaa fi haadha yoo ajjeesu, daa'imman ni miidhamu. Daa'imman irraa haadhaa fi abbaa ajjeesuudhaan bakkeetti hambisaa jira. Daa'imman kunneen ammoo kan of-jiraachisan osoo hin ta'iin kan namoota biroo irratti irkataniidha. Ijoolleen kunniin abbaa fi haadha dhabuun ni bittinaa'u. Barumsa isaanis ittifufuu hin danda'an. Daa'imman akkasii kunneen balaa adda addaatiif saaxilamoodha. Rakkina irraa kan ka'e jirenyaa daandii irraatiif saaxilamu. Haalli kun guddina dhaloota bor biyya misoomsu ni gufachiisa.
- Walumaagalatti, dhukkubni kun rakkoo hawaasummaa, diinagdee, xiinsammuu fi duudhaa fidaa jira.

Dhibeen HIV/Eedsii akka Afrikaattis ta'e akka Itoophiyaatti to'achuun rakkoo guddaa uumera. Kunis hubannoona hawaasaa fi sadarkaan barnootaa gad aanaa waan ta'eef. Malli sab-qunnamtii ummataa babal'achuun dhabuun hubanno gaahaa tamsasuun akka hindanda'amne taasiseera.

Kanaafuu, diina dhala nama kan ta'e HIV/Eedsii kana irratti duuluun dirqama lammii hundaati. Babal'ina dhukkuba kana dhaabuu fi ittisuuf karaa inni ittiin daddarbu beekuun barbaachisaadha. Karaa daddarba isaa eega beekaniin boodaa dhukkubichaan akka hin faalamne of eeggannoo gochuun itti gaafatamummaa ofii ba'uudha.

Miidhaa dhibeen HIV-Eedsii nama dhuunfaas ta'ee maatii fi hawaasaa irratti geessisu irratti hubanno argachuun dhibee kana irraa of eeguun barbaachisaadha.

Hubanno kana cimsachuuf tooftalee armaan gadiitti fayyadamuun barbaachisaadha. Tooftaleen kunneenis:

- Miidhaa dhibeen kun naannoo jirenyaa keessatti geessisu hubachuu fakkeinyaaf baay'ina namoota dhibee kanaan qabamanii hubachuu fi baay'ina namoota dhibee kanaan du'an maatii yookiin daa'imman isaanii irra rakkoon gahee hubachuu.
- Gumiwwan HIV-Eedsii irratti hojjatan keessatti hirmaachuu.
- Barreeffamoota waa'ee HIV-Eedsii irratti qophaa'an dubbisuu.
- Dhimma kana ilaachise sagantaalee sab-qunnamtiilee adda addaatiin tamsa'an hordofuu.
- Dhaabbilee eegumsa fayyaa fi waa'ee HIV-Eedsii irratti hojjatan wajjin qunnamtii gochuun hubanno ofii cimsachuudha.

Haaluma wal-fakkatuun dhibee HIV-Eedsii irraa of eeguuf ammoo tooftalee armaan gadiitti fayyadamuun barbaachisaadha. Tooftaleen kunneen ammoo:

- Meeshaalee qaraa nama muruu fi waraanuu danda'an kanneen namni biraatii fayyadametti fayyadamuu dhiisuu.
- Dhiiga vaayirasii HIV irraa walaba hin taane fudhachuu dhiisuu.
- Umrii gaa'elaa (fudhaa fi heerumaa) dura saal-qunnamtii raawwachuu irraa of eeguu. Gaa'ela boodas wal-amaniun jiraachuu.
- Ilaalcha namootaa carraa argametti fayyadamuun jijiruuf carraaqqii gochuu.
- Karaalee dhukkubni kun daddarbu hawaasa hubachiisuun akka of-eeggatan taasisuu.
- Sirna-barnootaa keessatti waa'ee HIV/Eedsii galchuun akka baratamu taasisuu.
- Namoota HIV/Eedsii wajjin jiraatan ofitti qabuun kunuunsuu fi isaan wajjin qunnamtii hawaasummaa gaarii horachuudha.

Dimshaashumtti, akkuma beekamu, lammileen qabeenya guddaa biyyati waan ta'aniif ogummaadhaan of misoomsanii bu'aa buusuun irraa eeggama. Barachuudhaafis ta'e oomishanii biyya guddisuuf duraan dursee fayya-qabeessa ta'uun murteessaadha. Sababni isaas fayyaan jiraat malee barachuu fi barsiisuun akkasumas misooma biyyaa irratti bobba'anii hirmaachuun hin jiru waan ta'eef.

Fayyaan dhabamnaan guddinaa fi dagaagina biyyaa irratti gumaacha gochuun hindanda'amu, Kana jechuun ammoo warreen dhukkubaaf saaxilaman jijirama biyyaatiif gumaacha barbaachisaa gochuu hindanda'an jechuudha.

Kanaafuu, fayyaan ofii kan itti qoosan osoo hinta'iin kan xiyyeffannaadhaan eeggataniidha. Egaa sababa kanaaf Oromooy yeroo mammaaku "Fayyaan Tapha Seetee Qayyaan Laga Ceete" kan jedhuuf.

Dhukkuba HIV/Eedsii isa saffisa guddaadhaan addunyaa irra tamsa'aa jiru kana ittisuuf murtee ejjannoo qabu fudhachuun barbaachisaadha. Karaalee inni ittiin daddarbu beekuudhaan rakkoo kana irraa of eeguun Eedsii ittisuun itti gaafatamummaa ba'uu keessaa isa tokkodha.



Fakkii 4.1. Dhiibba HIV-Eedsii irratti Marii Hawaasa

GILGAALA 4.1

Gaaffiilee gaggabaabaa

1. Naannoo keessanitti barmaatileen miidhaa fidan maal fa'i?
2. Barmaatileen miidhaa fidan Itoophiyaa keessa baay'inaan dhiiramoo dubartoota irratti hammaatu? Maaliif?
3. Barmaatileen miidhaa fidan akkamitti HIV/Eedsiif nama saaxilu?

4. HIV/Eedsiin maali? Karaalee inni ittiin nama irraa gara namaatti daddarbu tarreessi.
5. Ati tamsa'ina HIV/Eedsii ittisuuf carraaqqii attamii goota?
6. Dhiibbaan HIV/Eedsiin barnoota irratti qabu maal fa'i?

4.2. DHIIBBAAWWAN SAFFISAAN GUDDACHUU LAKKOOFSA UMMATAATIIN DHUFAN

Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura barnoota mata duree kanaa booda:

- Saffisaan guddachuun lakkoofsa ummata Itoophiyaa hanqina lafa qonnaa fi tajaajila hawaasummaa kan geessisu ta'uu isaa ni ibsita

Ummata jechuun tuuta namootaa kan naannoo murtaawaa tokko keessa jiraatan jechuudha. Guddina baay'ina ummataa jechuun ammoo lakkofsaan dabalaan adeemuu ummataa nannoo tokkoo jechuudha. Karaa biraatiin yoo ibsamu ammoo, hanga lakkofsi ummataa naannoo (biyya) tokkoo bara baraan ida'aa adeemu jechuudha.

Dimshaashumatti, ummanni addunyaa gaafa lafa kana irratti argamee wal-horuu jalqabe irraa kaasee bara baraan dabalaan dhufuun bara ammaa kana ga'eera. Addunyaa marattis baay'inni ummataa walqixxee faca'ee hin argamu. Ummanni naannoo tokko tokkoo saffisaan baay'achaa adeema. Naannoo biraatti ammoo suutaan suutaan baay'achaa adeema.

Akkuma biyyoota guddataa jiran kanneen biroo, Itoophiyaa keessatti keessumattuu baadiyyaatti dubartootni utuu umriin hin ga'iin heerumsiifamu. Gaafa umrii waggaa kudha shanii yookin kudha jahaatii eegalaniif ee eggannoo malee hanga gaafa dulloomanii da'uu dhiisaniitti ijoollee baay'ee horatu. Barumsa yookiin beekumsa da'uumsa ittisuunisaan dandeessisus hin qaban waan ta'eef umrii itti da'uu danda'an guutuu ijoollee baay'ee horatu. Ijoolleen kennaa Waaqaati jechuudhaan maatiin tokko tokko umrii isaanii guutuu daa'imman baay'ee qabeenyi isaanii guddisuu hin dandeenye horatu. Kun ammoo lakkofsi ummataa biyyoota guddachaa jiran kanneen akka Itoophiyaa yeroo gabaabaa keessatti (waggoota 30 gaditti) akka dachaan dabalu taasisa. Kana jechuun baay'inaan dhalachuun daa'immanii saffisaan guddachuu lakkofsa ummataa fida. Kanaafuu, jijirama baay'ina ummata tokkoo ol aantumman kan murteessu hamma dhalatuudha.

Karaa biraatiin ammoo, jaarraa 19^{ffa} kaasee fooyya'iinsa teekinoolojii eegumsa fayyaa irraa kan ka'e duuti akkuma addunyaatti hirdhachaa dhufeera. Biyyoota guddachaa jiran keessatti baay'inni ummataa saffisaan dabalaan yoo dhufu, guddinni diinagdee ammoo baay'ee duubbatti hafeera.

Dhiibbaalee saffisaan baay'achuuun lakkofsa ummataa nageenya maatii, lafa qonnaa fi qabeenyaa uumamaa, tajaajila hawaasummaa fi diingdee waliigalaa irratti geessisu akka armaan gadiitti ilaalamu.

Nageenya Maatii Irratti Rakkoo Uumamu

Maatii tokko keessatti daa'imman baay'een wal irratti yoo dhalatan lakkofsi maatii ni baay'ata. Ijoollee baay'ee qabeenyi ofii sirnaan guddisuu hindandeenye horachun ammoo rakkoo bara baraan keessaa bahuu hin dandeenye keessa nama seensisa. Maatii lakkofsi miseensotaa baay'ate qabeenyi jiru jiraachisuu hin danda'u. Hunda dura nyaanni, uffannaanii fi dahannoon sirnaan walgahuu hin danda'u.

Bakka midhaan nyaataan ummanni of hin dandeenyetti ijoollee baay'ee horachuun beelaa fi dhibee adda addaatiif nama saaxila. Namoonni beela'anii fi dhukkubsatan ammoo hojjachuu hin danda'an. Jaalalli maatii keessaas laafaa ta'a. Abbaa fi haatis dhiphina yaad-qalbii cimaa keessa galu. Kunis abbaa fi haati daa'imman isaanii akka sirnaan to'atanii hin guddifne taasisa. Daa'imman kunniinis haala gaariin guddatanii gahee isaan irraa eegamu bahuu hin danda'an. Garuu, osoo hin jaalatiin beela, dheebuu, iyyummaa, dhibee fi wallaalummaa bara baraan keessaa bahuu hin dandeenye keessa galu. Nyaata madaalamaa, uffata gahaa hin arganee fi sirnaan barumsa isaanii akka hin hordofne ta'u. Ijoolleen haala kanaan guddatanis qaamanis ta'ee sammuun dadhaboo ta'u. Lammii guddinaa fi dagaagina biyyaatiif yaadu ta'uu hin danda'an jechuudha. Kun ammoo miseensa maatii tokkoo qofa irratti osoo hin ta'iin hunda irratti miidhaa fida jechuudha.

Kana malees, haadholeen daa'imman baay'ee itti fufanii dahan dhiigni baay'een da'umsa irratti waan dhangala'uuf dhibee fi du'aaf saaxilamu. Daa'imman yeroo gabaabaa keessatti wal irratti dhalatani harma haadhaa gahaa fi kunuunsa argachuu waan hindandeenyeef qaamaan dadhaboo fi dhibamoo ta'anii hafu.

Umrii wagga tokkoo gaditti baay'een isaanii akka du'an taasisa. Warri hafanii guddatanis umrii dheeraa hin jiraatan.

Garuu, abbaa fi haati maatii tokkoo daa'imman horatan sirnaan kunuunsanii guddisanii bakka gaarii akka gahaniif fedhu. Fedha kana bakkaan gahachuu fi umrii dheeraa jiraachuun kan danda'amu warri tokko daa'imman qabeenyi isaanii haalaan guddisuuufii danda'u yoo horatan qofa.

Kaayyoo kana ammoo bakkaan ga'uuf duraan dursanii ijoollee dubaraa doofummaan dafanii heerumsiisuu irra barsiisuudha. Dubartoonni baratan ammoo yoo heerumanillee karooraan hanga guddisuu danada'an waan dahaniif ijoollee baay'ee akka qabeenyaaatti ilaaluun hin horatan. Mala ammayyaa da'umsa ittiin ittisuun danda'amu, kanneen adda addaatti fayyadamuun da'umsa barbaachisaa hin taane ittisu malee ijoollee baay'isaanii rakkinaaf of hin saaxilan. Da'umsa ittisu jechuun ammoo lakkofsi maatii tokkoos ta'ee baay'inni ummata biyyaa gara malee saffisaan guddachaa hin adeemuu jechuudha.

Hanqina Lafa Qotiisaa

Biyyoota guddataa jiran keessatti jirenyi dhuunfaas ta'ee galii mootummaa oomisha qonaa irratti bu'uureffata. Callaan qonaa ammoo babaldhinaa fi gabbina biyyee lafa qotamuu irratti hundaa'a. Saffisaan baay'achuu lakkofsa ummataa wajjin fedhiin lafa qotiisaa argachuu namootaa bara bараан jirenya isaanii hundeessanii dabalaati adeema. Garuu, lafti qotiisaa biyyattiin qabdu kan duraan jiru malee bara bараан babal'achuu hindanda'u. Namoota haaraa gara jirenya ofii gaggeessuutti seenaniif bara bараан qoqqooduun lafa qotiisaa xiqlaachaa deemuu fi boqonaa malee qotamuu lafaa fida.

Akkasumas lafa qonaa haaraa argachuuf jecha biqiltoota uumamaa muruu fi gubuun manca'iinsa bosona fidaa jira. Bosona irraa mancaasuu fi lafa boqonaa malee qotuun akka biyyeen lolaa fi bubbeen irraa haramee gabbina dhabuu fi qilleensi baramaan akka faalamu yookiin madaalliin uumamaa akka jeeqamu godha. Bineensonni bosonaas akka godaan dirqisiisa. Xiqqaachaa deemuu baldhina lafa qonaa gabbina dhabuu biyyee wajjin walitti ida'amee oomishinni bara bараан kennuu danda'au gad bu'a. Baay'achaa dhufuu isaa irraa kan ka'e ummanni wanneen madda nyaataa ta'an kanneen qaama bishaanii keessatti argaman kan akka qurxummii mancasaa jira.

Dhiibbaan gochaawan armaan olii sadarkaa nam-tokkeetti akka midhaan nyaataan of hin dandeenyi sadarkaa mootummaatti akka ashuraan gahaan funaanamee babaldhina tajaajila hawaasummaaf hin oollee fi sharafni biyyoota alaa irraa akka hin argamne taasisa.

Hanqina Tajaajiloota Hawaasummaa

Wantoota tajaajila hawaasummaa jedhamanii beekaman keessaa kanneen akka dhaabbilee eegumsa fayyaa, manneen barnootaa, bishaan qulqulluu, ibsaa, geejjibaa fi tajaajila sab-qunnamtii fa'aadha. Akkuma lakkofsi ummataa dabalaat adeemu tajaajilooni kunniinis babaldhachaa adeemuun barbaachisaadha. Haa ta'u malee, biyyoota guddina dinagdeetiin duubatti hafan keessatti dhabiinsa maallaqaatiin kan ka'e durumaanuu tajaajilooni hawaasummaa babaldhatanii hin jiran. Biyyoota

akka Itoophiyaa maatiin tokko jiddu galeessaan daa'imman saddeeti qabu keessatti lakkooftsi ummata hirkatoo haala malee dabalaa waan adeemuf tajaalonni kunniin saffisa ummata wajjin walgituu hin dandeenye.

Fakkeenyaaaf, biyyoota guddina dinagdeetiin duubbatti hafan keessatti manneen yaalaa kan akka kiliniikaa, dhaabbata fayyaa, buufata fayyaa fi hospitaalaa bakka hundatti hin argaman. Dhiyeessi qorichaa fi leenjiin ogeessota fayyaas fedhii ummataatiin wal-hin gitan. Mootummanis kan ummanni fedhe akka barbaadametti dhiheessuuf hin danda'u. Rakkooleen kunniin biyyoota guddachaa jiran hedduu keessatti haa mul'atan malee, Itoophiyaa keessatti yero ammaa furmaata argachaa jiran.



Fakkii 4.2. Ijoolleen yeroo teessoo malee baratan

Rakkina Guddina Dinagdee irratti Waliigalaan Muldhatu

Guddinni diinagdee biyya tokkoo sadarkaa qaroomaa fi oomishummaa wajjin adeema. Dinagdeen biyya tokkoo guddachuu kan danda'u yoo ummanni biyya sanaa ofdanda'ee maallaqa hafaa qabaatee kuufachuu danda'e. Biyyoota guddataa jiran keessatti guddinni saayinsii fi teekinooloojii baay'ee duubatti hafaadha. Jirenyi ummataas hojii qonaa irratti kan hundaa'ee fi hojiin qonaa kunis mala aadaatiin meeshaalee duubatti hafoo fi haala qilleensaa irratti hundaa'ee adeemsifama. Kanaafuu, oomishinni oomishamu nyaataa gahaa fi callaa hafaa jirenya ummataa fooyyeessuuf barbaachisu kan argamsiisu miti. Biyyoonni guddachaa jiran kenne warshaanis duubatti hafoodha.

Biyyoota guddachaa jiran keessatti daa'imman baay'ee horachuun aadaa ta'ee muldhata. Daa'imman baay'ee horachuun hirkatummaa waan baay'isuuf guddinni dinagdee akka hin daballee yookiin kan jiru akka gad adeemu taasisa. Hammuma baay'inni ummataa dabalaa adeemu, haalli jirenyaa gad bu'aa adeemuun hiyyummaa babaldhiseera. Biyya tokko keessatti ijoolleen baay'atan jechuun namootni hojjatanii of jiraachisuu hin dandeenye baay'atan jechuudha. Biyya akkanaa keessatti namni hojjatu tokko namoota baay'ee danda'anii hin hojjanne nyaachisa. Kunis deebi'ee namicha hojjatu sana hiyyummaa bara baraan keessaa hin baane keessatti akka hafu godha. Biyyoota guddachaa jiran kanneen keessatti namoota hojjatanii of-danda'an osoo hin ta'iin hirkattootatu keessumattu ijoollee wagga 15 gadiitu baay'ata. Hirkatummaan waan baay'atuuf ammoo hatootummaan (oomishummaan) baay'ee xiqqaadha. Xiqqeenyi hatootummaa kun qusannaq xiqqaa uumuun investimenti xiqqeessa. Investimentiin xiqqaan guddina dinagdee duubatti hambisuun hiyyummaa marmaartuu uuma. Haalli kun dimshaashumatti hojii dhabummaan akka baay'atu, gatiin mi'oota barbaachisoo akka guddatu, bakki mana iitti ijaarratanii fi manni jirenyaa akka mi'aawu, bishaanii fi qilleensi qulqulluun akka dhabamu taasisa.

GILGAALA 4.2

Gaaffilee gaggabaabaa

1. Barattoota mana barnootaa keessan keessatti bara kana galmaa'an kanneen waggaa kudhaniin dura galmaa'an wajjin garaagarummaa qaban ibsaa. Babaldhina dareewwan barnootaa wajjinis walmadalchisaa. Haalli kun ammoo mana barnoota irratti dhiibbaa inni fidu irratti mari'achuun gabaasa barreessa.

2. Maatii yookiin namoota biroo gaafachuu sababoota gurguddoo hanqina tajaajila hawaasummaa fidan barreessaatii dareetti dhiyeessaa.
3. Dhiibba saffisaan baay'achuun lakkoofsa ummataa lafa dheedichaa irratti fidu ibsaa.

4.3. BULCHIINSA GAARII, MIRGOOTA DAA'IMMANII FI NAGEENYAA

A. Bulchiinsa Gaarii

Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura barnoota mata duree kanaa booda:

- Seeronnii fi danbiwwan manneen barnoota akeeka barbaadamuun galmaan ga'uuf kan ba'an ta'uu isaanii addaan baasuun ni ibsita.
- Ibsitota bulchiinsa gaarii ni ibsita.
- Hiikkaa itti gaafatamummaa, iftoominaa, seera kabajuu fi malaamaltummaa irraa bilisa ta'uu addaan ni baafta.

Bulchinsi gaariin akkataa itti jaarmiyaaleen hawaasummaa dhimmoota hawaasummaa haala si'ataan raawwachiisanii fi qabeenya hawaasaa haala haya-qabeessa ta'een fayyadamanii fi mirgoota namummaa kabachiisuun hoggananiidha. Yaadonni kunneen akka hawaasa siivilii aangoo hiruu yookiin diriirsuu, walitti bu'iinsa karaa nagaan furuu fi itti gaafatamummaa ibsuuf yeroo baay'ee faayidaa irra oolu. Yeroo baay'ee xiyyeffannaan bulchiinsa gaariif kenuun dimookiraasii jajjabeessudha.

Biyyoota baay'ee keessatti jarmiyaalee sadii tu bulchiinsa gaari jajjabeessuuf qindaa'u. Isaanis mootummaa, seektara dhuunfaa fi dhaabbilee siiviliiti. Dhaabbatni Maallaqa Addunyaa bara 1996tti bulchiinsa gaarii jajjabeessuun dingade biyyaa cimsuuf, olaantummaa seeraa kabachiisuun, itti gaafatammummaa fi gahumsa seektara ummataa fooyeesuu fi malammaltummaa irratti duuluun murteessoo akka ta'an labse. Dhaabbanni kun malaammaltummaan dinagdee keessatti mul'atu kan maddu gahumsa dhabuu bulchiinsa gaarii irraa akka ta'e ibsa. Gahumsa dhabuun kunis sirriitti to'achuu dhiisuu ta'uu danda'a.

Dhaabbanni Mootummoota Walta'anii ammoo bulchiinsi gaariin dhufuu kan danda'u misooma namaa fi haaromsa jaarmiyaa siyaasaa irratti xiyyefachuun akka ta'e hubachiisa. Dhaabbanni kun bulchiinsi gaariin amaloota yookiin ibsitoota saddeeti akka qabu ibsa. Ibsitooni kunneen armaan gadiiti:

- Bulchiinsi gaariin kan *waliigaltee biyyooleessa irratti* hundaa'eedha.
- Bulchiinsi gaariin *hirmaachisaadha*.
- Bulchiinsi gaariin *olaantummaa seeraa/seeraan* buluu kabachiisa.
- Bulchiinsi gaariin kan *gahumsa qabuu fi hojii irra ooluu* danda'uudha.
- Bulchiinsi gaariin *itti gaafatamuummaan* kan keessatti callaqqisuudha.
- Bulchiinsi gaariin kan *iftoominni* keessatti mul'atuudha.
- Bulchiinsi gaariin gaaffiin ummataa furmaataa fi *deebii gaarii* kan itti argatuudha.
- Bulchiinsi gaariin kan *walqixxummaan na ilaallataan* lammilee keessatti calaqqisuudha.

Baankiin Addunyaa bulchiinsa gaarii mirkaneessuuf haaromsa diinagdee fi to'annaa qabeenya hawaasaa irratti xiyyefatamuu qaba jechuun ibsa. Bara 1992, baankichi amala bulchiinsa biyyooleessa irratti jijiirama cimaa fidu kan jedhu dhimmoota hawaasummaa sadii ibseera. Dhimmootni kunneenis akkaakuu bulchiinsaa biyya isaanii, aangoo bulchiinsa misooma diinagdee fi qabeenyota hawaasaa akkasumas dandeettii imaammata baasuuu fi hojii irra oolchuu mootummootaati.

B. Mirgoota Daa'immanii

Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura barnoota mata duree kanaa booda:

- Labsiwwan addunyaa keessatti daa'imman ilaalchisanii ba'an mirgoota daa'immanii eegsisuu isaanii ni ibsita.
- Mirgoota bu'uuraa akka daa'imaatti qabdu ni himta.

Akka seera Dhaabbata Mootummoota Wal-ta'aniitti daa'imman kan jedhaman ijoollee umriin isaanii waggaa 18 gad ta'eedha. Ijoolleen akkasii kunneen qaamaan lallaafuu sammuinis kan hin bilchaanne waan ta'aniif, kunuunsa, eegumsa, tajaajilaa fi xiyyeffanna guddaa maatii yookiin guddistoota isaanii irraa isaan barbaachisa. Ijoollee akkasii to'annaa maatii irraa walaba taasisuun baay'ee rakkisaadha. Seera addunyaa kami keessattuu ijoolleen akkasii dhimma isaanii ofii isaanii qofa murteeffachuuf aangoo hinqaban. Kanaafuu, dhimmoota isaanii irra caalaan kan murteessan maatii, barsiisotaa fi hojjattoota hawaasaa fa'a.

Haa ta'u malee, ijoolleen akka daa'imaniitti mirgoota isaaniif eegamu qaban qabu. Mirgooni kunneen mirgoota namummaa daa'immanii kanneen xiyyeffanna adda ta'een ijolleef eegumsa addaa taasisaniidha. Gumiin Mirgoota Daa'imman Dhaabbata Mootummoota Walta'anii bara 1989 (The United Nations 1989 Convention on the Rights of Child/CRC), mirgoota daa'immanii akka armaan gadiitti tarreesesse:

- mirga lubbuun jiraachu.
- mirga wantoota jirenyaaaf barbaachisoo ta'an (nyaata, uffataa fi dahannoo) argachu.
- mirga maatii yookiin guddistoota isaanii beekuu fi isaaniinis kunuunfamuu.
- mirga barachuu fi kunuunsa fayyaa argachu.
- mirga maqaa fi lammummaa argachu.

- mirga hojiwwan humnaa olii fi miidhaa fidan irraa eegamuu.
- mirga adabbii cimaa fi namummaa isaanii sarbu irraa bilisa ta'uu fa'a.

C. Balaa fi of eeggannoo Taasifamu

Ga'umsa barachuu isa xiqqa

Xumura barnoota mata duree kanaa booda:

- Wantoota naannoo keetti balaa fidan addaan ni baafatta,
- Dambiwwan nageenya eegsisan ni ibsita, ni barreessita,
- Namoonni biroon attamiin balaa irraa akka of eegan ni ibsita.

Daandii

Balaawwan daandii irratti nama qunnaman maal fa'a akka ta'an beektaa?

Daandii irra kan deemu nama qofa osoo hin taane konkolaataa fi gaariin fardaan yookiin harreen harkifamu ni dabalata. Daa'imman yeroo daandii irra deeman of eeggatanii karaa sirrii ta'e irra yoo deeman malee konkolaataa fi fardeen yookiin harreewan gaarii harkisaniin balaan irra gahuu danda'a. Yeroo daandii konkolaataa irra deeman kallattii harka bitaa qabatanii deemuu qabu.

Konkolaataan kallattii harka mirgaa qabatee deema waan ta'eef inni karaa isaan duubaa dhufu gama irra waan darbuuf balaa irraan gahuu hin danda'u. Isa karaa fuula duraan itti dhufu ammoo irraa goruu ni danda'u. Kanaafuu, kallattii harka bitaa qabatanii deemuu balaa konkolaataa irraa isaan ni baraara.

Bineeldota Midhaa Geessisan

Daa'imman osoo hin beekin bineeldota adda addaatiin miidhamuu ni danda'u. Sareewwaniin cininamuu, looniin waraanamuu fi harreen dhiitamuu ni danda'u. Halkan yoo deeman bineensota adda addaatiin nyaatamuu ni danda'u.

Kanaafuu, bineeldota miidhaa isaan irra geessisuu danda'an irraa of eeguun baay'ee barbaachisaadha. Balaan bineeldotaan daa'imman irra gahu hanga du'aatti geessisuu danda'a. Balaawwan kanneen irraa of eeguuf bineeldota waliin akka argan taphachuun hin barbaachisu.

Lolaa fi Ibidda

Daa'iimman balaawwan tasa ga'aniin miidhamuu ni danda'u. Qarqara lagaatti osoo taphatanii lolaan akka tasaa irra ba'uun fuudhee deemuu danda'a. Ibiddi akka tasaa mana keessaa fi naannoo isaan itti taphachaa jiranii ka'u osoo isaan hin beekin miidhaa irraan gahuu danda'a. Kanaafuu, daa'imman naannoo yeroo baayyee lolaan irra lola'uu fi wantoota ibidda kaasuu danda'an kanneen akka elektirikaa fa'a irraa of eegu qabu. Balaan karaa lamaanuu dhufu hanga lubbuu balleessutti waan geessuuf of eeggachuun gaarii dha.

GILGAALA 4.3

Gaaffiilee gaggabaabaa

1. Seera ittiin bulmaataa (dambiiwwan) daariikateroonni, barsiisotnii fi barattoonni manneen barnootaa ittiin bulan irratti mari'adhaatii gabaasa dhiyessaa.
2. Manneen barnootaa keessatti mirgoottaa fi dirqamoota keessan tarreessaa.
3. Dhaabbileen naannoo keessan jiran kanneen akka poolisii, bulchiinsa gandaa fi aanaa akkamiin akka gurmaa'an irratti mari'adhaa.
4. Mirgoota daa'immanii irratti waliigalteewwan addunyaa jiran hanga beektan barreessaa.

5. Mirgoota bu'uuraa daa'immanii ibsaa.
6. Ittigaafatamummaa isaanis tarreessaa.
7. Barmaatilee miidhaa daa'imman irratti geessisan tarreessaa.
8. Mirgoota Daa'immanii ilaachisee akka Heera Itiyoophiya bara 1995tti bahe tarreessaa.
9. Balaan daandii irratti daa'imman qunnamuu danda'an maal fa'a?
10. Miidhaa bineeldonni daa'imman irraan ga'an barreessi.
11. Daa'imman attamiin balaa lolaa fi ibiddaa irraa of eeguu danda'u?

Cuunfaa

Barmaatilee miidhaa fidanii fi dhibeewan adda addaa keessumattuu HIV/Eedsiitiif hawaasa Itoophiyaa saaxilan keessaa muraasni boqonnaa kana keessatti eeramaniiru. Daa'imman warra malee hafuu fi jireenyi daandii irraa dhiibbaa HIV/Eedsiitiin dhufan ta'uun isaaniis boqonnaa kana keessatti xiinxalmeera.

Dhiibbaaleen saffisaan baay'achuuun lakkofsa ummataa nageenya maatii, lafa qonnaa fi qabeenya uumamaa akkasunias, tajaajila hawaasummaa fi dingdee waliigalaa irratti geessius baldhinaan boqonnaa kana keessatti ibsamaniiru. Keessumattuu, biyyoota guddachaa jiran keessatti baay'inni ummataa saffisaan guddachaa yoo deemu haalli guddina dinagdee ammoo haala wal gituu danda'uun adeemaa hin jiru.

Bulchiinsi gaariin akkaataa itti jaarmiyaaleen hawaasummaa dhimmoota hawaasummaa haala si'ataan raawwachiisan, qabeenya hawaasaatti haala haya-qabeessa ta'een faayyadamanii fi mirgoota namummaa kabajanii kabachiisaniif fayyada. Kana malees, boqonnaa kana keessatti ibsitootni bulchiinsa gaarii tarreffamaniru.

Labsiwwan addunyaa keessatti daa'imman ilaachisanii bahan mirgoota daa'immanii eegsisuu isaanii fi daa'imaan mirgoota bu'uuraa qabaachuun isaanii boqonnaa kana keessatti ibsamaniiru. Mirgoota daa'immanii kanneen Itoophiyaan fudhachuudhaan heeraa fi seerota ishee keessatti raggasifatteetti.

Daa'iimmaan balaawwan adda addaaf saaxilamu ni danda'u. Balaawwan isaan miidhuu danda'an kanneen akka balaa konkolaataa, bineeldotaan ciniinamu fi waraanamu akkasumas, balaawwan lolaan fudhatamu fi ibiddaan gubamu dha.

GAAFFILEE XUMURA BOQONNAA 4

Kutaa I: Yoo himoonni armaan gadii sirrii ta'an Dhugaa yoo dogoggora ta'an ammoo Soba barressuun deebii kenni.

1. Daboon hojjachuun barmaatilee miidhaa fidan keessaa tokkoo fi isa ijoodha.
2. Addunyaa maratti baay'inni ummataa walqixa faca'ee argama.
3. Bulchiinsi gaariin mootummaa dimookiraatawaa jajjabeessuu keessatti shoora qaba.
4. Seera addunyaa hunda keessattuu daa'imman dhimma isaanii ofii isaanii qofaan murteeffachuuf aangoo qabu.
5. Baadiyyaa Itoophiyaa keessatti ijooleen dubraa wagga 21 gaditti hin heerumsiifaman.

Kutaa II: Yaadota gama "A" jala jiran kanneen "B" jala jiraniin walitti firoomsi.

- | A | B |
|--------------------------------|-----------------------------|
| 1. Gaa'ela dirqii | A. koobbachuu |
| 2. Dubara kittaanuu | B. butii |
| 3. Dhadhaa dheedhii liqimsisuu | C. ichima |
| 4. Foon ilkaanii | D. addaanuu liqimsiisuu |
| 5. Daadee | E. irgaa |
| | F. dirinyii |
| | G. dhaqna qabaa shamarranii |

Kutaa III: Gaaffiwwaan armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Kanneen armaan gadii keessaa, karaan HIV/Eedsii ittiin hin daddarbin kam?
 - A. Saalqunnamti daangaa hin qabne namni vaayirasichaan faalame kan hin faalamne wajjin taasisuun.
 - B. Dhiiga vaayirasii kanaan faalame arjoomamuun.
 - C. Meeshalee qara qaban kan vaayirasichaan faalamaniin fayyadamuu.
 - D. Rigaa ilkaanii vaayirasichaan faalmeen rigachuun.
 - E. Nama vaayirasichaan qabame wajjin nyaachuun.
2. Kanneen armaan gadii keessaa, rakkoo Itoophiyaa kan hin taane isa kam?
 - A. Baay'ina hirkattummaa
 - B. Xinneensa daa'imman dhalatanii
 - C. Xinneenna namoota oomishanii
 - D. Saffisaan baay'achuu ummataa
 - E. deebiin hin kennamne
3. Hubannoo dhimma HIV/Eedsii irratti cimsachuuf tooftaan hinfayyadne
 - A. Miidhaa dhibeen kun naannoo jireenyaa keessatti geessisu hubachu
 - B. Barreffamoota waa'ee HIV-Eedsii irratti qophaa'an dubbisuu.

- C. Nnamoota vaayirasichaan qabaman qoollifachuu.
- D. Dhimma kana ilaalcissee sagantaalee dhaabbilee fi sab-qunnamtiilee adda addaatiin tamsa'an hordofuu.
- E. Gumiwwan HIV-Eedsii irratti hojjatan keessatti hirmaachuu.
4. Kaayyoon imaammata dhimma ummataa biyyoota guddataa jiranii
- A. Guddinni dinagdee fi baay'inni lakkofsa ummataa akka wal-gitu taasisuu.
 - B. Baay'ina daa'imman bara baraan dhalatanii haalaan hirdhisuu irratti xiyyeffachuu.
 - C. Guddinni diinagdee baay'ina lakkofsa ummataa akka dursuu taasisuu.
 - D. Dubartootni osoo hin heerumiin hanga wagga 40tti akka turan taasisuu.
 - E. Hunduu deebiidha
5. Guddina lakkofsa ummataatiin kan ka'e dhiibbaan qabeenya uummamaa naannoo irratti hin geenye kanneen armaan gadii keessaa isa kam?
- A. Hiridhinaa fi gabbina dhabuu lafa qonnaa
 - B. Jijiirama qilleensaa
 - C. Babaldhina gammoojji
 - D. Hunduu deebiidha
 - E. Deebiin hin jiru

Kutaa IV: Bakkeewwan duwwaa armaan gadii irratti jecha yookiin yaada sirrii ta'e guuti.

1. Gumiin Mirgoota Daa'immanii Dhaabbata Mootummoota Wai Ta'anii kan mirgoota daa'immanii tarreesse bara _____ dha.
2. Akka seera Dhaabbata Mootummoota Wal-ta'aniitti daa'imman kan jedhaman ijoollee umriin isaanii wagga _____ gadi ta'eedha.
3. Bara _____ Baankiiin Addunyaa amala bulchiinsa biyyooleessa irratti Jijiirama cimaa fidu kan jedhu dhimmoota hawaasummaa sadii eereera.
4. Biyyoota guddataa jiranitti hirkattummaan waan baay'atuuf _____ n baay'ee xiqqaadha.
5. Jarmiyaalee sadan bulchiinsa gaarii jajjabeessuuf qindaa'an _____, fi _____ dha.